مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# ابن تيمية

## وإسلامية المعرفة

طه جابر العلواني

# IBNU TEEYMIYAA FI BEEKKUMSA ISLAAMESSUU


Qopheessaan:
Xaahaa jaabir Al-Alwaanii



Hiikaan:
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# ابن تيمية وإسلامية المعرفة
## د. طه جابر العلواني

# Ibnu Teeymiyaa Fi Beekkumsa Islaamessuu

# Qopheessaan:


Xaah Jaabir Al-Alwaanii


**Hiikaan:**

Dhaabbata Daar-Alfikir


*Mirgi maxxansaa dhaabbata Daar-Alfikiriitiif seeraan eeggamaadha*



Finfinnee, Itiyoophiyaa 2018 **G.C**

**DF-E-TrBs-18/39**

## *Maqaa Rabbii Guddaa Tola Oolaa fi Gara Laafaa Ta'eetiin Jalqabna*

*Faaruun Kan Rabbii waan hunda uumeeti.Tollinni fi nageenyi Rabbii ergamaa xumura nabiyyootaa fi ergamtootaa ta'e Muhammadiin irratti haa jiraatu.*

### *Maqaa Rabbii Guddaa Tola Oolaa fi Gara Laafaa Ta'eetiin Jalqabna*

﴿ ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ١ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ٢ ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ٣ ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ ٤ عَلَّمَ
ٱلۡإِنسَٰنَ مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ ٥ ﴾العلق: ١ - ٥

*Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi. Kan ilma namaa dhiiga ititaa (wal-qabataa) irraa uume. Dubbisi Rabbiin kee arjaadha. Kanqalamaan (barreessuu) nama barsiise. Kan ilma namaa waan inni hinbeekne barsiise san. (Al-Alaq: 1-5)*

﴿ وَٱللَّهُ أَخۡرَجَكُم مِّنۢ بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمۡ لَا تَعۡلَمُونَ شَيۡـٔٗا وَجَعَلَ لَكُمُ ٱلسَّمۡعَ وَٱلۡأَبۡصَٰرَ
وَٱلۡأَفۡـِٔدَةَ لَعَلَّكُمۡ تَشۡكُرُونَ ٧٨ ﴾النحل: ٧٨

*IsiniiwaantokkohinbeekneRabbiingaraahaadhakeessaniikeessaa isinbaase.Akkaisingalatoomfattaniifdhageettii (gurra), argaa (ija) fi onnee (qalbii) isiniifkenne. (Al-Nahil: 78)*

**MaxxansaTokkoffaa**
**1440H / 2019 A.L.A**

*Kitaabbanii fi Qorannooleen Dhaabbanni Kun Raabsu, Ilaalchaa fi Carraaqqii Warroota Qopheessanii Ibsiti*

**Baafata**

Dursa…………………………………………………………6
Ibnu Teeymiyyaa fi Adeemsa Isaanii................................18
Burjaaja'iinsa Ilaalchaa……………………………......20
Burjaaja'iinsa Beekkumsaa…………………….………23
Adeemsa waa Dubbisuu…………………………….…..25
Aqiidaa fi Maddeen Isii……………………….…….…...27
Barnoota Afaanii (Ilmu Al-Kalaam) irratti Qoqoodamiinsa Argame…………………………………………………..33
Aqiidaa Akka Seera Xiinxala/Ilaalchaatti….........................34
Sirreessa Aqiidaa Ibnu Teeymiyyaan Sirreessan…………...40
Ejjannoo Ibnu Teeymiyyaan Gareelee Islaamaa Faallaa Kafarsiisuu Irratti Qaban…………………………………....44
Adeemsa Ibnu Teeymiyyaan Waliin Marii Irratti Qaban.......55
Ejjannoo Ibnu Teeymiyyaan Suufiyyoota Irratti Qaban…....59
Diddaa Ibnu Teeymiyyaan Akkeeffannaaf Qaban………….66
Carraaqqiiwwan Ibnu Teeymiyyaa keessaa kan Babal'ate....68
Rakkinoota/ Doorsisa Ibnu Teeymiyyaa Qunnaman……....71
Beekkumsa Islaamessuu……………….........................77
Nabiyyummaa………………………………………….80
Adeemsa Dubbisa Lamaan Walbiratti Dubbisuu………….86
Sammuu…………………………………………….….89
Sunnaa Bifa Adeemsa Beekkumsaa Eeggateen Itti Fayyadamuu……………………………………………...98
Ibnu Teeymiyyaa fi Beekkumsa Islaamessuu…..................103

<u>Dursa</u>

Galanni kan Rabbiiti, isa irraa araarama barbaanna, isatti gargaarsifanna, qajeellumas isa irraa barbaanna. Cubbuuwwan lubbuu keennaa fi dalagaalee keenna fokkattuu irraa Rabbitti maganfanna. Ergamaa keenna ka dhumaa (Muhammadiin) irratti nagayaa fi rahmata Rabbii buufna. Akkasumas warra isaanii, hiriyyoota isaanii, nama yaamicha isaanii geessuuf carraaqu hundaa fi cufuma namoota sunnaa isaanii karaa godhatanii, qajeelluma isaaniitiin qajeelan irratti hanga guyyaa dhumaatti nageenyi Rabbii irra haa jiraatu.

Kanatti aansuudhaan: maxxanfama xalayaa kanaatti fayyadamee, waa'ee sheeka Islaamaa kan ta'an *Ibnu Teeymiyyaa*, hariiroo nuti ilaalcha isaanii, hambaalee isaanii fi mana barumsa haaroomsa isaanii waliin qabnu ibsuu fedha. Ibsi kun yeroo ammaa kanatti baay'ee barbaachisaadha jedhee ilaala. Ibsi kun yaada bilchaataa fi ilaalcha sirrii ta'e kan manneen barnootaa haaroomsaa fi hooggantoota ilaalchaa gaggaarii ta'an irraa dhaalamanitti yeroo ummanni hajamuudha.

Dursa/seensa kana keessatti qabxiileen itti xiyyeeffachuu fi itti dhimmamuu qabnu kan armaan gadii kana:

(1) Mootummaan Usmaaniyyootaa kan bulchiinsi addunyaa Islaamaa hundi harka isaa jala ture - booda irra gadaa *Ibnu Teeymiyyaa* kan turte – mazhabni isii kan haasayaa *Hanafiyyaa* [*Ash'ariyyaa*] ture. Mazhabni aqiidaa jaraa immoo [*Maaturiidiyyaa*][1] ture. Gama naamusaatiin

[1] - Maaturiidiyyaan, maaturiidii irraa dhufe. Innis Muhammad bin Muhammad Mahmuud jedhama. Kan ittiin beekamu maqaa Abaa Mansuur Al-Maaturiidii jedhamuuni. Kan dhalate biyya Samarqandi, bakka Maaturiid

hooggantoonni hedduun gara karaa suufiyyaa dabu. Addummaan bulchiinsi kun qabu, mallattoolee isii kan bu'uuraa yoo ilaallu, wantoonni hedduun ilaalchuma gadaa *Abbaasiyyootaa* sadaffaa fi kan isa boodaa fakkaata. Akkasumas ilaacha gadaa Mootummootaatiinis (kings) wal-fakkaata.

*Ibnu Teeymiyyaan* gadaa isaanii keessatti ulamaa'ota fuulleffannaa mootummaa yeroo sanii morman keessaa isaan tokko. Kanaafuu mana barumsa isaaniitii fi mataa isaaniitiifis naamusa/amala, fiqhii fi aqiidaa addaa uummatan. Xalayaa teenna tan bifa baay'ee gabaabaa ta'een qopheessine tana keessatti qabxiilee fuulleffannaa sheekaa tarreessuuf yaalla. San keessaa: aqiidaa keessatti *mazhaba salafaa* kan *toowhiida uluuhiyyaa* (tokkochummaa Rabbii- gabbaruudhaan Rabbiin tokkochoomsuu), Toowhiida Rubuubiyyaa (hojii isaatiin Rabbiin tokkochoomsuu– kan waa uumu, Kan ajjeesu, kan hiree namaa banu….) fi toowhiida sifaataa kan Rabbiin waan inni of ibseen isa ibsuu, osoo itti hin daballe, osoo irraa hin hir'ifne fi osoo namittuu/homa kamittuu isa hin fakkeessine irratti hundaa'e hordofu.

Akkasumas fiqhii irrattis mazhaba warra salafaa kan ragaalee jiran irratti gadi dhaabbachuu fi ulamaa'ota keessaa

---

jedhamutti. Barri dhaloota isaa hin beekamu, garuu kan itti du'e Hijraa irraa bara 333H. Ilaalchi isaa kan *Abuu Hasan Al-Ash'aritti* dhiyaata, gadama isaanii keessa jiraataa tures. Jidduu jara lamaanii waa'ee afaanii (*kalaamaa*) irratti baay'ee walii galu. Garuu xurreen gariin inni hordofu gara garee *Mu'utazilaa* jedhamutti isa dhiyeessiti. Kitaabota hedduu hiike jira. San keessaa: kitaaba Al-I'ilaam, Kashfu Azzunuun fi Xabaqaatu Al-Hanafiyyaa jedhamu fa'a.

abbaan fedhe yaada san mormee yookiin fudhatee yaada ragaan itti jiru san kabajuu fi irratti gadi dhaabbatuu jedhu hordofaa turan. Mazhabni kun akka ibsutti, jechoonni ulamaa’otaa hundeewwan lamaan Qur’aanaa fi sunnaa ta’an irraa fidama. Sana booda yaanni ragaa keeyyatooota hundeewwan lamaaniitiin wal-sime ni fudhatama, kan raga saniin wal-hin simne immoo ni dhiifama. Hundee lamaan kanaan jechoonni ulamaa’otaa sirrii ta’uu fi dhabuun isaa addaan baya. Murtiin isaan irratti wal-dhabanis gara hundeewwan kanaa fidama.

Gama naamusaatiin immoo, suufiyyummaa sunnaa kan ergamaa Rabbii *(Nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* hordofuu fi karaa isaanii qabachuu irratti hundoofte hordofa. Mallattoolee karaa ergamaa Rabbii hordofuu yoo cuunfinee gabaasinee ibsinu:
keessaa fi irraanis Rabbiin sodaachuu, waan jennu fi dalagnu keessattis sunnaa hordofuu, xinnaa fi guddaa arganne keessatti Rabbiin irraa jaalachuu, rakkinaa fi bal’ina keessattis isa yaadachuu fi isuma irratti geeffachuu, baay’ee duniyaa duuka bololi’uu dhabuu, guyyaa dhumaatiif (aakiraaf) of qopheessuu, osoo duuti namatti hin dhufin of qopheessuu, lubbuu ofii Rabbiin yaadachuun waalessuunii, Rabbii maqaan isaa ulfaataa ta’e beekuun naasuu isii dhabamsiisuu, rakkinaa fi dhiphina keessaa lubbuu ofii baasuuf zikrii Rabbii baay’isuu, gara Rabbii deebi’uu fi waan hojjatanii fi dubbatan hunda keessatti dhugaa dubbachuu fi hojii qulqulluu Rabbumaaf jecha dalaguudha.

Sababa *Ibnu Teeymiyyaan* yeroo hedduu ilaalchaa fi fuulleffannaa mootummaa kanniin falmuuf, duulli mormii

guddaan isa irratti taasifamee ture. Kanaafuu jiruun isaa qabsoo guraadee fi qalamaatiin kan guutamteedha.

(2) Bara 1115-1206H (1703-1792A.l. A) jiddutti beekaan *sheek Muhammad bin Abdulwahaab* mul'atee jennaan, ilaalcha *sheek Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa* fudhatee, mana barumsa isaatti fuulleffatee, karaa isaa irra deemuu itti fufuu eegale. Ergaan isaa kan jalqabaa gama Qur'aanaa fi Hadiisaa fuula deebi'uun sirritti qabachuudha.

Akkuma sheeka Islaamaa *Ibnu Teeymiyyaa* qaamman mootummaa Usmaaniyyootaa waliin wal-falmii keessa seene, akkasumas dhaabbilee mazhaba suufiyyootaa kan qaamman mootummaa *Turkootaa* deeggaraniinis wal-faallessuu eegale. Mootummaan *Usmaaniyyootaa* dhaabbilee isii hundayyuu akka sochii kana faallessaniif duula bansiiftee hanga human waraanaatiin yaamicha (da'awaa) kana fuul-dura dhaabbattu geette.

Mootummaan *Usmaaniyyootaa* sochii eegale kanaaf moggaasa wahaabiyyummaa fi *wahaabiyyoota* jedhu ummata keessa faffacaasuun akka ummanni yaamicha kana hin hordofne duula isii itti fufte. *Usmaaniyyoonni* fuulleffannaa isaanii cimaa biyyoota Arabaa irratti godhuu eegalan. Sababni isaas sochiin eegale kun dubbi himaa dhimma Arabootaa, ifa baasaa rakkinna isaanii fi qabsaayaa porojektii haaroomsa isaanii ta'ee waan ummata ofitti yaameefi.

Mootummaan Usmaaniyyootaa suufiyyootaa fi hordoftoota mazhaboota Islaamaa hedduu biratti dhimma yaamicha sheek Abdulwahhaab kana irratti sodaa keessatti uumuu dandeettee jirti. Hawaasa Muslimaa bal'aa akka isaan

yaamicha kanaaf gurra hin kennine gootee jirti. Sababoonni hedduun ukkaamama yaamicha toowhiidaa/tokkochummaa Rabbii kanaa karaa saaqanii jiran.

Yaamichi haaroyni ukkaamfame kun jiraachisuu fi ilaalcha sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa haaroomsuu irratti fuulleffata. Akkasumas toowhiida qulqullutti nama yaama, yaaddan warra karaa irraa nama dabsanii irraa nama ittisa, gosoota shirkii/Rabbitti waa dabaluu hundaa balaaleffata, kabaja ilma namaa raggaasisa, ilmi namaa gochootaa fi dalagaalee dalage hundaaf itti gaafatama jedha, nabiyyoonni, imaammanii fi oowliyaa'onni cubbuu warra isaan yaammatuutiif homa takka itti hin gaafataman jedha.

Akkasumas ilmi namaa waan carraaqate malee hin argatu jedha. Rabbitti *tawassula* ta'uun waan inni hayyameen malee hin ta'u, waa carraaquun amantii Islaamaa keessatti hundeedha, waa akkeessuun immoo yookii carraaqqii godhuu dadhabuuni yookii waan isaaf laafeefi. Namni dandeettii qabu immoo karaa warra waa akkeeffatuu hordofuu hin qabu, fatwaan kamiyyuu yoo Qur'aana, Hadiisa yookiin yaada walii gala ulamaa'otaa irraa hin ta'in kabajaa bira dabarfame san kennamuufi hin qabu

Kanaafuu sababa yaamichi sheek Abdulwahaab kun yaamicha sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa waliin hidhata qabuuf jecha, mormiin fi xureessaan maqaa isaa balleessuu irraa ka'e Ibnu Teeymiyyaas dhaqqabee jira. Oduulee kijibaa yeroo san gar-malee faffaca'aa turan keessaa tokko:

- Sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa fi hordoftoonni isaa kan akka Sheek Abdulwahhaab fi kan biroo ergamaa Rabbii

(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu) hin kabajan, hin ulfeessan oduu jedhuudha;

- Akka ergamaa Rabbiitti *tawassula* hin taane dhoorgan;
- yeroo ergamaa Rabbii daaw'atan ilaalcha Muslimootaa irraa adda ta'e qabu;
- Qabrii ni diigu, akka Masjidaatti akka itti hin fayyadamne dhoorgu;
- Namoota du'anii qabrii kessa jiranitti *tawassula* ta'uu nama dhoorgu kan jedhuu fi kkf fa'a.

Yaanni isaan akka falmiitti dhiyeeffatan kun hunduu Ibnu Teeymiyyaa fi mana barumsa isaatiif dhageettii bareeda ta'e. yaanni isaan irratti dhiyaate kun hunduu aqiidaa fi tokkochummaa Rabbii wantoota fokkisaa irraa qulqulleessuufi. Ilaalcha warra huluulaa, ittihaadaafi warroota argama tokko jedhan dhabamsiisuufi. Akkasumas amantii Rabbiif qulquleessuu, naamusa namaa sirreessuu, ummata sababa baay'ina bid'aa fi jallina adda addaatiin karaa dhugaa irraa maqe kara karaa sirriitti deebisuu. Garuu ilaalcha karaa irraa dabe kun sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa fi mana barumsa isaanii akka malee maqaa xureessaa ture.

Homa fedhee dagadhee yaanni ani hin daganne; waggaa shantama dura yeroo sheekonni amantii Islaamaa nu barsiisan manneen barnootaa Iraaq keessatti mazhaba wahaabiyyii irraa sirritti nu dhoorgan, bu'uura ilaalcha kanaa namoota ta'an Ibnu Teeymiyaa fi Ibnu Al-Qayyimiin fa'a irraa akka fagaadhaa nuun jedhan, kitaabban jaraa gonkumaa akka hin dubbifne nu ajaju. Inumayyuu sheekni keenna tokko kana qofatti hin dhaabne,

kitaabban sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa fi barattoota isaanii morman akka dubbifnu nu ajaje.

Hanga ammaatti kan ani hin dagatin yeroo umriin kiyya waggaa kudha afur turetti sheekkota na barsiisan keessaa tokko kitaaba *(Assawaa'iq Al-Ilaahiyyaa fi Arraddi Alaa Al-Wahaabiyyaa)* jedhamu kan sheek Muhammad Bin Abdulwahhaab mormu akka dubbisu na dirqe. Qopheessaan kitaabichaa *Suleeymaan Bin Abdulwahhaab* jedhama. Sheekni kiyya kun, nuhii fi isaafis Rabbi haa araaramuu qopheessaan kitaaba kanaa kun garaa/obbolaa Muhammadi, ani sirritti isa beeka jedhee mormaa ture. Namni osoo kitaaba Sheek Muhammad hin dubbisin dursee kitaaba isa mormu kan obboleessa isaatu qopheesse jedhamu san dubbise, ilaalcha sheek Muhammad fudhatee itti nama yaamuu miti garasumayyuu hin mil'atu.

Ani garuu ijjannoo sheeka kiyyaa san dhiisee, kitaabban inni dubbistu malee jedhu sanis irraanfadhee, gara kitaabban Sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa fi barattoonni isaanii qopheessan dubbisutti fuulleffadhe. Garuu magaalaan ani jiraataa ture *Fallauujaan* baay'ee xinnoo waan taateef kitaaba mara hin arganne. Booda gara magaalaa *Bagdaaditti* jijjiiradhee sheekkota gurguddoo achii irratti barnoota kiyya itti fufuu eegale.

Sheekkota ani *Bagdaaditti* irratti barataa ture keessaa muraasni: *sheek Amjadii Afandii Azzahaawii, sheeka Muhammad Fu'aad Al-Aaloowsii, sheek Muhammad Al-Qazlajii, sheek Qaasim Al-Qeeysii* fi *sheek Abdulqaadir Al-Kaxiib* fa'a, jara hundaafuu Rabbiin rahmata haa godhu.

Magaalaa tanatti kitaabban barbaadu hundayyuu argachuu danda'e. kitaaba sheeka Islaamaa *Ibnu Teeymiyyaa* keessaa kan baay'ee qalbiin na fudhatte fatwaadhan isaanii kan jiraataan magaalaa *Azzubeeyri*, Aal Zakiir jedhamu maxxanseedha.

Akkasumas, kitaaba *(Al-JawaabAssahiih)*, *(Al-Qawaa'id Annuraaniyyaa)* kana hunda caalaa kitaaba *(Assaarim Al-Masluul Alaa Shaatami Arrasuul)* jedhu fa'a. kitaaba dhumaa kana dubbisee waa'ee kabajaa fi jaalala Ibnu Teeymiyyaan ergamaa Rabbiitiif (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irra haa jiraatu) qaban arge. Kitaabban warroota ergamaa Rabbii jaalachuun, isaanitti *tawassula* ta'uun, qabrii daaw'achuun mallattoolee jaalala isaanii mul'isan keessaa mataadha jedhanii hunda dubbisee, gonkumaa jaalala Ibnu Teeymiyyaa akka hin geenne arge.

Si'a kana baay'ee dinqisiifachuunii eegale. Sheeka Falluujatti na barsiisaa ture Abdul'aziiz Assaalim, gaaffii natti ta'uu eegale. Akkamitti ijjannoo *Ibnu Teeymiyyaan* qaban kitaabuma isaanii irraa hubachuu dhabee nama qofa irraa dhagayuu fi kitaabotuma isaan fi barattoota isaanii morman qofa dubbisutti maa geeffate kan jedhu natti dhagayame.

Gaafa tokko osomaa sheeka Muhammad Fu'aad Al-Aaloosii (Rabbi haa araaramuufi) irratti barataa jiru, maqaan sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa dubbatame. Si'a kana sheekni kiyya kun akkuma sheekni kiyya ka Falluujaa Ibnu Teeymiyyaa mormuu fi xiqqeessu sanitti isaan mormuu eegale. Yeroo kana anis akka duraa san hin cal'ifne, sheek Fu'aadiin mormuunii eegalee, booda innis natti dallanee akkana naan jedhe: ati Wahaabiyyiidhaa?

Yoo akkas taate, bakka biraatti barachuu ni dandeetta naan jedhe. Anis biraa bayee deemee, guyyaa lammataa kitaaba *(Assaarim Al-Masluul Alaa Shaatami Arrasuul)* jedhu qabadhee dhufee, baafatuma qofa akka isaaniif dubbisu hayyama gaafadheen. Irratti dubbisee jennaan baay'ee ajaa'ibsiifatee akkana jedhe: kitaaba kana guyyaa muraasaaf na biratti dhiisi naan jedhe. Kitaabicha isa biratti dhiisee, guyyaa muraasa booda barnoota kiyya *Balaagaa* (cimina dandeettii afaaniin waa ibsachuu) isa irratti barachuuf dhufe. Si'a kana sheekni kun ol ka'ee adda/kallacha kiyya na dhungate.

Baay'ee rifadhee ani jennaan, booda akkana jedhe: "Jibba nama ani kitaaba akka isaa kana yoomiyyuu dubbisee hin beeyneef qabu jalaa na baste. Kitaaba akkanatti ergamaa Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu) kabajuu, jaalala isaaniif qabu ibsu fi isaan ulfeessu argee hin beeku. Kana booda oduun sheeka *Ibnu Teeymiyyaa* irratti odeeffamu kan akka tawassula dhoorguu fi waa'een suufiyyaa isa hin miidhu" jedhe.

Sheekni kiyya kun namoota oduu qofa walirraa fuudhanii, osoo dhugummaa isii hundee gadi bu'anii hin hubanne hafarsaa deeman baay'ee komate. Booda irra akkana jedhe: "Ibnu Teeymiyyaadhaaf baay'isee du'aa'ii kadhaaf. Osoo mallaqa gayaa qabaadhee akka Muslimoonni akkamitti ergamaa Rabbii jaalatan, kabajanfi akka itti ulfeessu qaban akka barataniif jecha kitaaba kana, affaan Muslimoonni dubbatan hundatti hiiksisee kumaatamaan maxxansiisa tureeyyu" jedhe.

Haasaya isaa itti fufuudhaan "kanuma waliinuu manneen kitaaba Bagdaaditti argaman hunda irra deemii, gargalcha

kitaaba kanaa irraa waan argite hunda hirreega kiyya irratti bitii, jaalala ergamaa Rabbiitiif (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu) qabuuf jecha barattootaa fi manneen kitaaba ummataa (public library) hunda irratti naaf raabsi. Akka Rabbiin cubbuu ani sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa, jaalataa ergamaa Rabbii- kana irratti dalage naa dhiisuuf" naan jedhe. Yeroo san irraa eegalee kitaabban sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa sirritti dubbisuu eegale.

Qorannoo kiyya kan sadarkaa Doktoreetii fudhachuuf mata duree (Fakruddiin Al-Raazii fi ilaalchota isaa kan bu'uuraa) jedhuun qopheesse irratti, ijjannoo sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan Fakruddiin fi garee Ashaa'iraa jedhamtu irraa qaban dubbisuu eegale. Akkuma namoota sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa jibban mormetti, ijjannoo sheekni Fakruddiin irratti qabanii fi jechoota garii isaan Fakruddiinii fi waahillan isaatiin jedhanis mormee ture (qorannoo PHD kiyya irratti jechuu kooti).

Yunivarsitiin Imaam Muhammad Bin Su'uud akka qorannoon kiyya kun maxxanfamu fedhanii jennaan, gara qorattoota nama lamaatti na ergan. Lamaan keessaa tokko akka malee natti dallanee, hoogganaa Yunivarsitichaatti xalayaa barreessuun akka walii galteen ani Yunivarsitii waliin qabu ammuma irraa addaan citee biyya gadi dhiisee bayou qabu itti barreessuun, "biyya tana keessatti namni sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa mormu bakkee nu biratti hin qabu" jedheen.

Garuu bulchiinsi Yunivarsitichaa gorsa ustaaza kanaa hin fudhanne. Akka qorannoon kiyya kun maxxanfamu ajaja dabarsan.

Kana hunda wanti ani dubbadheef burjaaja'amiinsa sammuun Muslimoota ammaa dhimma beekkumsaa irratti qaban ifa godhuu barbaadeeti. Yeroo ammaa kanatti dhugaan ala maqaa nama xureessuu, oduu wal harkaa fuudhanii ololа oofuu, namootaa fi gareelee adda addaa homa lubbuun namaa namatti qabatteen moggaasa itti kennuu fi of qusannaa tokkoon ala murtii barbaadan namatti maxxansuuun baay'inaan mul'ata.

Yeroo ammaa kanatti namoonni seerotaa fi dambiilee amantiin Islaamaa itti nama yaamu, seerota barataa fi barsiisaan, dubbataa fi dhaggeeffataanis akka kabajan cimsee nuuf ibsu kana irraan tarkaanfachuun maqaa walii xureessuun ni mul'ata. Seerota sanniin keessaa: namni waa odeessu wanta oduun isaa sun sirrii ta'uu mirkaneessu fidachuu, namni himannaa wayii qabu, himannaa isaa san waan dhugoomsisu ragaa fidachuu irratti [yoo odeessaa taate sirrii ta'uu isaa mirkaneessi, yoo himataa taate ragaa dhiyeeffadhu] seera jedhuudha. Kana duraa fi kanaan booda akkuma Rabbiin guddaan jedhe:

وَلَا تَقْفُ مَا لَيْسَ لَكَ بِهِۦ عِلْمٌۚ إِنَّ ٱلسَّمْعَ وَٱلْبَصَرَ وَٱلْفُؤَادَ كُلُّ أُوْلَٰٓئِكَ كَانَ عَنْهُ مَسْـُٔولًا ﴿٣٦﴾

سورة الإسراء: 36

*[Waan (dhugummaa isaa)hin beeyne keessa hin seenin, gurri,ijji fi onneen kee hunduu irraa gaafatamuuf taa'u] (Al-Israa: 36).*

Dhaabbanni xiinxala Islaamummaa addumyaawaan, dhimmi inni irratti fuulleffatu fi namoonni isaas rakkinoota sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan saaxilamaniif saaxilamee jira. Rakkinni sunis: waa'ee dhaabbatichaa irratti hubannaa sirrii dhabuu, ilaalcha isaa karaa sirrii hin ta'iniin hubachuu fi ololaa fi oduuwwan kijibaa irratti hundaa'uun maqaa isaa xureessuu fa'a.

Wanni guddaan nuti hawwinu; namni Muslimaa kun sammuun bilchaatee, akkeeffannaa durii san dhiisee, ragaa qabatamaa amantiin keenna nuuf ibse irratti hundaa'ee, waan hin beeyne keessa galuu dhabee, waan ragaa gahaa fi amansiisaa itti hin qabne haasayuu dhabee, ragaa tokkoon ala himannaa namatti banuu dhabee, waan nama irraa fudhatu yookiin dhagayu hundaa ragaa qabatamaa fi amansiisaan ala fudhachuu dhabuudha.

Kanaafuu, xalayaan tun hariiroo ilaalcha sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa fi beekkumsa Islaamessuu jidduu jiru kana ibsuuf yaalii gootu tun, futunni isii guddaan himannaan dhiyaatu hundi dhugaa ta'uudha. Yoo Rabbi jedhe wanta jedhuuf deemnu hunda irratti ragaa quubsaa dhiyeeffannee, dhugummaa dhimma sanii mirkaneessinee ibsina. Rabbii ol'aanaa fi guddaa ta'e akka nama ittiin fayyaduu fi ittiin qajeelchu isa kadhanna.

Nuti yoomiyyuu gorsa gorsitootaa fi yaada dubbistootaa irraa hin duroomnu. Rabbiin namoota gaarii isaaniif gaya, qajeeltota ni qajeelcha, namoota hojii isaanii qulqullinaan hojjataniif barakaa godhaaf. Rabbiin dhagayaa fi kadhaa namaa kan namaa awwaatuudha.

Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii

Dura Bu'aa Dhaabbata Addunyaawaa Xiinxala Islaamummaa

*Herandan, Varjiiniyaa, USA*

*Zulhijjah 1414H*

*Ebla 1994 A.L.A*

## Ibnu Teeymiyyaa fi Adeemsa Isaanii

Namoonni waa'ee dhiiraa fi seenaa jaraa barreessan jalqabni wanti isaan gaafatanii haala guddina nama sanii, waa'ee maatii isaa, naannoo fi hawaasa isaa bal'aa fi sadarkaalee gara garaa kan guddinni fi jireenyi isaa keessa dabre irraa gaafatu. Barreessitoonni Muslimaa kanneen hiiktota kitaabbanii turan, qabxiilee armaan olii kanatti sheeka/barsiisaa nama waa hiikee, guddinna isaa, faana/bu'aa inni buuse, maddeen inni beekkumsa irraa horate fi maddeen bu'aawwan/gumaacha isaa irraa fayyadamtee fi dhimmoota biraas itti dabalanii turan.

Maqaan guutuun Sheeka Islaamaa Ahmad Taqiyyuddiin Abu Al-Abbaas bin Teeymiyyaa jedhamu. Kan itti dhalatan bara 728H/ 1328A.L.A. Hiiktonni fi barreessitoonni waa'ee seenaa isaanii heddumminaan irraa barreessanii jiru. Inumayyuu namoonni hedduun jireenya isaaniitii fi faana isaan dhiisan ilaalchisee wanti qorannaa yookiin qu'annaa barbaachisu hin jiru hanga jedhan gayan.

Namoonni baay'een waa'ee seenaa isaanii, amallan gaggaarii isaanii, haala, maatii isaanii, sheekkota irratti baratan, guddiftoota isaanii, qabsoo isaanii kan barnootaa, kan siyaasaa, kan ilaalchaa, beekkumsa isaanii, duula isaanii, mormitoota isaanii fi ijjannoo isaan jara irratti qabanii fi dhiifama isaan jaraaf godhan, waa'ee sodaa Rabbii  isaanii, obsa isaanii, barattoota isaanii, kitaabban isaan qopheessan, sababa gaa'ila malee hafuu isaanii fi dhimmoota isaanii kan dhuunfaa fi kan

walii gala irraa namni Muslima ta'ee fi kan Muslima hin ta'inis barreessee jira[2].

Ibnu Teeymiyyaan insaaykilooppiidiyaa mana barumsaa bakka bu'u, kan mana barumsichaa saniif keessa isaatii fi nama waa'ee kallattii isaa ibsuudha. Manni barumsaa kun fakkeenyummaa fi seera beekkumsa mataa isaa qaba. Akkasumas beekkumsa, aqiidaa, dubbisa, ragaalee, haaroomsa, suufiyyummaa, salafummaa, siyaasaa, sirna murtii, sirna qabeenyaa fi diinagdee, waan gaaritti ajajuu fi badduu irraa seeruu irratti mul'ata, adeemsaa fi ilaalcha mataa isaa qaba.

Manni barumsichaa kun kan hundeeffame yeroo ummanni Muslimaa haala fofottoqiinsaa, duubatti deebi'iinsaa keessa jirutti. Akkasumas yeroo akka sadarkaa addunyaatti, akka seeraatti fi akka xiinxalaatti, akka mul'ata, ilaalcha, hariiroodhanii fi akka amallaniittis yeroo biyyoonni Islaamaa itti dadhabdeedha. Kana qofaa miti, sadarkaa dhaabbilee kennaatti

---

[2] - Waa'ee amala gaarummaa isaanii irratti kitaabban hedduun kan maxxanfamanii fi kan hin maxxanfamin barreeffamanii jiru. Kitaabban sanniin keessaa: Jalaa'u Al-eyneeyni, Al-Manaaqib Al-Ulyaa, Sheeku Al-Islaam Ibnu Teeymiyyaa- kan qopheesse Abu Al-Hasan Annadawii, kitaaba Ibnu Teeymiyyaa jedhamu kan Muhammad Abu Zahraan qopheesse, kitaaba Ibnu Teeymiyyaa jedhamu kan Henarii Laakoost qopheesse fi kan biraas jira. Akkasumas qorannooleen hedduun hambaalee isaan gumaachan irratti godhame kan akka gumaacha isaan tafsiira, usuula, fiqhii, kalaama, balaagaa fi kan biraa irratti taassisan sadarkaa yunivarsitiitti dhiyaatee jira.
Bara 1380H/1961A.L.Atti magaalaa Damaskasitti torbeen Fiqhii Islaamaa jedhu fi qophiin imam Ibnu Teeymiyyaa jedhamu dhiyaatee qorannooleen kudhanii kan waa'ee haala jireenya Ibnu Teeymiyyaa qoratan dhiyaatanii jiru.

(waqfiitti), manneen barnootaatti, manneen murtiitti, sadarkaa hunda keessatti yeroo itti kufteedha.

Gadaa sanitti ummanni Muslimaa gara laffeen ciccittee wal-moggatti argamtuu fi gara ilma namaa laffeen san irra jiraatanii, kan cufuma laffeen qoqqoodamte san hunda irra biyyi of dandeette yookii bulchiinsa wayii kan maatiin kabajamaan irratti ol'aantummaa qabu bulchuutti geeddaramte. Laffeen cicciramttee fi addaan qoqqoodammte kan biyya yookiin Imaaraa jettee of maggaafte sun hunduu yeroo sanitti madaa duula kiristaanotaatiin kan guutamte fi weerara lola Titaarotaatiin kan onneen keessatti cabde turan.

## Burjaaja'iinsa Ilaalchaa

Gadaa sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa keessatti burjaaja'iinni ilaalchaa gar-malee cimee, akka babal'ina dhibee kaansariitti bakka hunda wal-gayuun, gaaddisa jibbaa isaa dandeettii ilaalchaa fi waa xiinxala namaa irratti haguuguun adeemsa, maddeen, hariiroodhan, akkataa nama waliin jireenyaa, siyaasaa, diinagdee, akkaataa ijaarsaa, haallanii fi amallan gaggaarii fi akkaataa amantii ofii itti gaggeeffatan hunda hubuu eegale.

Gadaa sanitti, hubannommaan ilmi namaa amantiif qabuyyuu geeddaramuun kallattii hunda bifa qixxisuun jijjiiramee, sadarkaa ijaarsaa fi hojii hundaatti dadhabuun si'aa'inni inni qabu laafee laamshayee argame. Mul'atiinsi bid'aa fi karaa sirrii irraa maquu kunis miidhaalee fi shaakalliiwwan bay'een amantiin hin hayyamne kan garuu

uffata amanttii itti uffisanii isaan maqaa amantii xureessan hedduun mul'achuu eegalee ture.

Jaarraa duraa keessa wantoonni xiinxala/ilaalcha Islaamummaa karaa sirrii irraa maquu irraa tiksan hedduu turan. San keessaa: xiinxalli gadaa duraa sanii xiinxala aqiidaa Rabbii guddaa irraa bifa wahyiitiin dhufteetti. Utubaaleen, elemantiileen, ulaagaalee fi amallan isii adda godhan hundi yeroo sanitti ergaa wahyii irraa fudhatame. Maddi wantoota kanaa kun hunduu Rabbii tokkicha. Maddi Rabbii tokkichaa kun madda aqiidaa nagayaa saniif tokkicha qofa ta'ee argameedha.

Maddi kun aqiidaa Islaamaa kana adda godhee, akksumas mul'ataa fi ilaalcha aqiidaa kana keessa jiru mul'ata falaasama namaa kan xiinxalli namaa kun waa'ee dhugummaa gooftummaa, dhugummaa hawaa fi dhugummaa namaa irratti qabu[3] irraa adda taasise. Akkasumas hariiroole fi hidhannaa jidduu dhugaadhan kaneenii jiru isa falaasama namaa saniin baay'ee adda.

Aqiidaan wahyii irraa madduun, madda isaa qofa irratti irkifachuun; aqiidaa qulqulluu nagayaa kana ilaalcha warra waaqeffattootaa kan sammuun namaa, fedhiin fi bololli lubbuu nama keessatti uumte irraa adda godhe. Akkasumas amalli kun aqiidaa Islaamaa tana addummaa aqiidaan biraa kamiyyuu hin qabne laateef. Addummaa kana keessaa: dimshaashummaa, madaalawaa ta'uu, gaaffilee walii gala irratti deebii kennuuf

[3] - Kana ilaalchisee kitaaba (Kasaa'isu Attasawwur Al-Islaamii) jedhu kan Sayyid Quxbi qopheesse ilaali. Kitaabni kun maxxansa hedduu waan qabuuf, maxxansa tokkummaa waldaalee barattoota addunyaa Islaamaa jedhu ilaali.

gahumsa gahaa qabaachuu, hariiroo Rabbii fi jidduu hawaaf ilma namaa jiru addaan baafachuu[4].

Aqiidaan Islaamaa[5] mul'ata ilaalcha Rabbummaa tokkicha kan wahyii irraa malee waan biraa irraa fudhatamuu dhabuun isaa onnee namaa tasgabbeessuudha. Aqiidaan warra Kiristaanotaa fi Yahuudaa wahyiin alatti madda biraa irratti hundaa'uun isii karaa irraa maqiinsaaf isii saaxilee jira. Sababa kanaaf gaaga'amaaf saaxilamuun akkaataan Rabbummaa aqiidaa jaraa keessa jiruu fi ilaalchonni biraa kan namni itti amanaa ture kan maddi isii wahyiin ala ta'e hundi jijjiiramee jira.

Ilaalchaa fi yaaddan namni itti amanuu eegale kun gariin isaa ilaalchota falaasamaati. Ilaalcha kana immoo maddi isaa akkuma jirutti falaasama ilma namaat kan hanqinaaf saaxilamaa ta'eedha. Ilaalchi namaa kun baay'ee gabaabaa waan ta'eef yaalii muraasa sababa argamiinsaa fi hariiroo namni argama waliin qabu qofa beekuuf yaalii taassifameedha. Ilaalchi gariin immoo ta'uu hin ooluu fi homa sammuu namoota garii qofa keessatti uumame irraa dhufe.

Dhimmoota kanniin irratti sammuun Muslimootaa falaasamatti dhimma bayuu eegalee jennaan; balballi badii fi karaa dhugaa irraa dabiinsaa hundi isaanitti banamte. Jidduu qabatama amma jiruu fi jidduu dhugaadhan Rabbiin nu jalaa dhoksee (geeybaa) walitti makuun, rakkinni inni fede qabatama

---

[4] - Madduma dabre kana.

[5] - Akka *Ustaaz Muhammad Al-Mubaarak* kitaaba isaa *Al-Fikri Al_Islaamii Al-Hadiis Fii Muwaajahat Al-Afkaar Al-Garbiyyaa* jedhu keessatti ibsetti; jichi aqiidaa jedhu gadaa *Abbaasiyyootaa* keessaa kan baay'inaan itti fayyadamamu iimaana ibsuudhaafi.

Islaamummaa ammaa irratti, sammuu Muslimaa keessatti, xiinxala fi aadaa Islaamaa irratti hanga guyyaa keenna ka har'aa kanatti miidhaa fidee jira[6].

## Burjaaja'iinsa Beekkumsaa

Burjaaja'amni beekkumsaa isuma xiinxallaa san waliin wal-maddii deemuun jajjabina, dandeettii fi si'aa'ina ummata Muslimaa dadhabsiisee jira. Falaasamni gar-malee babal'atee, daangaa dabree, sammuu Muslimaa keessatti madda ijaarsa ilaalcha hedduu ta'ee argamee jira. Kana bira kutuudhaan, inumayyuu sammuu Muslimootaa keessatti ijaarsa madda ilaalcha adda addaa kan Qur'aanaa fi Sunnaa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* keessa hin jirre keessatti uumee jira.

Aqiidaa Islaamaa keessatti maddi isii tokkichi jiru Qur'aanaa fi sunnaa qofa. Inumayyuu sababa ilaalchaa fi beekkumsa falaasamaatiin, tariitii keeyyatoonni waa'ee aqiidaa ibsan akka fedhii falaasama sanii guutaniif jecha hiika isaa jijjiiruu fa'atu mul'ata. Ilmi Al-kalaam (beekkumsa/barnoota

---

[6] - Xiinxalitoonni hedduun hubaatii fi miidhaa waa'ee hambaalee Girikoota durii gara afaan Arabaatti hiikuun fide irraa barreessanii jiru. San keessaa: dhimmoota aqiidaan wal-qabatan kan Rabbiin Qur'aana isaa keessatti bifa ifa galaa ta'een jala sararee ibse irratti ilaalcha falaasamaa itti dabaluu fa'a. qu'annoolee durii kanniin keessaa beekkamaan kitaaba Imaam Al-Gazaalii kan (Tahaafat Al-Falaasifaa) jedhu fi kitaaba Dr. Abdulhamiid Abu Suleeymaan kan (Azmatu Al-Aqli Al-Muslim) jedhu, Hiirand, maxxansa dhaabbata addunyaawaa Islaamaa, bara (1991 A.L.A) tti. Kitaaba dhumaa kana keessatti qopheessaan kitaabichaa boqonnaa tokko guutuu waa'ee rakkinna hambaaleen hiikkaman sun sammuu nama Muslimaa irratti fidan jedhee sirritti irraa barreessee jira.

afaanii) wanti jedhamu kun kan dhufuu danda’een falaasama irratti bu’uureffameeti.

Ilmu Al-kalaam fakkaataa falaasamaa fi kan isa irratti bu’uureffame qofa osoo hin taane, obbolaa garaa isaatii fi guddisaa isaati. Yeroo jalqabaa namoonni waa’ee afaanii kanatti kan seenaniif, warroota utubaalee aqiidaa Islaamaa morman kanneen akka: kiristaanota, yahuudotaa fi mushrikootaa of irraa deebisuuf ture. Yaaliin kun kan taassifameef, mormitoota aqiidaa Islaamaatiif aqiidaan tun osoo keeyyatoonni Qur’aanaa fi Hadiisaatuu dubbachuu baatanii waan sammuun namaa fudhachuu danda’uudha jedhanii amansiisuuf ture.

Yeroo kana, mormitoonni kunniin gonkumaa keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisaatti amanuu mitii, Rabbii fi ergamaa isaatittuu hin amanan waan ta’eef carraan tokkichi jiru dursa waan sammuun isaanii qofti fudhachuu dandeessu akka ragaatti itti dhiyeessuu ture. Si’a kana namoonni dhimma kanaan dhaabbatan sagantaa isaanii kan waan sammuun qofti itti amantu akka ragaatti dhiyeeffachuu kana beeksifachuu eegalan. Inumayyuu kana bira dabruudhaan yoo sammuun namaa waan keeyyata keessa jiru garii fudhachuu didde, hiika isaa dabsuun gara waan sammuun itti amantuutti jijjiiruuf yaaliin godhames ni mul’ata.

Akkuma gubbatti dubbanne jara Rabbii fi ergamaa isaatti hin amanne kana keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisaatiin amansiisuun waan hin danda’aminiif, ragaa waan sammuun fudhattuu qofa itti dhiyeessuun dirqama ta’e. yoo sammuun isaanii Islaamummaa fudhattee, onneen isaanii tasgabbooftee, amalli isaanii qabbanaayee jedheen booda, ga’een ragaa

keeyyatoota Qur'aanaa fi Sunnaa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* irraa fidachuu dhufa.

Hanga sadarkaa/ daangaa amma dubbanne kanaatti Ilmu Al-kalaamitti dhimmamuun wanta sirrii fi fudhatama qabuudha. Garuu shaakala sammuu fi falaasamaa kana irratti yeroon dheeraan dabree waggoota hedduu lakkoofsisee jennaan, artiin afaanii kun faallaa gargaluun gareelee amantii Islaamaa keessa jiran walitti naquun wal-ficcisiisuu eegale. Yeroo kanatti gareeleen hedduun jecha ofii raggaasisuu fi garee biraa irratti waan yaada isaa falmu deebisuuf jecha raga keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaatiin wal amansiisuu dhiisanii yaada sammuu fi falaasmaa qofatti dhimma bayuu eegalan.

## Adeemsa waa Dubbisuu

Rakkinni dhimma amma dubbannee kun-dhimma wal'aansoo afaanii kan yeroo inni ifatti bayu yoo ummanni kun ummata waa dubbiftu ta'uu sirritti hubanneedha. Waa dubbisuu irratti ijaarame, dubbisa irratti bocame, dubbisa irratti aqiidaa fi ilaalchi isaas kan raggaasifame, dubbisa irratti seerri fi heerri hundi akkasumas ijaaramni sammuu ummata kanaa kan hundoofte. Keeyyanni jalqaba Qur'aana keessaa bu'e akkana jedha:

ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ﴿١﴾ سورة العلق : 1

*[Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi] (Al-Alaq: 1)*

Wanti ummata Muslimaa kana adda isa godhu; ummata dubbisa lamaan wal-bira dubbisu ta'uu isaaniiti. Adeemsa

dubbisa lamaan[7] wal-bira dubbisuu irraa dabuun yookiin bakkee kennuufii dhabuun yookii gara adeemsa biraatti fuula ergisuun

[7] - Adeemsa dubbisa lamaan wal bira dubbisuu jechuun, wahyii fi uumama/argama hawaa kana hunda qayyabachuun wal biratti ilaaluu jechuudha. Qur'aanni kabajamaa fi ulfaataan waa'ee hawaa fi akkaataa argama isaa hunda sirritti kan ibsu waan ta'eef, adeemsa guutuu waa'ee hawaa/argama kanaa nu qayyabachiisanii fi wantoota isa keessatti dhokatan argachuuf tooftaa nu gargaaran hunda of keessatti hammatee jira. Kanaafuu namni waa dubbisu hunduu wahyii fi argama/hawaa kana wal-biratti qabee dubbisuu/qayyabachuun isarratti dirqama jechuudha.
Akkasumas uumamni hawaa kunis seeraa fi heera isaa hunda of keessaa qaba. Ilmi namaa kun uumama hawaa kana keessa jiran irraa tokko ta'us, garuu yeroo ilaalu fakkeenyummaa hawaa kan baay'ee xinnaa ta'ee fi kan hawaa kana hunda qoratuuf itti gaafatamummaan itti kenname ta'ee argama.
Ilaalcha akkanaa kana, namni *Al-Haaris Al-Muhaasibii* jedhamu kitaaba isaa (Al-Aqlu wa Fahmu Al-Qur'aan) jedhu, Beeyruut, maxxansa Daaru *Al-Fikri*, bara (1391H-1971A.L.A) keessatti sirritti cuunfee gabaabsee kaayee jira. Imaam *Fakruddiin Al-Raaziinis* dhimma kana bal'isee itti yaaddayuun tafsiira isaa guddicha *(Mafaatiih Al-geeybi*) jedhu akka mul'ata gadaa isaa saniitti barreessee jira.
Hayyoota ammayyaa keessaa namoonni adeemsa kana deebisanii ijaaran Muhammad Abul-Qaasim Haaji Hamad fa'a. namni kun kitaaba isaa (Al-Aalamiyyaa Al-Islaamiyyaa Assaaniyaa) jedhamu keessatti adeemsa kana sirritti hiikee ibsa godhee ilaalcha hedduu isa irratti bu'uuressee jira. Akkasumas qorannoolee isaa lamaan maxxansaaf qopheeffamaa jirtu kan (Manhajiyyat al-Qur'aan Al-ma'arafiyyaa) fi (Al-Azma Al-fikriyyaa fi Al-waaqi'a Al-Arabii Arraahih) jedhamu keessattis yaada kana sirritti ibsee jira.
Akkasumas biyya Morookootti bara 1993 adeemsa kana irratti qorannoon gabaabduu taate qophooftee jirti. Qorannoon tun haga tokko ibsa gahaa godhuuf yaalii gootus, hayyootaa fi beektota damee kana irratti dandeettii qabaniin irra deebi'amtee laallamtee, bal'ifamtee barreeffamutti hajamti. Hundee cimeessa lafa jala gadi tare kana irratti (dubbisa lamaan wal bira qabanii dubbisuu), yaanni beekkumsa Islaamessuu bu'uureffame. Akkasumas sadarkaan ilaalcha qaroomina Islaamummaa inni amma jiru

yookiin immoo dubbisa lamaan kana keessaa isa tokko qofa irratti fuulleffachuun shakkii tokko malee gara balaa fi miidhaa guddaatti nama geessa.

Yeroo ilaalchi Islaamummaa fi aqiidaan Islaamaa dubbisa irraa margu/biqilu, yoo ilaalchi Islaamummaa kun jajjabeeffamee, aqiidaan Islaamaa immoo adeemsa addaa kan dubbisa lamaan wal biratti dubbisuu saniin ala dhimma biraa irratti bu'uureffamte, dhumni isaa dhama'iinsa, karaa qajeellumaa fi dhugaa irraa dabuu ta'a. si'a kana aqiidaan dandeettii isii, si'aa'inaa fi dandeettii qaroomina Islaamaa irraa mormii deebisuu dhabaa dhufti. Inumayyuu gara taatee hubaatii jireenya namaa gama hedduun miidhutti jijjiiramti.

## Aqiidaa fi Maddeen Isii

Qur'aanni ulfaataa fi kabajamaan utubaa iimaanaa fi seerota aqiidotaa qabatee yeroo buufametti, addunyaa kana keessa ilaalcha jallina dhugaa irraa dabee fi falaasama kijibaa heddutu wal irratti kuufamee si'aa'ina namaa laamshessee, jiruu isaa kan duniyaa fi aakiraas jalaa balleesse, nama dadhabaa taa'ee waa hawwuu malee hin hojjanne, sodaa malee waa of irraa hin deebifne, kan argama/hawa silaa irraa haa fayyadamuuf isaaf uumame gabbarutti hafe.

Yeroo sanitti aqiidaan tokkochummaa Rabbii tan kabaja qabduu fi waan hunda namaa laaffistuu taate, ilma namaatiif namummaa isaa deebisteefi, bakkee inni ergama kana keessatti qabu isaaf eegdee jajjabeessite. Yeroo kana ilmi namaas

---

kunis hundee kana irratti bu'uureffameeti kan ijaarameen. Hundaafuu Rabbitu waan hundaa beeka.

tattaaffii guddaa godhee, ijaarsa eegalee, dukkana keessaa gama ifaatti, miidhaa fi cunqurfama keessaa gama haqaa fi walqixxummaatti, uumama hawaa keessa jiran gabbaruu irraa gama Rabbii tokkicha qofa gabbaruutti fi dukkana amantiiwwan biraa irraa gama ifnana amantii Islaamaatti nama deebisuu jalqabe.

Garuu wanti (Ilmi al-kalaam) jedhamu kun qabsoo aqiidaa ijaaruuf taassise keessatti tooftaalee fi adeemsota Qur'aana kabajamaa hunda bira kutuudhaan, dhimmoota aqiidaatii fi utubaa isaa geengoo falaasamaa fi dandeettii sammuu qofa irratti gabaabsuu eegale. Hayyoota damee kanaa biratti dhimma qu'annoo (Ilmi al-kalaam) walqabatee dubbiin jechoota Girikootaa kan akka: dhiyeessii, qaama, wanta sammuun dirqama nama irratti gootu, wanta akka samuun hojjachuun ni ta'a jettu, wanta akka yaada sammuutti gonkumaa hin danda'amne, uumama, sababa fi kkf qofa fayyadamutti hin dhaabanne.

Kana bira kutuudhaan haasaya/marii tuffatamaa karaa irraa nama dabsu fi waa'ee Rabbii waan hunda uumee, waa'ee addunyaa, waa'ee ilma namaa,kan nabiyyummaa, geeybaa fi wantoota biraa kan Qur'aanni jala sararee ifatti ibseef hiika sirrii hin ta'in kennuufii jalqaban[8].

---

[8] - Tola ooliinsa Rabbiin gabroota isaatiif godhe keessaa: dhimmoota wantoota nuti itti amanuu qabnuun wal qabatan hundayyuu Qur'aanni addaan baasee jala sararee nuuf ibsee jira. Dhimmi kamiyyuu kan namni Muslimaa tokko itti amanuu qabu kan yoo isii morme kaafira ta'u hunduu Qur'aana keessatti ibsamee jira. Dhimmoota kanniin keessaa muraasni: gosoota tokkochoomsuu Rabbii (gosoota toowhiidaa) sadan; toowhiida tokkochummaa Rabbii, toowhiida Rabbummaa Rabbii ibsuu fi toowhiida

Inumayyuu jara keessaa namoonni gariin daangaa dabranii, ragaan waan gurraan dhagayamee guutumattuu hin fudhatamu jedhaa turan. Ragaan kun dhimma aqiidaa irratti Qur'aana irraa ta'ee sunnaa irraayis ta'ee, dursi ragaa sammuun itti amanteef kennama jedhu. Jara keessaa tokko Fakru Arraaziidha –Rabbiin isaaf haa dhiisu- akkana jedhee barreesse: "Ragaaleen dhageettiidhaan dhufan dhugummaa/ guutumaan itti amanamummaa ragaa sanii hin ibsitu" jedhe.

Fakruddiin waa'ee kanaa irratti marii kitaaba isaa *(Al-Mahsuul min Ilmi Usuul Alfiqhi)* jedhu keessatti gaggeesseen, ragaan dhageettiin argame ragummaaf ni ta'a moo? jedhamnaan akkana jedhee deebise- Rabbiin isaaf haa dhiisu: "ragaan afaanii/jechaan dhufe dursa shakkii/akkas ta'uu hin ooltu waan jedhu irratti ijaaramee jira, wanti akkas ta'uu hin ooltu irratti ijaarame immoo isa san akka ragaatti fudhachuun seetema (ta'uu hin ooltu) fida"[9].

Ammas itti deebi'uudhaan kitaaba isaa kan waa'ee dhimma barnoota afaaniitiin walqabate kan (Nihaayatu Al-Uquul fii Diraayat Al-Usuul) jedhu keessatti, jechuma kana irra deebi'uudhaan akkana jedhe: "dhimmoota bu'uuraa (aqiidaa) keessaatti, waan dhagayan ragaa godhachuun gonkumaa hin danda'amu, isa ragaa godhachuun seetee/ta'uu hin ooltuu irratti

---

waa'ee maqaa Rabbii fi ibsoota isaati. Ka biraa immoo waa'ee nabiyyootaa, waa'ee kitaabota Rabbiin biraa buufamanii, waa'ee addunyaa dhokataa (geeyb), waa'ee guyyaa dhumaa, waa'ee murtii Rabbiin dura dabarsee fa'a.

9 - Al-Mahsuul min Ilmi Usuul Alfiqhi (1/548), Imaam Fakruddiin Arraazii, Riyaad, maxxansa Yunivarsitii Muhammad bin Su'uud Al-Islaamiyyaa, bara 1399H/1979 A.L.A.

waan ijaarameefi, akkasumas waan sammuu keessa jiru waan faallessuufi”[10].

*Fakruddiin Arraaziin* durattis namoonni ragaa dhageettii tuffatan, kanneen yaada imaamotaa/ulamaa’otaa irra caalchifatan dhufanii turan. Isaan keessaaa: Abu Al-Hasan Ubeeydullaah Al-karkii Al-Hanafii, kan bara 340Htti du’e isa tokko. Innis akkana jedhee barreesse: “Akka bu’uuraatti, keeyyatoonni jecha waahillan keennaa faallessan hunduu tariitii naskii (haqamuu) yookii caalchifamutu mala; walsimsiisuuf jecha hiikkaadhaan walqabsiisuu wayya” [11]jedha.

Itti aansuudhaan ammas waa’ee hundee biraa akkana jechuun dubbate: “Akka bu’uuraatti, oduun faallaa haasaya waahillan keennaa ta’e hunduu tariitii naskii (haqamutu)mala yookii kan isa fakkaatuun walmorma jedhamee deebifamuun gara ragaa biraatti fuulleffama, yookii ragaa waahillan keenna kanatu irra filatama jedhaniin walsimsiifamuuf yaalama, kunis kan godhamuun akkaataa ragaa irratti dhiyeeffachuu dandeenneeni”[12].

Bifa kanaan beektota barnoota afaanii (ilmu Al-Kalaam) biratti ragaan dhageettiidhaan dhufu Qur’aanas ta’ee kan sunnaas ragaa madda lammaffaa ta’ee argame. Inumayyuu dameedhuma aqiidaa irrattis Qur’aanni fi Hadiisni ragaa isa jalqabaa ta’uu hin dandeenne. wanti isaan ragaa ta’anii

---

[10] - Madduma dabre.

[11] - Usuul Al-Karkii, kan kitaaba Ta’asiis Annazar jedhu waliin maxxanfame, maxxansaan: Kaayiroo, fuula 84-85.

[12] - Madduma dabre.

fudhatamuu dhabaniif samuu faallessa jedhu, akka himannaa isaaniitti.

Karaan ragaa sammuu qofa irratti hundaa'u kun kan ragaa sammuu kana ragaa dhageettii caalchisu kun inumayyuu akka namoonni gariin utubaa aqiidaa, bu'uurota isiitii fi qabiyyee isiitti waa dabalan godhee jira. Yookii immoo akka isaan bu'uurotaa fi qabiyyee aqiidaa kanaaf hiikkaa biraa kennan godhee jira. Jarri kun ragaa namni tokko odeessee fi kan namni hedduun itti walii galee odeesses, ragaa gaarii jedhamu fi kan baay'ee bareeda jedhamus ijuma tokkoon ilaalu.

Kun immoo qabiyyee aqiidaa kana keessa wantoota hedduu alaa itti seensisuun akka wantoota warri kiristaanotaa fi Yahuudaanonni itti amananis as keessa galfamu godhee jira. Akkasumas wantoonni ergaa Qur'aanni ifatti jala sararee ibses faallessan keessa seenanii jiru. Isaan keessaa muraasni: Rabbiin wayitti fakkeessuu, jismii yookiin qaama bocuu fi amaloota inni ittiin of ibse irraa isa qulqulleessuu fi kkf fa'a.

Erga kana bira kunne immoo gama biraatiin suufiyyoota waa jajjabeessan argina. Isaanis waa'ee aqiidaa ka'umsa (tokkummaa argamaa)[13] jedhu irraa ka'uun ibsu. Ka'umsi kun

---

[13] - Namoonni tokkummaa argamaa/uumamaa jecha jedhuun beekkaman, beektota suufiyyootaa gurguddoo keessaa kan akka: Ibnu Arabii kitaabban isaa AL-Futuuhaat fi Al-Fusuul jedhamu keessatti, Ibnu Al-Faarid kitaaba isaa Taa'iyaa keessatti, Al-Hilaaj kitaaba isaa Shaxhaat keessatti fi kanneen biraas heddu. Argamni hundi tokko yaadnni jedhu kun waan keeyyatoonni Qur'aanaas hin dubbatini, ittis hin akeekne, akkasumas Hadiisni ergamaa Rabbiitis kana hin dubbanne. Salafootaa fi imaamman ummata kanaas tokkichuu waa'ee kanaa hin dubbanne.
Namoonni mazhaba/karaa kana hordofanii isa beeksisanii dhaadhessaa turan kan akka namoota armaan olitti maqaa isaanii dhooyne kunis yaada

immoo yaada warra shirkii hojjatanii fi yaada waaqeffattootaati. Mee aqiidaan yookiin amantiin yaaddan faallaa fi karaa dhugaa irraa dabaa ta'e kanaan guutame akkamitti xiinxala naga-qabeessa burqisiisuu danda'a? akkamitti ilma namaa kana yaada sirrii isaaf laachuu danda'a? akkamitti mul'ata sirrii ta'e kan gochoota qaroominaa shaakalutti isa kakaasan irratti isa deeggara?

---

kana Hindoota durii kanneen onnee fi sammuun isaanii tokkochummaa Rabbii fudhachuu dadhabde irraa fudhatan. Gariin Hindoota kanaa akkana jedhu "Rabbii fi wanti inni uumes tokkoma".
Mazhaba kana akkuma Hindoota irraa akeeffatanitti Girikoota durii irraayis ergifatanii itti fayyadmaa turan. Ibnu Arabiin yaada tokkummaa argamaa kana raggaasisuun imumayyuu akka raggaatti dhiyeeffatuun, isa irraa jechi fuudhame tokko akkana jedha: "Namni/gabrichi tokko yoo du'e jaalallee isaa (rabbiin) walitti dhufuun tokko ta'a" jechuudhaan akkana jedhee walaleesse:
Lubbuun isaa lubbuu kiyya lubbuun kiyya lubbuu isaati
Yoo ani fedhe (waa raawwachuu fedhe) innis ni fedha, yoo inni fedhe anis ni fedha.
Kitaaba Al-Futuuhaat Al-Makkiyya (4/373) irratti fi 3/535 irratti yaada kana kan walaleesse.
Ulamaa'onni Muslimaa hedduun mazhaba baay'ee badaa ta'e kana irratti deebii gahaa kennanii jiru. Abbaan kitaaba *Kashfu Azzunuun* jedhamuu kitaabota baay'ee waa'ee mazhaba kanaa badaa fi miidhaa ta'uu isaa ibsan tarreessee jira. Muhaddistoota keessaa namoonni mazhaba kana irratti deebii deebisanii badooma isaa irraa barreessan keessaa tokko: Sheek Ahmad Assarhandii, Shaah Waliyyullaah Addahluulii, sheek Jamaaluddiin Al-Afgaanii, sheek Muhammad Abdoo fi kanneen biraas heddu.
Hayyoota falaasamaa biyya dhihaa keessaa namoonni hedduun mazhaba kana ofitti fudhatanii dhaadhessaa turan. Isaan keessaa: Ispiinoozaa, Heeygal, Delbaak, Diwaaroo fi kanneen biraas jiru. Ibsa dabalataatiif kitaaba Al-mu'ujam Al-Falsafii jedhamu fuula 569-570 dubbisi. Akkasumas kitaaba Moowsuu'at Al-Falsafaa jedhamu kan Abdurrahmaan Al-badawiin qopheesse, fuula 2/624-625 dubbisi.

## Barnoota Afaanii (Ilmu Al-Kalaam) irratti Qoqoodamiinsa Argame

Gadaa sheeka Islaamaa *Ibnu Teeymiyyaatti*, manneen kitaabotaa hedduun kittaabban, qu’annoo, qorannoolee fi gosoota maxxansa gara garaa kan waa’ee barnoota afaanii kanaan wal-qabateen guuttamtee argamti.

Yeroo sanitti namoonni waa’ee barnoota afaanii fi waa’ee adeemsa falaasmaa kana irratti gareelee gurguddoo lamatti addaan qoqqoodamanii jiru, isaanis:

**1ffaa-** Garee gosa barnootaa kanniin falmu, akka namoonni biraas isatti hin dhiyaanne dhoorguudha. Miseensonni garee kanaa gosa barnoota dubbannee kana barnoota miidha-qabeessa iimaanatti nama hin geessine, kan kufrii irraa nama hin baraarre jedhanii fudhatu. Akkasumas artii mormii fi falmii bu’aa hin qabne, tooftaalee falaasamaa fi yaaddan loojikii qofatti amanuu kan saayinsii warra jalqabaa irraa fudhatamee fi kan alaa ergifame irratti bu’uureffameedha jedhanii yaadu.

Gosoonni barnoota kanaa hunduu barnoota yookiin artii amantii Islaamummaatiin walitti hidhame hin qabneedha jedhu. Inumayyuu yaada alaa gara amantiitti seensifameedha jedhu. Kanaafuu namni Muslima ta’e kamiyyuu barnoota Ilmu Al-Kalaam barachuu irraa fagaachuu qaba, ittis dhimmamuu hin qabu. Yoo namoota isa dhaadhessanii fi karaa kana hordofan irratti deebi deebisuuf barate malee jedhu warroonni garee kanaa. *Sheek Ibnu Teeymiyyaa* fi manni barumsa isaaniis gara garee kanaatti dabu. Garuu haga tokko baay’ee hin jajjabeessan (ni laaffisu).

**2ffaa**: Garee gosa barnootaa kana ofitti fudhatee, guddina isaatiif gumaacha godhee, barnoota baay'ee kabajamaadha jedhee fudhatee, aqiidaa Islaamaa tiiysuuf barnoota kana barachuu fi barsiisuunis dirqama jedhee itti amanuudha.

Ragoota gareen kunniin dhiyeeffatan kitaabban Fakruddiin Arraazii hedduu irraa argachuu ni dandeenna. Keessattuu kitaaba isaa (Nihaayatu Al-Uquul) jedhamu irraa baay'inaan arganna. Akkasumas kitaaba isaa Tafsiir Al-Kabiir keessattis waa'ee kanaa sirritti ibsuudhaan, yeroo keeyyata Qur'aana asiin gaditti dhiyaatu kana hiiku/fassaru irraa haasayee jira.

يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ ٱعۡبُدُواْ رَبَّكُمُ ٱلَّذِي خَلَقَكُمۡ وَٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِكُمۡ لَعَلَّكُمۡ تَتَّقُونَ ٢١ سورة البقرة :21

*[Yaa warra Rabbitti amantan hoo! Rabbii keessan kan isinii fi warra isiniin duraas uume gabbaraa] (Al-Baqaraa: 21).*

Yeroo keeyyata kana hiiku, barnoonni afaanii (ilmu Al-Kalaam) irra kabajamaa barnootaati, isa barachuun dirqama (waajiba) jedhee dubbate. Warroota gosa barnootaa kana bid'aadha barnoota amantii Islaamaatiin walqabatuu miti, barnoota namni martuu dugda itti kennuu qabuudha warra jedhan irrattis deebii kennee ture[14].

### Aqiidaa Akka Seera Xiinxala/Ilaalchaatti

Seerri aqiidaa kan Qur'aanni roga rogaan bareechee ijaare, kan Qur'aanni qabiyyee isii hundatti xiyyeeffate, kan Toowhiida/Rabbiin tokkochoomsuu fiixxee aqiidaa, seera isiitii

[14] - kitaaba Al-Maxaalib Al-Aaliyaa, 9/113 dubbisi, Beeyruut, maxxansa Daaru Al-Kitubu Al-Arabii, bara 1987.

fi ka'umsa isii kan bu'uuraa godhe kun dhimma aqiidaa keessatti dhimma ijoodha.

Wanti Qur'aanni akkanatti dhimma kanatti dhimmameef akka aqiidaan tun qulqullina, tokkochummaa Rabbii, maddeen irraa burqitu fi dandeettii isii kan gaaffii dhumaa[15] wanta jedhamu deebisuuf qabduu fi rakkinoota falaasamaa gurguddoo furuuf dandeettii qabduun, akka aqiidaan tun seera bu'uura ilaachaa kan ilaalchonni, qayyabannooleen, madaalliiwwan, safuuleen nama Muslimaa hundi akka ka'umsaatti irraa kaatee isatti deebitu fi kan isaan sirrooftu godhuufi.

Aqiidaa akkanaa kanaan sammuun Muslimaa bocamti, akkasumas wantoonni sammuu kana cimsan kan akka beekkumsaa, barnootaa, artiidhanii fi duudhaalee qaroominaas isiin bocamu. Kanaafuu jijjiiramni aqiidaan tun artii, dhandhamootaa fi argamoota lubbuu namaa irratti hubaatii fidan irratti qabdu hunduu ifatti beekkamuu qaba.

Aqiidaan akka ilaacha Islaamummaatti safartuu sirreefama nama Muslimaati. Safartuun tun sammuu nama Muslimaa fi fedhii lubbuu madaalti. Kanaafuu jijjiiramni aqiidaan ijaarsa fi artii irratti fiduu dandeettu jijjiirama ibaadaa irratti fidduu gadi ta'uu hin qabu. Kanaafuu isiin bu'uura waan

---

[15] - Gaaffilee dhumaa/ gaaffilee walii gala kan jedhamu gaaffilee waa'ee ilma namaa, hawaa, jireenyaa fi dhugummaa jaraatiin walqabatu irratti gaaffilee ka'aniidha. Akkasumas gaaffileen kunniin yeroo gaaffilee kanniiniif deebiin laatamu, wantoota isiin walqabatan kan fakkeenyummaa beekkumsaa fi aadaalee gara garaa bakka bu'an of keessatti hammatti. Hawaasa Muslimaa biratti immoo qabiyyeeleen iimaanaa gaaffilee kanniiniif deebii guutumatti kennitiif.

hundaati. Nama Muslimaatii fi ummata Muslimaatiif sammuu isaanii ijaaruuf aqiidaan kun kutaa fi dimshaashni isii (guutumatti) nagaya ta’uu qaba.

Aqiidaan waa’ee dhimma hawaa, ilma namaa, jiruufi jireenya isaa, hariiroo hawaa, jireenyi fi namni Rabbii waan hunda uume waliin qaban fi hariiroo hawaa fi jireenyi ilma namaa waliin qabanii fi ga’ee namni jireenya kana irratti fi jireenya kanaan boodaa keessatti qabu irratti ilaalcha walii galaa fi ibsa bal’aa namaa kenniti. Aqiidaan hidhaa falaasmaatiif furmaata, gaaffilee walii galaatiif deebii laatti, ilma namaatiif wantootaa fi tooftaalee inni ijaarsa beekkumsa hundaatiif itti barbaadu ni dhiyeessitiif.

Ga’een aqiidaan tapahattu qabxiilee armaan olitti tarreessine kana qofa irratti hin dhaabbatu. Aqiidaan jidduu beekkumsaa, safuulee fi qayyabannoolee hidhaa cimaan walitti hiiti. Madda beekkumsaa kan sirreeffama tokkochummaa Rabbii (tokkochummaa, Rabbummaa fi ibsaa fi maqaa isaa) eeggateen sirreessuun qilleensa/naannoo xiinxalaaf, sammmuu fi lubbuu namaatiif mijataa ta’e uumti.

Erga namni qabxiilee bu’uuraa kana hunda guutee argameen booda, dandeettii namaa hundaaf dirree waa qu’achuu, dirree qorannoo saayinsiiwwanii kan bifaa fi akkaataa boca hawaa kanaa fi waan isa keessatti dhokate hunda hubachuu, dirree hiika jireenyaa fi iccitiiwwan isaa hubachuu, dirree namaa fi wantoota sammuu, lubbuu fi qaamni isaa irraa walitti qabame hubachuu bantiifi.

Aqiidaan Islaamaa ilma namaatiif ga’umsa sammuu isaa fi dandeettii waa hubachuu isaa sirritti eegdiif. Akkasumas akka

inni dandeettii sammuu isaa kana dhimmoota xixiqqoo bu'aa hin qabne kan akka: falaasma fi barnoota afaanii kan wantoota isa jalaa dhokatan qu'achuun walqabate irratti hin balleessine ajajji.

Aqiidaan Islaamaa akka namni waa'ee addunyaa mul'ataa kana irra jiru hunda qoratee beekuuf karaa isaa saaqxi. Akka inni dhimmoota argama kana keessa jiran hunda beeku deeggarti. Ilmi namaa dachii kana misoomsuu fi hawaa kana beekee irraa fayyadamuu akka qabu waan Rabbiin itti gaafatamummaa itti kenneef, sirritti of beekee waa beekuus qaba.

Akkasumas aqiidaan Islaamaa tun ilma namaa kanaaf kaayyoo fi galma gurguddaa fi bu'a-qabeessa ta'e kan namni gayuu qabu bocce isa dura keetti. Galmaa fi kayyoleen kunniin ilma namaa kana jiruu baraaxinaa jiraachuu irraa, bu'a-dhabdummaan isatti dhagayamuu irraa, ceem'aa fi nama irratti irakachuun akka isatti hin dhagayamne tiiysiti. Akka namni ga'ee isaa kan lafa misoomsuu/ijaaruu fi ga'ee qaroominaa addunyaa hundaaf gumaachuu bifa bareedaan bayatus deeggarti.

Gadaa jalqabaa keessa aqiidaan Islaamaa bu'uura hundee ijaarsa beekkumsaa turte. Isii irratti seerri hawaasummaa fi qaroominaas gadi dhaabbate. Beekkumsa, warraaqsotaa fi shaakalliiwwan sammuu Muslima hundaa irraa callaqisuu dandeettee jirti. Akkasumas seera naamusaa, amala gaarii, seera waliin jireenyaa fi hariiroo namummaa keessattis jijjiirama mul'iftee jirti. Gadaa sanitti ga'ee aqiidaan taphatteen ala, wanta tokko qayaabachuun, hubachuun fi hiika itti kennuun hedduu ulfaataa ture.

Kana irraa ka'uudhaan maaliif hojiiwwanii fi shaakalliiwwan kamiyyuu iimaanaa fi jaalala Rabbii itti niyyachuun akka dirqama ta'e beekuu dandeenna. Kanaafuu dalagaan gosa kamiyyuu taanaan, jihaannis, seera yookiin murtii shari'aa hojii irra oolchuunis hanga ulaagaa bu'uuraa fi utubaa jalqabaa kan ta'e iimaana of keessaa qabaatutti Rabbiin biratti fudhatama hin qabaatu.

Dalagaan kun ulaagaa kana kan guutuu qabuuf bor guyyaa dhumaa dalagaan sun nama irraa fuudhamtee mindaa itti argachuuf qofa osoo hin taane, as jiruu duniyaa tana irrattis hojii hawaasa Islaamaa ijaaru tokko hojjatanii bu'a-qabeessa godhuufiyyuu barbaachisaadha.

Kanaafuu aqiidaan geengoo Islaamaa keessatti walakkeessa/handhuura waan hundaati. Aqiidaan tun sammuun utubaa aqiidaa fi seerota isii qofatti amantee fudhachuu qofa irratti kan dhaabbatuu miti. Aqiidaan qabxiilee tarreessine kana hunda bira kutuun wantoota ilmi namaa itti hajamu hunda isaaf guutuu, miira namaa, xiinxala, qarummaa isaa, argaa fi cufuma miira ilmi namaa ittiin waa hubatuu hunda waliin walsimti. Akkasumas haala qabatama battalaa kan ilmi namaa jiraataa jiru, haala amala uumamaa kan Rabbiin irratti nama uumeenis walgitti[16].

Walfudhatiinsi walii galaa kan aqiidaan cufuma miira namaa waliin qabdu kun, ilma namaa keesatti si'aa'inaa fi dandeettii socho'anii wantoota aqiidaa kana irraa barbaachisan gara qabatama jiru kan ijaan mul'atu yookiin harkaan tuqamuutti geeddaruuf gargaara. Qabatama keessa jiraatu kanas

---

[16] - Kasaa'is Attasawwur Al-Islaamii, madda dabre.

ilmi namaa miira isaatiin, gara laafinaan, hinaaffaa isaatiin, kaka'umsaa fi kutannaa isaatiin nama kana gara wanta gaarii ofii keessa jiru kana irratti akka hirmaatan yaamicha dhiyeessaaf.

Akkasumas akka isaan hawaasa walqixa ta'e, kan walfudhatu/walsimu, kan dhugaa 'ilmi namaa hunduu walqixa' jedhutti amanu, kan cufti ilma namaa dachii kana irratti bakka bu'aa Rabbiiti jechatti amanu, cufti wanta uumama kana keessa jiruu hunduu ilma namaatiif laaffifamaadha kan jedhu, ilmi namaa misoomsa uumama hundaatiif itti gaafatamaadha kan jedhu, Rabbiin immoo akka inni addunyaa kana hunda misoomsuuf isa gargaara, akka inni dhugaa jirtu hunda beekee hubatu isa waliin jira nama jedhu uuma.

Aqidaa Qur'aana kabajamaa irraa kallattiidhaan fudhatamte tanaan, hawaasni/gareen Muslimtoota gadaa jalqabaa sirritti aqiidaa tanaan walsimanii hooggansi dhala namaa hundi nagaya bayee argame. Aqiidaan kanaan dura fi amma boodas ilmi namaa fakkaattuu isii hin argin, kan uf durattis arguuf hin deemne tun dhaloota san hoogganaa turte. Jireenya dhala namaa keessatti gama wanta miiraa fi keessa namaatiin walqabatuu fi gama sosochii fi qabatama namni keessa jiruutiinis fakkeenyummaa yoomiyyuu seenaan hin galmeessin galmeessisiiftee jirti.

Garee/hawaasa saniif Qur'aanni madda beekkumsaa isa jalqaa ture. Aqiidaan tunis madda kana irraa fudhatamte. Seenaa keessatti wanti baay'ee nama ajaa'ibsiisu ummanni tokko keeyyatoota Qur'aanaa irraa madduu isaati[17].Hawaasni kun keeyyatoota Qur'aanaa kanaan jiraataa tur. Sunnaan ergamaa

[17] - Kasaa'isu Attasawwur Al-Islaamii, madda dabre.

Rabbii bu'aa fakkeenyummaa Qur'aanaa kan hanqinni isa hin dhaqqabneeti waan ta'eef, hawaasni Muslimaa akka sadarkaa jalqabaatti keeyyatoota tana irratti irkataa ture. Kana irratti haati manaa ergamaa Rabbii Aa'ishaan yeroo naamusaa fi amala ergamaa Rabbii irraa gaafatamte akkana jettee deebiste: "Amalli/naamusni isaanii Qur'aana"[18] jette.

### Sirreessa Aqiidaa Ibnu Teeymiyyaan Sirreessan

Bu'uura dubbanne kana irraa ka'uudhaan, sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan qabsoo isaanii kan aqiidaa sirreessuu eegalan. Ibnu Teeymiyyaan aqiidaa qulqulluu tana hanqinoonni fi qaawwi itti argamuu isii hubatee, bu'uura isiin irratti bu'uureffamtee turte irra deebi'ee ijaare. Bu'uura kanas bu'uura salafiyyummaa kan qulqulluu ta'e kan Qur'aana kabajamaa fi keeyyatoota isaa ragaa godhatu irratti gadi dhaabe.

Aqiidaa tanas irra deebi'ee rogoota isii sirreessee ijaaruuf, xurii hunda irraa qulqulleessee, sunnaa ergamaa Rabbiitiin *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* ibsee bareechee, wahyii sirritti dubbisee erga qayyabateen booda. Yeroo kana hojjatu Ibnu Teeymiyyaan akkaataa ummanni Muslimaa keessa jiru, qoqqoodamiinsaa fi addaan citiinsa isaan qunname kana sammuu keessatti qabateeti.

Yaaddan gareelee amantii fi jechoota isaanii gadi bu'ee xiinxaluuun, rakkinoota aqiidaa Islaamaa mudatan kana ija isaa fuul-dura kaayuun, akkaataa gareelee gar-gar fottoqxe tana geengoo ummata tokkoo keessatti ittiin deebisu fi waldhabiinsaa

[18] - Hadiisa Muslimi fi Beeyhaqiyyiin kitaaba sunanaa keessatti baasan, kitaaba Al-Fathu Al-Kabiir 2/366.

fi qoqqoodama gareelee kana akkaataa itti dhabamsiisuu danda’u irratti marii guddaa sammuu isaa waliin godhaa ture.

Kitaabota isaa kanneen aqiidaa gareelee Islaamaa gadaa isaa keessa jiran ittiin falme hedduu keessatti, kitaabban kana qopheessuu fi barreessuu keessatti ka’umsi isaa kan jalqabaa mul’ata amantii Islaamaa fi aqiidaa isaa sirreessuu irraa eegale. Akkasumas tokkummaa ummataa deebisuu fi jidduu isaaniitti walii galtee uumuu irrattis xiyyeeffatee ka’e. tokkummaa fi walii galtee ummataatiif dursi immoo hundeen adeemsaa nagaya qabaachuudha, aqiidaan qulqulluu ta’uudha. Akkas ta’ee argamnaan yaadaa fi ilaalchi namaa tokko taanaan, kaayyoo fi galmi namaas tokko ta’ee argama[19].

Inumayyuu Sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan futuna guddaa waan qabuuf sadarkaa geengoo Islaamaa kan dhuunfaa kana bira kutuun gara sadarkaa geengoo Islaamaa kan walii galaatti tarkaanfachuu eegale. Geengoon Islaamaa kan walii gala kunis geengoo xalayaan nabiyyootaa fi ergamtoota hunda irratti buufamte tan walii galaati, xalayaan sun hunduu karaa qulqulluu, karaa irra walii dabriinsaa, karaa waa hunda of keessatti hammattu, karaa nabiyyii keenna Ibraahim kan Rabbiin qur’aana isaa kabajamaa keessatti dubbate saniidha.

Kana irratti Rabbiin akkana jedha:

---

[19] - Kitaabban Ibnu Teeymiyyaan gareelee fottoqan irratti deebii deebisuuf qopheesse keessaa inni tokko kitaaba (minhaaju Assunna Annabawiyyaa) jedhuudha.

مَا كَانَ إِبْرَٰهِيمُ يَهُودِيًّا وَلَا نَصْرَانِيًّا وَلَٰكِن كَانَ حَنِيفًا مُّسْلِمًا وَمَا كَانَ مِنَ ٱلْمُشْرِكِينَ ﴿٦٧﴾ إِنَّ أَوْلَى
ٱلنَّاسِ بِإِبْرَٰهِيمَ لَلَّذِينَ ٱتَّبَعُوهُ وَهَٰذَا ٱلنَّبِيُّ وَٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ ۗ وَٱللَّهُ وَلِيُّ ٱلْمُؤْمِنِينَ ﴿٦٨﴾

سورة آل عمران:67-68

*[Nabi Ibraahim Yaahuudaa miti, Kiristaanas miti, garuu inni nama ajaja Rabbii hordofuu fi kan ajaja isaatiif of kenneedha. Inni Mushrikaa miti (nama Rabbitti waa dabaluu miti). Namni nabi Ibraahimitti irra dhiyaatu nama isaa fi nabiyyii kana (Muhammadiin) sirritti hordofe fi nama isatti amane, Rabbiin jaalallee warra isatti amaneeti] (Aala Imraan: 67-68).*

Ibnu Teeymiyyaan kitaabota baay'ee bareeda ta'an kan waa'ee aqiidaa Yahuudaa fi Kiristaanota gadaa isaa jiran ibsa hedduu barreessee ture. Kitaabota sanniin keessatti rakkinoota kitaabota jaraa qunnaman kan akka: jijjiiruu, itti dabaluu, irraa haquu, hiika jijjiiruu[20] fa'as ibsee jira. Qabsoo kana hunda kan raawwateen miira nama nama mormuu fi nama dhiibuutiin osoo hin taane miira nama da'awaa godhuutiini. Kanas kan godheef akka jarri ofitti deebi'anii of ilaalaniifi, xalayaa nabiyyootaa fi ergamtoota isaanii tana haqamaa fi itti dabaliinsa namaa irraa akka qulqulleessaniifi.

Qabsoo kanas kan gaggeesseef akka maddi warraaqsa qajeellumaa fi amantii haqaa irra jiru fuul-dura garee

---

[20] - Kitaabota sanniin keessaa kitaaba bareeda ta'e kan (al-jawaabu assahiih Alaa man Baddala diin Almasiih) [deebii sirrii nama amantii Iisaa jijjiireef] jedhu fi kitaabota biraa fa'a. Kitaabonni kun gariin bifa of danda'een kophatti maxxanfamee jira. San keessaa kan akka (Iqtidaa'u assiraax Almustaqiim) jedhamu fa'a. Kitaabban gariin immoo garee fatwaadhan Ibnu Teeymiyyaa jalatti dabalamuun maxxanfaman.

mushrikootaa fi waaqeffattootaa dhaabbatee dhugaa fi ifnana amantii Islaamaa keessa jiru isaaniif ifatti baasuufi. Yeroo aqiidaadhan sirreessuu fi irra deebisee ijaaruuf tattaaffii godhu kanatti karaa/adeemsa sirrii ta'e hubatee jira.

Sammuu beekkumsaan guutamte tanaan, jechamoota warra Kitaabaa (Yahuudaa fi Kiristaanotaa) hunda irra deebi'ee dubbisee, yaamicha isaan namaaf dhiyeessanii fi haqiinsa isaan kitaaba isaanii irratti raawwatanis irra gayuu danda'ee jira. Wantoota isaan haqan keessaa: nabiyyiin kitaaba Toowraatii fi Injiiliin keessatti ni dhufa jedhamee dubbatame Muhammad Bin Abdullaah miti. bifoonni inni kitaabban kana keessatti ittiin ibsame isaa fi shari'aa isaatiinis wal hin gitu. Wanti nabiyyummaa isaa ittiin raggaasifnu yoo jiraate, inni nabiyyii Araboota qofaaf ergame, xalayaa/ergaa isaaniif ta'u qofa qabatee dhufe kan jedhuudha.

Kanaafuu inni nabiyyii xumura nabiyyootaa sanii miti. nabiyyii xalayaa addunyaa hundaaf taatu, tan waan hunda of keessatti qabattu sanii miti, nabiyyii ni dhufa jennee nuti eegaa jirru sanii miti jedhu. Akkasumas kitaabni isa irratti bu'e kan Qur'aana jedhamus kitaaba dhumaa kan murtiin Rabbii ol'aanaa dur ummata Israa'iil bira turte gara isaatti itti jijjiiramtee miti. Shari'aan isaas shari'aa waa laaffiftuu fi tan tola namaaf ooltuu, tan ba'aa fi hidhaa nama irra ture namarraa lafaan geettu miti jechuun dubbatu.

Ibnu Teeymiyyaan Rabbi isaan irraa haa jaalatuu kijibaa fi olola isaan oofan kana hunda isaa mormuun kitaabotaa fi qu'annoolee hedduu keessatti barreessee jira. Barreeffamoonni isaa kunis dirree amantiiwwan wal maddii qabuu fi ololoota

garii waa'ee wahyii duraa fi duuba isaatiin wanti isa balleessu isatti hin dhufu jedhee Rabbiin waadaa gale irratti ka'aniif deebii kennuu irratti qabeenya guddaa gatiin isaa hagana hin jedhamne ta'ee argamee jira.

Ibnu Teeymiyyaan qabxiilee bu'uuraa kan namoonni hedduun irratti walsimatan kan akka tokkochummaa Rabbii, tokkummaa dhugaa, kaayyoo namni uumameef, seerota murtiilee Rabbii, madden beekkumsaa, tooftaalee fi meeshaalee isii rogatti deebisuu fi hariiroo jidduu jaraa jiru daangessuu irratti baay'ee hojjate.

Ibnu Teeymiyyaan Rabbi isa irraa haa jaalatuu, hariiroo jidduu madden beekkumsa jiran daangessuun dirree fi gosa beekkumsi sun hojii irra itti oolu daangessuu fi jijjiirama isiin fiddu daangessuuf nama gargaara jechuun qayyabate. Akkasumas walfamiinsaa fi walmormii jidduu isiitti uumamuufis furmaata laatuuf oola.

Kana irraa wanti nuti arginu akka waan Ibnu Teeymiyyaan qabsoo ilaalchaa warroonni amantii itti hajamanii fi yaada gareelee Islaamaa mara jeequ walitti hidheeti. Karaa biraatiin immoo ilaalcha dirree beekkumsaa fi barnoota walii galaa fi kan amantii Islaamaa irratti ol ta'ee argamuu fi hariiroo jidduu maddeen beekkumsa namaa jiran daangessuu akka waan walitti hidheeti.

## Ejjannoo Ibnu Teeymiyyaan Gareelee Islaamaa Faallaa Kafarsiisuu Irratti Qaban

Sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan nama kafarsiisuu, nama bid'aa/faantuu dalagu namaan jedhuu, gareeleen gariin yookiin ulamaa'otiin gariin wal-kafarsiisuun akkuma

waldhabbiin jidduu Muslimootaatti cimaa deemuun babal’ataa deema jedha. Yeroo kana waldhabiinsi fi addaan qoqqoodamiinsi gar malee babal’atee mul’ata. Sababa haala sammuu, ilaalchaa fi lubbuu isaanii injifateetiif jecha, namoonni dhimma kanatti dhimmamuu dhiisanii jiru.

Akka ilaalcha sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaatti waldahbbiin kun miidhaalee hedduu sababa hubannaa dhabuutiin, waa akkeeffachuu, yaada ofii qofa deeggaruun kan namaatiif bakkee kennuu dhabuu, naamusa waa irratti waldhabiinsaa irraanfachuu, afuura barumsaa fi baratuu dhabuu, karaa gaarii ta’een naamusaan walmormuu dhabuu, tokkochummaa namaa tuffachuun rakkinootaa fi hubaatii ummata kanatti fuulleffataa jiru beekuu dhabuu, beekkumsa duraa duuba wantootaa qabaachuu dhabuu, naamusa yaamicha amantii fi bu’uuraalee isaatiif xiyyeeffannaa kennuu dhabuu, naamusa waan gaaritti wal ajajuu fi waan badii ta’e irraa wal dhoorguu irraanfachuu irraa dhufe jedha.

Gareelee Islaamaa yookiin nama dhuunfaa tokko kafarsiisuu, yookiin nama/garee karaa irraa baye kan jallate jedhanii wanti yaamaniif rakkinoota armaan olii kanaan waan hubamaniifi. Kanaafuu Ibnu Teeymiyyaan – Rabbiin isa irraa haa jaalatu – yaada nama kafarsiisuu kana mormanii warroota kana raawatanis akka gara Rabbii isaanii deebi’anii fi akka toowbataniif yaamicha dhiyeessaniifii turan.

Ibnu Teeymiyyaan namoota kanniin kuni mazhaba Imaamu Ahmad hordofa yookiin kan Imaamu Ashaafi’ii

hordofa jedhee addaan hin baafne. Garee Muraazaqaa[21] jedhamu kanneen sheek Usmaan bin Marzuuqiin hordofan irratti duula cimaa bane. Waan inni jedhe kana guutuu argachuuf fatwa isaa (7/680- 686) ilaali. Achi keessaa wanti inni jedhe muraasni:

"Bid'aa/ waan haaraya amma dhufe kan jibbamaa ta'e keessaa tokko gareen takka garee Muslimaa biraa kafarsiisuudha, dhiigaa fi qabeenya isaanii halaala godhachuudha". Namoota bid'aa akkanaa raawwatan irratti deebii cimaa kennuun akkana jedhe: "Sahaabonni fi Imaamman Muslimaa hunduu namni jecha tokko yeroo jedhu dogongore hundi jecha saniif hin kafarsiifamu, osoo jechi isaa sunis sunnaa kan faallessitu taatee jechuu irratti walii galanii jiru. Kanaafuu nama dogongore hunda kafarsiisuun wanta ulamaa'onni irratti walii galan faallessuudha" jedhe.

Akkasumas Ibnu Teeymiyyaan yaada sheekkota gareelee kanneen garee isaanii deeggaraniin namoota garee biraa irraa hin fuudhinaa, ittis hin heerumsiisinaa jedhus kaasee jira. Kana irratti akkana jedhe: "Hordoftoonni ibnu Marzuuq warroota garee *Al-Awufaa*[22] sababa isaan nuu gadi jedhanii tuffachuutiin irraa fuudhuu yookiin itti heerumsiisuu dhoorguu hin qaban, Rabbiin biratti irra kabajamaan namaa nama soda isaa qabu gareelee kamiyyuu irraayis haa ta'u…" jedha.

---

[21] - Ibnu Marzuuq, Usmaan bin Marzuuq bin Humeeyd bin Sulaamaa Al-Qurashiyyi, Abuu Amri jedhamuun beekkama. Beekaa mazhaba Hanbaliiti. Hordofaa karaa suufiyyootaati, Bara 564Htti du'e/1169 A.L.A.

[22] - Al-Awufaa, Qaasim bin Saabit bin Hazmi Al-Awufii Assarqasxii, Abu Muhammad jedhamuun beekkama. Beekaa biyya Anadalusi, hordofaa karaa suufiyyootaati. Kan jiraate jidduu bara (255H-302)/ (869-915A.L. A).

Tariitii sababa nama kafarsiisuun Muslimtoota jiddutti babal'ateef keessaa inni gudddaan"

- Afaan shari'aatiif bakkee kennuu dhabuu fi
- Jechootaa fi tarminolojii shari'aa itti fayyadama isii wallaaluudha.
- Jechoota kanniin bakkaa, hiikka isiitii fi yeroo isiitiin ala itti fayyadamuudha.

Bakkaan ala fayyadamuu yeroo jennu wanta akka kophaatti dubbatame kan walii gala godhuu, wanta bifa walii galaatiin dubbatame dhuunfessuu (bifa dhuunfaa qabsiisuu), wanta daangeffamee murtaa'ee gadi dhiisuu fi wanta gadi dhiifamee daangeffama tokko malee dubbatame daangessuudha. Kaa godhuuf immoo namni tokko shari'aa irraa raga qabatamaa fi quubsaa ta'e yoo qabaate qofa.

Jechoonni akka: *iimaanaa*, *kufrii*, *munaafiqummaa* fi kkf jechoota shari'aa keessatti baay'ee ciccimoo ta'aniidha. Ilaalchonni fi murtiileen hedduun jechoota kana irratti utubamu. Kanaafuu namni tokko kuusaa galmee jechoota qofa ilaalee kan qayyabatuu miti. Galmee jechootaattis dabalee keeyyatoota jechoonni sun keessatti dhufanii fi ergaalee fi kaayyolee shari'aan jechoota san fayyadamuu itti fedheef hunda beekuun dirqama.

Warroota *Usuuliyyootaa* bira seerota baay'etu jira. Seerota isaanii sanitti fayyadamnee isii dagaagsinee gara seera walii gala kan itti fayyadama keeyyatoota jechoota kanaan wal-qabatan ittiin daangessinu tumatuu dandeenna. Jechi *kufrii* jedhu akkuma jecha *iimaana* jedhuu jechoota wantoota namni itti amanuu fi wantoota namni dalaguun walitti hidhata qabduudha.

Jarri lachuu dameelee, sadarkaa, ulaagaalee, sababaa fi wanta itti fayyadama isii dhoorgu qabu.

Jechi *Al-kufri* jedhu Qur'aanaa fi Hadiisa keessatti bakkee heddutti dubbatamee jira. Jechi kun hiika gara garaa qabatee mul'ata. Iddoo garitti kufrii amantii keessaa nama baasu, kan guutumatti ibidda jahannam keessa nama tursiisu jechuu mul'isa. Sunis kufrii ifa galaadha. Fakkeenyaaf:

- Rabbitti kafaruu;
- Tokkochummaa isaa waakkachuu/ mormuu;
- Argamuma isaatuu waakkachuu;
- Maqaa fi ibsoota inni ittiin of ibse mormuu;
- Ergamtoota isaa kijibsiisuu;
- Kitaabota inni buuse mormuu;
- Wanta amantii keessatti ifatti dubbatame tokko mormuu fi kkf fa'a.

Jechi kufrii jedhu kun ammas hiika biraas ni qaba. Innis jecha ilaalcha, gochaa fi jecha wayii irraa badhetti nama fageessuuf itti fayyadamaniidha. Isa kana fuul-duratti ifa godhuuf deemna.

Yeroo garii immoo hiikuma afaanii isa kallattiis bakka bu'ee ni argama. Hiikni kallattii kunis haguuguu fi dhoksuudha. Ragaan kanaa jecha ergamaa Rabbiiti *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu):*

*(( أريت النار فإذا أكثر أهلها النساء، يكفرن ،قيل :أيكفرن بالله ؟قال:*
*يكفرن العشيرة، ويكفرن الإحسان ،لو أحسنت إلى أحدهن الدهر ثم رأت منك شيئا*
*قالت: مارأيت منك خيرا قط))*

*... "Ibiddi jahnnam natti mul'ifamee, hedduun namoota isa keessa jiranii dubartoota ta'uu arge, sababa isaan kafaraniif*

*jecha. Rabbitti kafaranii? Jennaaniin; akkana jedhan, abbaa manaa isaaniitti kafaru (waakkatu), tola inni itti oole waakkatu, osoo dubartoota keessaa isii takkatti waggaa guutuu tola ooltee guyyuma tokko waa sirraa argitee akkana siin jetti: guyyuma tokkos waan gaarii sirraa argee hin beeku"*[23].

Bukaariin akkuma hadiisa armaan olii kanaaf kutaa 'tola abbaa warraa waakkachuu' fi 'kufrii kufrii gadii' jedhu godheef, kutaa biraas mata duree kutaa cubbuuwwan yeroo wallaalaa (*jaahiliyyaa*) jedhee baasee jira. Asitti wanti beekkamuu qabu cubbuun yeroo jaahiliyyaa tun yoo yakkaa fi cubbuu Rabbitti waa yagutoomsuu ta'e malee namni sun kaafira hin jedhamu. Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* nama obboleessa isaa gurraachinna haadha isaatiin arrabseen akkana jedhan*:*

(( إنك امرؤ فيك جاهلية ))

*"Ati nama jaahiliyyummaan isa keessa jirtu"*

Muslim jecha ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatu)* akkanatti dhiyeesse*:*

((اثنان في الناس هما بهم كفر،الطعن في النسب والنياحة على الميت ))

*"Wantoonni lamaa yoo nama keessatti argaman kufriidha, innis dubbiin nama waraanuu fi nama du'e irratti faarsaa booyuudha"* jedhan.

Sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan hadiisa kana irratti akkana jechuun yaada kennan: "Amaloonni/rogoonni lamaan kunniin kufrii nama keessatti argamuudha, lachinuu gochoota warra kuffaaraati, garuu namni gochoota kana dalage kaafira

[23] - Bukaaritu kitaaba isaa Al-Iimaan, kutaa 'tola abbaa warraa waakkachuu' fi 'kufrii kufrii gadii' jedhu keessatti odeesse.

ta'a jechuu miti hanga wanti kaafira isa godhu sun ifatti irraa mul'atutti"[24].

Sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan yaada armaan olii kana irratti akkuma ulamaa'ota ummata kanaa namoonni Rabbii tokkichatti amanan, kan kitaaba tokkichatti amanan, kan qiblaan jaraa tokkoo, kan nabiyyiin isaanii tokko ta'e ofii wal-kafarsiisuu hin qaban, nama kufriin ifa galaa ta'e irraa mul'ate malee jechutti amanu.

Ibnu Teeymiyyaan namoota kufrii ifa galaan irraa argame kana yeroo dubbatan akkana jedhan "sun nama amantii kijibsiisu, isa san jechi kufrii/ kaafira jedhu itti kennamuu haqa godhata. Ammas akkana jedhe Rabbiin Rahmata isaa haa godhuu: "…Muslimoonni namni shahaadaa lamaan hin jedhin kaafira jechuu irratti walii galanii jiru. Dalagaalee afran hafan irratti immoo ulamaa'onni nama isii dhiise kafarsiisuu irratti waldhabanii jiru".

Dalagaalee afran jechuun utubaa afran[25] amantiin Islaamaa irratti gadi dhaabbate jecuudha. Isaan afran kun shahaadaa lamaaniin walitti dabalamanii utubaa Islaamaa ta'u. Ibnu Teeymiyyaan gara dhimma biraatti tarkaanfachuun akkana jedhe: "Nuti yeroo warra sunnaa nama cubbuu dalage kafarsiisuu dhabuu irratti walii galan jennu, wanti nuti itti feene cubbuu akka sagaagalummaa fi farsoo dhuguu fa'a itti feene, hundeedhan tunniin immoo nama isii dhiise kafarsiisuu keessatti waldhabbii beekkamatu jira". Hundee jechuun isaa utubaalee

[24] - iqtidaa'u Assiraax Al-Mustaqiim (2/207-208).
[25] - Salaata, zakaa, sooma fi Hajjiidha.

amantiin Islaamaa irratti gadi dhaabbate kan shahaadaa/ragaa lamaaniin ala jirtu jechuu isaati[26].

Cufni namoonni waa'ee gareelee Islaamaa irraa barreessan hunduu garee kamiyyuu kan garee Islaamaa irraa ta'e amantii keessaa hin baafne (hin kafarsiifne). Fakkeenyaaf: Ash'ariin kitaaba isaa (*Maqaalaat Al-Islaamiyyiin)* [jechamoota Islaamotaa] jedhee moggaase. Osoo gareen tokko yookii mazhabni tokko nama garee isaatiin ala jiru kafarsiisuu haqa qaba ta'ee silaa gareelee kana hunda jecha 'Islaamiyyoota' jedhuun of keessatti hin hammachiisu ture.

Kana irratti Annawawiin akkana jedhe: "mazhabni warra karaa dhugaa irra jiruu ama warra qiblaa irraa ta'e tokko hin kafarsiisu, akkasumas warra fedhii lubbuu ofii jala deemuu fi warra bid'aa/waan haaraya fidanis akka hin kafarsiifne ni beeka"[27].

Ulamaa'onni Muslimaas yaaduma kana deeggaru. Sababni isaas gareeleen/firqaadhan Muslimootaa hunduu nutu garee sirriidha, nutu haqa irra jira jettee of ilaalti. Osoo salphamatti namni wal-kafarsiisuun waan gayu ta'ee silaa ijaarsi ummata kanaa diiggamee hundeen isaas buqqaatee jirtiiyyu ture.

Sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan Rabbiin rahmata ofii jala isa haa cuuphuu ulamaa'ota nama kafarsiisuu kana irraa sirritti nama dhoorgan keessaa isaan tokko. Nama kafarsiisuu kana daangessuuf jecha seera baay'ee cimaa ta'e kan Qur'aanaa fi sunnaan geeddarame kan isa fakkaatu yoomiyyu kan hin

[26] - Al-Fataawaa (7/302) ilaali.

[27] - hiikkaa Nawawiin kitaaba Sahiiha Muslim irratti godhe ilaali (1/150).

argamin bifa baay'ee addaan bayaa ta'een barreessee nuuf dhiyeessee jira.

Bifuma walfakkaatuun, Ibnu Teeymiyyaan Rabbiin Rahmata isaa haa godhu sababa bu'uuraa kan ummata kana gaaga'ama kanaaf saaxilee, garee fi mazhabatti addaan cicciree boolla nama kafarsiisuu, nama bid'aa dalagu yookiin faasiqa jedhanii nama moggaasuutti wanti nama naqe maal akka ta'es qoratuuf yaalii godhee jira. Qorannoo isaa san keessaa tokko wanta Fatwaadhan isaa (10/354-387) fi (3/202-231) keessatti dhufe isa tokko.

Dhuma fatwaa isaanii (3/227) irratti wanti isaan jedhan: "…Hanbaliyyootaa fi Ash'ariyyoota jidduu wal-diddaa fi wal irraa dheessuun akka jiru namni hunduu ni beeka, ani baay'ee onnee Muslimootaa walsimsiisuuf, jecha isaanii tokko godhuuf, akkuma Rabbiin nu ajaje haada Rabii qabachuuf fi jibbaa onnee namaa keessa jiru kana dhabamsiisuuf futuna guddaa nama qabuudha. Ash'ariin nama baay'ee mazhaba Imaamu Ahmadii hordofu, kana mazhaba isaatiif tumsu ta'uu isaaniif ibsee jira, booda haasaya Ash'arii ifa baasee Hanbaliyyoonni arganii jennaan, kuni haasaya sheekaa caala jedhan, yeroo kana jechi Muslimootaa tokko ta'uu kanatti Muslimoonni baay'ee gammadan".

Ibnu Teeymiyyaan haasaya itti fufuudhaan akkana jedhan: "gareelee hunda keessayyuu namni jallataa fi gadi dhaabbataanis akka jiru beekkamaadha. Namni tokko kaafira yookkiin faasiqa jedhamee moggaafamuu hin qabu, hanga ragaan namni waan kana faallesse kaafira yookiin faasiqa jedhu isa fidamee ibsamuufitti. Rabbiin ummata kanaaf dogongora

isaanii akka dhiiseef mirkaneessuu barbaada. Dogongorri kunis dogongora jechaa fi gochaas qabata…”

Saniin booda Rabbiin rahmata haa godhuufii akkana jedhan: “warroonni salafiyyootaa dhimma kana irratti waldhabanii turan, waldhabaas jiru, garuu jara keessaa namni kamiyyuu namni kun kaafira/faasiqa jedhee ragaa itti hin baane”. Yaada kana irratti fakkeenyota hedduu dubbatanii yaadas akkana jechuun irratti kennanii jiru: “kafarsiisuun dinnisiisa/sodaachisa Rabbiin lafa kaaye, osoo dubbiin soba ta’ee silaa ergamaan Rabbii *(nagayaa fi rahmanni Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkas hin jedhan.

Garuu namni tokko amantii Islaamaatiif haaraya ta’uu danda’a, yookii baadiyaa fagoo wayii keessatti guddachuun isaa ni mala. Namni akkanaa kun hanga ragaan isa irra fidamee dubbiin dhugaa isatti himamutti sababa dhimma wayii mormeef jecha hin kafarsiifamu. Tariitii namni kun keeyyata waan inni morme san faallessitu dhagayuu dhabuun isaa ni mala, yookii dhagayee addaan baafachuu dhabuu isaatu mala, yookii addaan baafatee sababa mormeef wayii qabaachutu mala waan ta’eef sirritti addaan baafamuufii qaba”.

Ammas haasaya isaanii itti fufuudhaan akkana jedhan: “Yeroo maraa Hadiisa kitaaba sahiiha lamaan keessatti dubbatame, kan waa’ee namicha reeffa kiyya na gubaa jedhee yoomiyyuu hin dagadhu; [yoo ani du’e reeffa kiyya gubaa, booda galaana keessatti na faffacaasaa, Rabbitti kakadhee Rabbiin yoo danda’ee walitti na qabe, doorsisa/ azaaba nama kamiyyuu hin adabiniin na adabuuf jedha. Akkuma inni dhaamate godhanii, sana booda Rabbiin maaliif akkas na godhaa

jette jedhee gaafannaan, si sodaadheeti jedheen, achii Rabbiinis isaaf araarame”.

Namichi kun yoo reeffi isaa gubamee ga gar faffacaafamee bishaan kuteen, Rabbiin walitti qabee isa gaafachuu hin danda’u jedhee shakke. Dandeettii Rabbii shakkuun immoo akka walii gala Muslimootaatti kufriidha. Garuu namni kun nama wallaalaadha. Rabbiin danda’aa ta’uu isaa hin beeyne, rabbitti ni amana waan ta’eef Rabbiin isa adabinnaa sodaate, kanaaf Rabbiin isaaf araarame.

Sana booda Ibnu Teeymiyyaan rabbi rahmata isaanii haa godhuu akkana jedhan: “Warroota carraaqqii godhan kanneen ergamaa Rabbii *(nagayaa fi rahmanni Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* hordofuuf futuna qaban nama kana caalaa araarama argatutti dursa qabu”.

Waa’ee kana fakkaatu hedduu kitaabotaa fi fatwaadhan isaanii keessatti dubbatanii jiru. Osoo yaada isaan dhimma kana irratti barreessan hunda walitti qabnee dubbanna jennee, silaa kitaaba gurguddaa qabee lamaa kan bu’uuraa fi dameeleen isaa waa’ee nama kafarsiisuu fi munaafiqa nama godhuu irratti xiyyeeffate, kan baay’ee guddaa ta’e nu barbaachisa.

Yeroo kana jennu amantiin Islaamaa jechootaa fi gochoota jallinootaa fi karaa irraa dabiinsaa hunda ofitti ni fudhata jechuu keennaa miti. wanti namni itti amanu kan amantii keessaa nama baasu ni jira, akkasumas dalagaalee fi shaakalliiwwan amantii keessaa nama baasanis ni jiru.

Garuu nama kafarsiisuun ulaagaalee fi sababa mataa isaa danda’e qaba. Akkasumas aqiidaan gareedhaniis qu’annoo, siminaarota, konfaransiiwwan fi mariileen adda addaa irratti

gaggeeffamuu qaba malee, yeroo namni beekkumsa shari'aa hin qabne kanatti, beekaa fi wallaalaa hundaaf raadiyoon, tilivizhiinaan, gaazexaadhaniin, paampileetii, kitaabbanii fi fatwaa nama hunda hordofu irratti baafamuu hin qabu.

Yeroo nuti amma keessa jiruu kun yeroo balaan baay'atee, addaan fottoqiinsi heddummaatee, amantiin Islaamaa wanta haaraya akka keessummaatti ilaalamu itti ta'eedha. Beektonni ammayyaa hambaalee beektota durii kana osoo sirritti dubbisanii karaa jaraa san hordofanii baay'ee nama gammachiisa[28].

## Adeemsa Ibnu Teeymiyyaan Waliin Marii Irratti Qaban

Sheek Ibnu Teeymiyyaan nama meeshaa waraana nama kafarsiisuu fi faasiqa jedhanii nama moggaasuu nama/ garee isaan faallessitutti fudhatuu miti. Haga danda'meen gama beekkumsaatiin sammuu isaanii seenuuf qabsoo isaan irraa eeggamu hundaa ni taassisu. Garuu yoo isaan awwaachuufii

[28] - Galanni kan Rabbiiti, yeroo as dhiyoo keessa qu'annooleen hedduun tan nama kafarsiisuu irraa dhoorgitu maxxanfamtee jirti. Isaan keessaa: (Al-Guluwwu fiddiin fii Hayaat Al-Muslimiin Al-Mu'aasira) kan jedhu, qophessaan isaa Abdurrahmaan bin Mu'allaa. Inni kun qu'annoo sadarkaa yunivarsitiitti eebbaaf qopheeffame yoo ta'u, namni qu'annaa kana irratti gorsaa ta'e Zeeynalaabidiin Arrukaabiidha. Maxxansa dhaabbata Risaalaa, Beeyruut, bara 1992. Akkasumas kitaaba (Attakfiir, Juzuuruhuu, Asbaabuhuu, Mubarriraatuhuu) jedhamu kan Dr. Nu'umaan Assaamraa'iin qopheesse, maxxansa Alminaaraa, bara 1986. Akkasumas sheek Yuusuf Al-Qaradaawiinis kitaaba (Zaahiratu Al-Guluwwi fi Attakfiir) jedhamu qopheessee jira, maxxansa maktabat almanaara al-Islaamiyyaa, maxxansa lammaffaa 5-14.

dhaban gaddaa fi dallansuu baay'ettu itti dhagayama. Yeroo garii gara loltuu waraanaatti waan jijjiiraman fakkaatu. Akka mataan amantii Islaamaa gadi hin qabamneef jecha yeroo gorsanii dadhabanitti inumayyuu namoota isaan faallessan kana irratti leenca ta'anii argamu.

Adeemsi waliin marii isaanii haasayaa fi amala gaariin marii nama waliin gaggeessu. Yeroo baay'ee jecha 'osoo akkana jedhamee' jedhu fayyadamu, tarkaanfii hunda erga deemaniin booda gara nama jallataa yookiin nama karaa sirrii irraa dabe yookiin nama bid'aa/faantuu dalagu jedhanii nama moggaasu, tariitii hanga kaafira[29] jechuutti deemu.

Garuu tarkaanfiidhan dhumaa kun meeshaa waraana isaanii kan dhumaati malee kan jalqabaatii miti. meeshaan waraana isaanii kan jalqabaa waliin marii, wal-falmii tasgabbaayaa ta'e gaggeessuu. Akkasumas wal-mormii ilaalchaa fi beekkumsaa kan sadarkaa seensa dhiyeessuutiin eegaltee hanga bu'aa dhumaatti deemtuudha. Yaalii kana keessatti kutannoodhaan ijji ilmaan ummata hundaa dhugaa akka argitu godhuuf tattaafatu.

Akkasumas duulli isaan gareelee warra sunnaa faallessan irratti bananis yeroo sanitti sababa yeroon walqabate qabdi. Akka fakkeenyaatti ijjannoo isaan garee *raafidaa shaamii* fi gosoota jaraa irraa qaban haa fudhannu. Jarri kun gareelee akka *Baaxiniyyaa, Ismaa'iliyyaa fi Nuseeyriyyaa* jedhaman irraa

[29] - Akka fakkeenyaatti gareewwan fatwa isaanii (3/381-384) ilaali. Akkasumas xalayaa isaan Assulxaan Annaasiriif barreessan (28/398) ilaali. Ammas kitaaba (sheeku Al-Islaam Ibnu Teeymiyyaa) jedhu, kan Abu Al-Hasan Annadwiin qopheesse, fuula 26 ilaali. Kitaaba (Ibnu Teeymiyyaa) jedhamu kan sheek Abu Zahraan qopheesses ilaali.

walitti qabaman. Gareeleen kunniin sababoota hedduuf lola ummata Muslimaa irratti godhame keessatti gara kiristaanotaa goruun booda irrattis gara Titaarotaa goruun diina waliin Muslimootatti duulaa turte.

Ijjannoon akkanaa kun immoo ejjannoo nama amantii Islaamaa dhayatu irraa eeggamuu miti. kuni ijjannoo diinummaa jarri ummata Muslimaatiif qabanii fi jaalala diina Muslimootaatiif qaban agarsiisuudha. Akka warroonni seenaa himanitti hiriira shanaffaa Muslimoon lolu uumuun gariin isaanii yaamicha Muslimootaan loluu Kiristaanotaaf gariin immoo Titaarotaaf dhiyeessaa turan jedhama.

Gareen kun diinaaf karaa saaqanii, akkuma kiristaanotaa fi Titaarotaatti ummata Muslimaa fixanii, doorsisanii, obboleeyyan isaanii kan amantii tokko fi kan qaama isaanii ta'e fixaa bayan.

Sababa kana irraa ka'uudhaan sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan fatwaa yeroo godhan jarri kun akkuma warra Banii Nadiiri jedhan. Mukkeen isaanii fi Timira isaanii muruun ni gaya jedhe. Inumayyuu duula waraanaa jaraa irratti baname keessatti mataa ofiitiin hirmaatanii turan[30].

Fatwaan Ibnu Teeymiyyaan gareelee akkanaa irratti godhan dhimmoota yeroo sanii hundaan wal bira qabamtee hubatamuu qabdi malee haala yeroo sanii irraa adda foo'amtee ilaallamuu hin qabdu, keessattuu yeroo ijjannoolee fi ga'eedhan jijjiiramte kanatti.

[30] - Fatwaa mata dureelee dabraniin wal qabatuu fi kitaaba sheeka Al-Islaam Ibnu Teeymiyyaa jedhau kan Annadwiin qopheesse ilaali.

Yeroo garii aalimni/beekaan Muslimaa tokko fatwa kana akka meeshaa waraanaa ummata Islaamaa badii irraa ittiin tiiysuutti dhimma itti baya. Fatwaan aalimni tokko godhu ummata tiiysuuf si'aai'ina qabaachuu dandeessi. Fatwaan akkasii sun fatwaa nama jihaada godhuu, loltuu waraanaa dirree lolaa keessa jooruuti.

Ejjannoon gareelee xixinnoo tanniinii yeroo hedduu jaarraalee baay'ee keessatti deddeebitee mul'atti. Sababni rakkinna isaanii maal akka ta'e gadi bu'iinsaan qoratamuu qaba. Mazhaba qofa irratti waldhabuun diina alaa wajjiin walii galutti nama hin geessu.

Tariitii wantoota garee kana diina alaatiin walii galchu keessaa tokko mootummaan abbaa irree biyyattii bulchu gareelee hagoo tanaaf mirga ofii ibsachuu hin kennuuf ta'a yookii mirga jireenya ummataa keessatti hirmaachuun qooda irraa fudhachuu hin laatuuf ta'a. yeroo kana diinni carraa kana saamachuun jaalalaa fi gargaarsa isaanii horata.

Garuu sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan yeroo nagayaatti hanga danda'ameen dubbii waldhabiinsa kana furuuf baay'ee tattaaffii godhan, hundeen waldhabiinsaa maal akka ta'e qorachuun marii irratti gaggeessuun filatu. Keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa irraa yookiin ragaa sammuun namaa itti amantu dhiyeeffachuun namoota isa faallessan tooftaa adda addaatiin amansiisuuf yaalii godhu. Waliin mariin isaan suufiyyoota, Ashaa'iraa fi mu'utazilaa wajjiin godhan fakkeenya gaarii ta'uu danda'a.

## Ejjannoo Ibnu Teeymiyyaan Suufiyyoota Irratti Qaban

Waliin marii fi ejjannoon isaan suufiyyoota irratti qaban akkuma karaan suufiyyoota wal caalu wal caalti. Sheekni Islaamaa suufiyyaa sunnaatii fi suufiyyaa bid'aa dalagdu addaan baasuun ilaalu. Suufiyyaa sunnaa tana ni jajjabeessu, hooggantoota isaanii kan akka Aljuniiydi Al-Bagdaadii ni faarsu. Sunnaa bid'aa immoo irratti duulu[31].

Garee suufiyyaa bid'aa kana irratti duulli isaan banan akka garee isa jala jiruutiin waldhaba. Ijjannoon isaan jara irraa qabanis akka ciminaa fi dadhabina bid'aa isaan dalaganii fi akka fageenya isaan Qur'aanaa fi sunnaa irraa qabanii fi akka dhiyeenna isaaniitti waldhaba. Namni sheeka guddaa jedhamuun beekkamu kan Muhyeddiin bin Arabii jedhamu duula isaanii kana irraa harka guddaa argatee jira.

Sheekni Islaamaa kitaaba Ibnu Arabii (Al-Futuuhaatu Al-Makkiyyaa fi Fusuusu Al-Hikam) jedhamu kan baay'ee namoota biratti babal'atee qoqqoodamee jiru kana sirritti gadi bu'anii qorachuu eegalan. Qorannoo kana booda yaada Ibnu Arabii fi wanta inni kitaabota isaa lameen keessatti dubbate kana barnoota nabiyyiitiin walsimsiisuun gonkumaa akka hin danda'amne irra gayan. Duula guddaa isa irratti bananii[32], akka namni isa irraa fagaatu qabus akeekkachiisa kennanii turan.

---

[31] - Ijjannoo isaan suufiyyoota Sunnaa fi tan bid'aa irratti qaban beekuuf fatwa isaanii qabee kurnaffaa fi kudha tokkoffaa ilaali.

[32] - Al-fataawaa (7/594) fi kitaaba sheeku Al-Islaam Ibnu Teeymiyyaa jedhamu kan Annadwiin qopheessee ilaali.

Gadaa Ibnu Teeymiyyaa keessa namoonni waa'ee tokkummaa argamaa kana irratti waan baay'ee bira dabarsan fakkaata. Hedduu yaada kana irratti cichanii daangaa shari'aa sammuu fi amalaa/haalaas bira dabranii. Jallinni/dabnananni aqiidaa kun gara burjaaja'iinsa aqiidaatti nama geessuun ummata rakkinna guddaa isatti deemu irratti fuulleffachuu irraa is dage.

Akkas ta'uu waliinuu Ibnu Teeymiyyaan gaaga'ama argame kana bifa adda ta'een irratti fuulleffachuu eegalan. Kana irratti Rabbiin rahmata isaanii haa godhuu akkana jedhan: "kana irratti (tokkummaa argamaa) namoonni/gareeleen hedduun jallatanii jiru. Namoonni kunniin dandeettii afaanii, suufiyyummaa fi dandeettii falaasamaa kan waan kana waliin deemu qabu. Isaan keessaa: Ibnu Sab'iin, Assadrii Al-Qoonuunii –barataa Ibnu Arabiiti- Al-Balyaanii fi Attalmasaanii fa'a. Attalmasaanii beektota suufiyyootaa keessaa nama baay'ee beekkumsa qabu, farsoo dhuga, badiis ni dalaga…"[33].

Hijraa irraa bara 704tti Sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan sheeka gadaa isaanii sanitti suufiyyoota biratti beekkamaa ta'e kan Abulfathi Nasri Almanjii jedhamu hordofaa sheek Muhyeddiin bin Arabii kan ta'etti xalayaa barreessanii akkana jedhaniin: "osoo miidhaa jara kanaa warra Rabbitti amanee karaa isaa qabate irraa deebisuun dirqamoota keessaa isa guddaa ta'uu baatee lola Titaarotaa Mu'imintoota irraa deebisuun tokko ta'uu baatee, namoota Rabbii fi ergamaa isaatti amananiif iccitii mazhaba tokkoo saaxilee girdoo isaa ifatti saaqutti hajaa hin qabu ture".

[33] - madda dabre.

Haa ta’uu garuu sheekni kaayyoon yaamicha ergamaa Rabbii fi kaayyoon Rabbiin uumama kana hunda uumee, kitaabota buusee, ergamtoota ergeef akka amantiin hunduu kan Rabbii qofa ta’uuf ta’uu ni beeku. Kuni yaamicha wanni Rabbi uume hundi gara Rabbii isaan uumeetti ittiin wal yaamaniidha.

Garuu jarri kun namoota karaa sirrii irra deemaa jiran, kanneen toowhiida Rabbiin isaaf jecha kitaabota buusee, ergamtoota ergeef qabatanii jiran karaa irraa dabsuun tokkummaa argamaa jedhanii dhamaasu. Dhugaan jiru immoo yaanni jarri itti amanan kun uumaa hojiin ala godhuu fi Rabbii waa hunda uume waakkachuudha.

Kanaan dura wanti nuti Ibnu Arabitti tola oollee isa kabajaa turreef kitaabota isaa kan akka *Al-Futuuhaat, Kunhu Al-Mahkam Al-Marbuux, Addurrah Al-Faakirah* fi *Maxaali’u Annujuum* fa’a dubbisnee faaydaa baay’ee waan arganneefi. Yeroo sanitti haga tare dhugummaa isaa hin beeyne turre, akkasumas kitaaba isaa Al-Fusuus kan jedhamu hin dubbifne turre.

Yeroo sanitti obboleeyyan Rabbiif jecha walqabanneen waliin dhugaa barbaada deemna, dhugaa hordofna, dhugummaa karaa saniis ifatti baafna. Dubbiin ifa galee jennaan maal akka godhuu qabnu beeynee turre. Gara kallattii bahaatii sheekkonni ciccimoon nutti dhufanii dhugaa karaa Islaamaa fi amantii Islaamummaa akkasumas dhugummaan jara tanaan maal akka ta’e nu gaafannaan dhugaa jiru jaratti himuuf dirqamne.

Haaluma kanaan daangaa Shaam irraa warroonni dhugaa barbaadan xalayaa nutti barreessanii dhugummaa jara kana akka warroota Yunivarsitii jiraniif ibsinu nu gaafatan. Sheekni Rabbi

isaaniif tumsee ifa onnee isaaniitii fi collummaa qalbii isaaniitiin, akkasumas gorsa dhugaa obboleeyyan Islaamaatiif laatuuf futunuu isaaniitiin, wanta Rabbiin jaalatu fi wanta beekkumsa ganda duniyaatii fi boruu isaanii kennu irratti xiyyeeffata.

Xalayama tana keessatti Ibnu Teeymiyyaan akkana jedhan: “Garuu jara keessaa Ibnu Arabiin amantii Islaamaatti irra dhiyaataadha, bakkee heddutti haasoyni isaa bareeda. Inni mul’ataa fi gubbaa addaan baasa, ajaja, dhoorgamiinsa fi shari’aa akkuma isiin jirtutti raggaasise. Amala gaarii, haalaa fi ibaadatti nama ajaja. Sababa kanaaf namoonni Rabbiin gabbaran hedduun haasaya isaa irraa haala/amala isaa fudhatu. Dhugaa waan inni yaada sanitti fedhe beekuu baatanis irraa fayyadamanii jiru. Namni isaan wali-gale yaanni isaa ifa bayeef”[34].

Ammas bakka biraatti akkana jedhan: “Hiikkaan kun hunduu jecha abbaa kitaaba Al-Fusuusi, waan namichi kun irratti du’e Rabbitu beeka, Rabbiin Muslimoota dhiiraa fi dubartiitiifis, Mu’imintoota dhiiraa fi dubartiitiifis, kan du’ee fi kan jiru hundaafuu haa araramu”.

رَبَّنَا اغْفِرْ لَنَا وَلِإِخْوَانِنَا الَّذِينَ سَبَقُونَا بِالْإِيمَانِ وَلَا تَجْعَلْ فِي قُلُوبِنَا غِلًّا لِلَّذِينَ آمَنُوا رَبَّنَا إِنَّكَ
رَءُوفٌ رَحِيمٌ ﴿١٠﴾ سورة الحشر: 10

*[Rabbii keenna nuuf araarami, warroot nu dura darban amananiifis araarami, onnee teenna keessa warra sitti*

[34] -Al-fataawaa (11/239) fi madda dabre san ilaali.

*amananiif jibba nu keessa hin kaayin, Rabbii keenna ati mararftaa fi tola oolaadha] (AL-HAshr: 10).*

Xalayaan Ibnu Teeymiyyaan ergan tun ijoo xalayaa naamusa waldhabiinsaa/walfalmiinsaa mul'iftuudha. Yeroo xalayaa guutuu dubbistu wanti ati argitu Sheekni Islaamaa cufuma karaa irraa dabiinsa aqiidaa fi ilaalcha garee sanii bal'inaan ibsu. Sana booda hundee isii qorachuudhaan hafteelee karaa irraa dabiinsa amantii Kiristaanotaa irraa dhufaniin walitti hidhu. Karaa irraa maqiinsi kun immoo Kiristaanota kanaan duraa waan baay'ee addaan cicciree, gara gareewwan ofumaa wal lolaniitti isaan jijjiire. Gareelee sanniin keessaa kan akka: *ya'aaqibaa, Nusxuuriyyootaa fi Malkaaniyyoonni* adda durummaadhaan kaafamu.

Ibnu Teeymiyyaan haala kanaan foddaa qu'annoo fi qorannoo yeroo ammaa kana nuti sirritti itti hajamnu banu; innis amantiilee wal bira qabanii ilaaluun akkaataa yaaddan jallinaa fi karaa irraa maqiinsaa kun amantii tokko irraa gara hordoftoota amantii biraatti akka dabre qorachuudha.

Ibnu Teeymiyyaan waa'ee aqiidaa gareelee Al-Huluul fi Al-Ittihaad jedhamanii irratti tokko tokkoon gadi bu'anii ibsanii jiru. Akkasumas akkaataa aqiidaan sun gareelee biraa keessa itti faffacaate fi hubaatii isiin kufiinsa aqiidaa, naamusaa fi amala gaarii irratti qabdus ibsanii jiru. Qoqqoodama garee kanniiniis ibsuun, garee lachinuu gara wayitti irkifamaa fi gadi dhiifamaa jechuun qoqqoodanii yaanni kunis maal akka ta'e ifa godhanii jiru.

Ilaalchi Ibnu Teeymiyyaa waa dimshaasha (generalization) godhuu sammuun namoota gadaa isaaniitii fi

warri isaan boodaan dhufan qabdu san hin beeku. Dimshaashessuun kun gara dhibee baay’ee badaa ta’eetti jijjiiramuun hanga guyyaa har’aatti nu hunda miidhaa jira.  Ibnu Teeymiyyaan yeroo akka ilaalcha isaaniitti jallina yookiin karaa irraa maqiinsa jiru tokko qoratan, dabnana san qoratanii addaan baasuun, bu’aa qoranoo irra gayanii immoo walii gala godhuu fi gareen kun guutumatti kan akkanaati jechuu irraa baay’ee fagaatu.

Adeemsi kun adeemsa isaan nama/gareelee isaan faallessan hunda waliin qabaniidha. Fakkeenyaaf: yoo garee Ashaa’iraa jedhamu mormuu barbaadan, walitti hin qaban, garuu hooggantoota jaraa keessaa kanneen jechoonni isaanii ilaalcha namootaa irratti jijjiirama fidan wayii filachuun yaada irratti kennu[35]. Haala kanaan ilaalchaa fi yaada jarri qabdu dhiyeessuun mormii qabanis irratti ibsu.

Suufiyyoota, Shii’aa, Jahmiyyaa fi gareelee biroos bifuma kanaan falmii jara irratti qaban dhiyeeffatu. Raawwii isaanii kana hunda keessatti tokkummaa ummataa tiiysuuf tattaafatu. Ibnu Teeymiyyaan jechoota sababa dogongoraa fi dabiinsa adeemsaa yookiin beekkumsaatiin ilaalcha Islaamummaa keessa galan sirritti qoratanii ifatti baasuu bareechanii danda’u.

Garee Al-Huluuliyyiinotaa fi Ittihaadiyyiin jedhamu waliinuu adeemsa dimshaashaa godhuun nama hunda kaafira

---

[35] - Maddeen dabranii fi kitaaba Ibnu Teeymiyyaa jedhu kan Abuu Zahraan qopheesse ilaali. Yeroo hedduu wanti isaan dimshaashummaa irraa dheessaniif akka dhibbeentaa Muslimoota garee san hordofanii kanniin tuquu/ maqaa isaanii xureessuu irraa fagaatuufi.

yookiin jallataadha jechuu san hin hordofne, jaras wal-hin qixxeessine. Waan isaan waa'ee Ibnu Arabii ilaalchisee jedhan argee jira. Sana booda gara namoota biraatti ce'uun waa'ee Sadruddiin Al-Qoownuunii akkana jedhan: "shari'aa fi amantii Islaamaa irraa inni irra fagaataa namaati" jedhu. Saniin booda immoo Attalmasaanii fi Ibnu Sab'iin irratti deebii jajjaba deebisan.

Ibnu Teeymiyyaan Attalmasaanii duula guddaa irratti banuun akkana jedhan: "faajirri Attalmasaanii jedhamu irra xuraayaa namaati, kufrii keessa sirritti gadi lixaadha. Inni akka Ibnu Arabiin addaan baasutti jidduu waan guyyaa keessa argamee fi waan dur jiruu addaan hin baasu. Akkasumas akka Arruumiin addaan baasutti jidduu waan dhimma murtaa'e tokkoof jedhamee fi murtii bifa walii galaatiin jedhame addaan hin baasu.

Sababa kanaaf waan haraama ta'e hunda halaala godhata. Wanti sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan kana hunda itti jajjabaataniif namoonni isaan dagamanii isa hordofan sirritti baay'ee waan ta'aniifi. Haga mul'atutti hawaasa irratti jijjiirama fiduu sirritti danda'a fakkaata. Yeroo Ibnu Teeymiyyaan nama haraama karaa godhatu jedhanii isa ibsanitti hordoftoota isaa biratti moggaasni inni ittiin beekkame Attalmasaanii nama of gadi qabaa jedhuu.

Kanuma waliinuu Sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan jidduu suufiyyaa sunnaa fi suufiyyoota bid'aa addaan baasaa ture. Akkuma kana dura dabarsine, yeroo hedduu Juneeydi Al-

Bagdaadii, Abuu Xaalib Al-Makkii, Abdulqaadir Al-Jeylaanii fi kanneen biroos ni faarsu[36].

**Diddaa Ibnu Teeymiyyaan Akkeeffannaaf Qaban**

Sheekni Islaamaa jaalalaa fi diinummaa, mormii fi deeggarsa namaa qaban keessatti fi dhimma kamiyyuu keessatti nama nama akkeeffatuu miti. kuni immoo faallaa waan gadaa isaanii keessa baratameeti. Gadaa isaanii keessa qorannooleen jiran xiinxalla gara wayii dabee fi guutumatti nama biraa akkeeffachuun kan guutameedha. Namni hunduu fiqhii fi aqiidaa keessattis Imaam hordofu qaba.

Mazhaboota jiran jiddutti waldhabbiin argamee ture. Waldhabbiin kunis itti fufiinsa waldhabbii jaarraa afraffaa fi isa booda argameeti. Waldhabiinsi kun fiqhii fi usuula keessattis namni hunduu yaada ofii qofa irratti cichuun kiyya qofatu sirriidha jechuu eegale. Ragaan kanaa kitaabban garii kan baay’ee gurguddaa ta’an yeroo dubbistu; waldhabiinsa kanaan dura ture ibsa godhuun, yaaddan gara garaa namoonni irratti qaban ibsuun sana booda yaada tokko qofa keessaa filachuun yeroo deeggaru argita.

Yaadaa fi gochoonni akkanaa kun beektota ammayyaatiin Ibnu Teeymiyyaa irra fidamee jennaan, kana irratti baay’ee waldhaban. Jarri namoota maquma isaaniitiin qofa hordofu. Ibnu Teeymiyyaan immoo ragaa shari’aa qofa hordofu kama fedhes haa ta’u.

Jaarraan sadan akka 6ffaa, 7ffaa fi 8ffaa gama barnootaatiin addummaa haga tokko qabaattus, kan isiin cimteen baay’inna

[36] - suufiyyummaa fatwaa isaanii keessatti, madda dabre.

odeeffannoolee fi baay'inni kitaabban maxxanfamaniitiini malee heddummina ilaalchaatiinii miti. jaarrota sanniin keessatti odeeffannoo argachuun baay'ee mijata. Garuu ilaalcha bilchaataa fi madaalawaa kan ragaaf malee garamuu hin dabne argatuun baay'ee xiqqaa ture.

Babal'inni ilaalcha jaarraalee sadan sana keessa jiru, qabeenya beekkumsa gadaa saniitiin wal hin simatu. Gadaa san keessa waa'een Hadiisaa, fiqhii, hiikkaa/tafsiiraa fi waa'een seenaa heddumminaan barreeffamanii maxxanfamanii mul'atu. Garuu mazhaba akkeeffachuun, jala deemuu fi isuma qofa hordofuun gar-malee baay'atee argame. Kanaafuu ilaalchi of danda'aan aangoo yookiin dhaadhessa hin arganne.

Sammuun adeemsa beekkumsaa qabdu fi sammuun waa akkeeffannaa kana bira kutuuf dandeettii qabdu muraasa ta'uu waliinuu, sodaan biraas ni jira ture. Sodaan kunis tattaaffii ulamaa'onni akkeeffattoonni mootummaa gadaa saniitiin wal ta'uun sammuu Muslimootaa too'annaa akkeeffannaa jala galchuuf taassisaniidha.

Garuu sheekni Islaamaa soda kanniin hunda bira kutuun, gootummaa nama boonsuun gufulee hunda bira kutuu danda'anii jiru. Gootummaan isaan argisiisan gootummaa *Maalik Binu Anas* fatwaalee isaa keessattuu waa'ee namni dirqisiifamee haadha manaa ofii gadi dhiise xalaaqni/gadi dhiisiinsi sun hin argamu jedhee san fakkaata. Akkasumas gootummaa *Ahmad binu Hanbal* jecha 'Qur'aanni uumamaadha' jedhu fudhachuu didee doorsifame saniin

walfakkaata[37]. Ejjannooleen beektonni Islaamaa fudhatan kan biraas kan hedduu nama boonsan kan bu'uurota ummata kanaatii fi mallattoolee amantii kanaa tiiysan baay'etu jira.

## Carraaqqiiwwan Ibnu Teeymiyyaa keessaa kan Babal'ate

Sheekni Islaamaa rakkinna gaa'ila diiguu[38] yeroo sanitti gar-malee babal'atee manneen kumaatamaan lakkaayaman itti diigamuu eegale san xiixala keessa galchuu jalqaban. Yeroo sanitti namoonni gaa'ila hiikuu kana daangaa shari'aa kan Rabbiin isaaf tume san keessaa baasanii jiru. Rabbiin gaa'ila hiikuu kan karaa godheef yeroo jireenyi waliinii kan abbaa manaa fi haadha manaa itti fufiinsa yoo dadhabee jidduu jaraatti walii galtee fiduun yoo ulfaate; tooftaa seera qabeessa karaa nagaya ta'een maatiin itti addaan bayuudha.

---

[37] - Ejjannoolee akka fakkeenyaatti fudhataman keessaa: ijjannoo Imaamu Maalik yoo qaama biraatiin dirqisiifamanii haadha manaa ofii gadi dhiisan xalaaqni sun hin argamne jedhee fatwa godhe. Kunis kan argameef Abbaasiyyoonni xalaaqaa fi beey'aa (waadaa ummanni mootummaaf gale) walitti hidhuun akka namni waadaa san hin diigneef jecha fakkeenya kana waan fidataniifi. Booda irratti immoo fatwa Maalik kana gama siyaasaatiin ilaaluun akka waan inni ummataan waadaa mootummaaf galtan diigaa jedheetti fudhataniin.

Ejjannoon lammataa immoo, ijjannoo Imaamu Ahmad dhiibbaa kaliifaan Ma'amuun jedhamuu fi gareen Mu'utazilaa Qur'aanni uumamaadha jedhi jedhanii irratti taasisan fudhachuu didee doorsifamaa turuu isaati. Obsii fi ijjannoon inni dhimma kana irratti fudhate kan baay'ee nama boonsuu fi kan yoomiyyuu akka fakkeenyaatti kaafamuudha.

[38] - Qorannoo sheek Muhammad Abu Zahraan mata duree Asbuu'u Al-Fiqhi Al-Islaamii fi Mahrajaan Ibnu Teeymiyyaa jedhu, fuula 683 ilaali.

Garuu namoonni daangaa kana keessaa bayuun, seera bu’uuraa kan inni lafa kaayameef cabsuun, akkuma namni maqaa Rabbiitiin kakatutti isaanis kakachuu eegalan. Kuni immoo baay’ee ulfaataa fi cubbuu biraa keessayyuu kan nama galchuudha. Akkasumas hiikkaa gaa’ilaa kana gara tooftaa ittiin nama sodaachisanii fi dhiibbaa nama irratti ittiin godhaniitti geeddaruun, ittiin qoosanii, taphataniinii murtii inni lafa kaayameef irraa gara murtii diigamiinsa manaa, buqqa’iinsaa fi faffaca’iinsa maatiitti geeddaranii jiru.

Ummata kamtuu yoo maatiin isaa diigamee hundeen isaa buqqa’e jajjaba jedhamee yaamama. Ibnu *Teeymiyyaan* Rabbiin rahamata isaanii haa godhuu dhimma kana gama hundaanuu qoratanii, waa’ee hiikkaa gaa’ilaa irratti wantoonni ulamaa’onni irratti walii galan jedhame muraasni kan irratti walii galame jedhamee hin yaamamu jechuudhaan qabxiilee armaan gadii kana labse:

a) Gaa’ila hiikuun/ xalaaqni kakuu ta’uu hin danda’u, yoo namni tokko akka kakuutti itti fayyadame saniif jecha gaa’ila hiikuun hin argamu. Namni isaan kakate immoo waan Rabbiin malee jiruun waan kakateef ni cubbifama/dilii qaba;

b) Xalaaqni saditti si hiike jedhu sadi ta’ee hin argamu. Yoo ulaagaalee biraa kan guutatee argamu ta’e akka tokkootti fudhatama;

c) Ibnu Teeymiyyaan haala dubartiin xurii laguu qabduun hiikuun bid’aadha, xalaaqni sunis hin argamne (sirrii hin ta’u) jedhanii fatwa godhan. Qabxiilee kanniin hunda irrattuu wanta yaada isaanii cimsuu fi deeggaru ragaa shari’aa dhiyeeffatanii jiru.

Garuu namoota waa akkeeffachuu baratan biratti dhimmi guddaan ragaa qabaachuu fi qabaachuu dhabuu miti. ijji isaanii waan akkeessaa baratteef homa akkeessitu san qofa irratti fuulleffachuun tikaa fi tumsa isa barbaachisu godhuufii qofa. Burjaaja'iinsi ilaalcha warroonni waa akkeefatan qaban kun wanni inni isaanitti fakkeessu, akkeeffannaa qofatu wantoota hunda tiiysuuf wabummaa qaba jedhanii yaaduu isaaniiti.

Kana irraa ka'uudhaan warroonni waa akkeeffatan kun kan isaan hubatan, wanni Ibnu Teeymiyyaan dalagan kun yoo itti fufe; hambaalee fiqhii Islaamummaa irra deebi'ee ilaalee mormii irratti dhiyeessuun sirreeffama barbaachisu hunda adeemsa beekkumsaan guutameen Qur'aanaa fi Hadiisa ergamaa Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) bifa bu'uura godhateen yoo irratti kenne; ijaarsi waa akkeeffannaa kun ni hollata, hundeen isaa nyaatamee kufa, namni gara hundeedhan bu'uura Islaamaatti kallattiin fayyadamutti deebi'u.

Yeroo kana sammuun namaa ni jijjiiramti, haaroomsi dhugaa bu'uura godhate ni argama, dhaabbileen hedduun namoonni argama isii madaqfatani, isitti hidhata godhatanii hariiroo cimsatan, kan faaydaalee fi bu'aadhan isaanii hedduun isii irratti gadi dhaabbatte baduun ni mala. Hambaaleen hedduun namoonni waardiyyaa ta'anii tiiysaa bayan, kan isaan waardiyyummaa kanaan alatti tooftaa jireenyaa kamiyyuu hin beeyne bira kutamuun isaa waan hin oolle.

### Rakkinoota/ Doorsisa Ibnu Teeymiyyaa Qunnaman

Dabaree kanatti abbootiin aangootii fi ulamaa'onni akkeeffannaa irratti guddatan harka walitti naqachuun Ibnu Teeymiyyaa hidhanii cunqursuu eegalan. Walitti dhufeenyi abbootii aangootii fi fuqahaa'otaa erga Qur'aanaa fi aangoon addaan fageeffamanii kuni isa jalqabaati.

Abbaan taayitaa ajaja waa'ee xalaaqaa/gaa'ila hiikkaa ilaalchisee fatwaa walii gala ulamaa'otaa fi mazhaba imaamman afranii faallessu akka hin goone jedhu irratti dabarse. Ibnu Teeymiyyaanis ajaja kana hin fudhanne, fatwaa isaaniis hin dhiifne. Nama gaaffii isaan gaafatu hunda fatwaa isaanii bifa ragaan deeggarameen dhiyeessuun, qaawwa fatwaadhan ulamaa'onni dhimma kana irratti godhan keessatti argame ifa godhuun fatwaa isaanii itti fufan.

Korri abbootii murtii, muftiiwwanii fi fuqahaa'ota garii hammatu ni adeemsifame. Kora kana irratti sheekni Islaamaa dhiyeeffamuun ajajni haaroyni abbaa taayitaa irraa dhufe, kan dhimma gaa'ilaa irratti murtii yaada walii gala ulamaa'otaa faallessuun fatwaa hin godhinaa ergaa jedhu of keessatti hammatu irratti dubbifame.

Ibnu Teeymiyyaan akka fatwaa kana irraa of qusataniif waadaa akka galuu qaban gaafatamanii jennaan ni didan. Korri taa'ame kunis wanta silaa sheeka irraa barbaadu osoo hin argatin addaan ka'e. Yaaliin hedduun Ibnu Teeymiyyaa amansiisuuf taassifame fiixa bayuu dhabee jennaan; abbaan aangoo fi ulamaa'onni gara dawaa isa dhumaatti (tarkaanfitti) deeman.

Dabaree kana immoo galma mootummaatti walgayii godhanii, walgayii san irrattis itti aanaan bulchiinsaa, abbotiin

murtii, muftiiwwan fi fuqahaa'onni mazhaba afranii hirmaatanii jiru. Ibnu Teeymiyyaanis walgayii kana irratti hirmaachifamuun komiin irratti dhiyeeffamee, dhimma kana irratti akka fatwaa hin goone kadhatamanii turan.

Wanti asitti hubatamuu qabu walgayiiwwan taa'ame kana hunda irrattuu waliin mariin ulaagaalee isaa guuttate tokkos hin gaggeeffamne. Akkasumas wal-falmiin yookiin wal-mormiin yaadaa kan mata duree kanaan wal qabatu bifa gaaffii sheekatti dhiyeessanii yaada isaanii irraa dhagayuutiin hin gaggeeffamne. Wanti gaggeeffame hunduu, akka sheekni fatwaa kana irraa of qusatuu fi akka inni yaada kana fudhatuuf qofa dhiibbaa irratti godhuudha.

Kan silaa ta'uu qabu; dhimmi irratti waldhaban dhimma fiqhii waan ta'eef, yaanni sun sirrii moo dogongora ta'aa hubachuuf halangee fi mana hidhaa osoo hin taane, waliin mariin seera qabeessi gaggeeffamuun namni hunduu ragaa isaa dhiyeeffatee kamtu sirrii kamtu dogongora qabaan addaan bayuuu qaba ture.

Garuu hirmaattonni hunduu tooftaa rakkinni ittiin furamuu qabu kana hunda bira kutuun mana hidhaa Damskasitti akka sheekni hidhaman murtii dabarsan. Hidhaan isaaniis kan eegale akka Hijraatti ji'a Rajabaa gaafa guyyaa 22, bara 720tti. Yeroo san irraa eegalee hanga ji'a Muharram guyyaa 10ffaa bara 721tti itti fufe[39].

Rakkinni akkanaa seenaa keenna keessatti argamuun kun qu'annaa guddaa barbaachifti. Ulamaa'otaa fi muftiidhan yaada isaan faallessu dhaabuuf yookiin cal'isiisuuf hanga yeroo

[39] - Madda dabre, fuula 685.

keenna kan ammaa kanattuu gara abbootii taayitaa fiigu. Hanga ammaatittuu wanti nu biratti hin baratamin, yeroo yaanni yaada keenna faallessu dhiyaatu hundaa, naamusa waliin marii, naamusa wal falmuu fi bifa saayinsaawaa ta'een ragaa qabatama ta'e dhiyeeffachuun karaa tasgabbii qabuun waliiin mari'achuun dhugummaa yaada faallaa san hubannee, qorannee, ragaa fi adeemsa isaa agarree, madden inni itti fayyadame ilaaluun hin jiru.

Gadaa Abbaasiyyoota jalqabaa keessa dhimma kana irratti yaaliiwwan taassifaman jiraatanis, yaaliiwwan sunis qaamman siyaasaatiin waan gaggeeffameef homattuu hin geenne. Yaaliin sun osoo warroota xiinxalitoota ta'aniin taassifamee, silaa wantoonni gaggaariin hedduun ni argamu. Silaa walabummaan ilaalchaa gara wantoota dirqamaan nama barbaachisan keessaa isa jahaffaa taatee argamti ture.

Ulamaa'onni hedduun namoota yaada isaanii falme doorsisuun mootummatti gargaarsifamanii hidhaa fi hacuuccaaf nama saaxilan kun; yeroo baay'ee yeroo ijjannoo fi ilaalchi isaanii jijjiirame isaanis tarkaanfii dur nama irratti fudhachiisaa turan saniif saaxilamu.

Rakkinni biraa kan isa jalqabaa sanii gadi hin taane immoo, rakkinna nama yaada namaa faallesse yookiin mazhaba namaa morme kaafira, faasiqa, bida'aa dalaga jechuun nama darbatuuti, inumayyuu yeroo garii amantii keessaa baay'ee jedhanii fa'a nama waraanutu mul'ata.

Sababoota nama yaadaan nama faallesse maqaa hin taane itti moggaasuu kana keessaa tokko nama yaada mormii dhiyeesse kana ummata irraa adda baasuu, nama yaada inni

jedhu san deeggaru irraa isa ukkaamsuu fi yaada/ilaalcha isaa sanis ukkaamsuun qilleensa irra akka hin oolle ugguruudha.

Tooftaan akkanaa kun immoo tooftaa Qur'aana ulfaataa faallessa. Qur'aanni namoota yaada faallaa isaa qaban yaada isaanii bifa bareeda ta'een dhiyeessuun booda irratti deebii itti deebisuun, ragaa quubsaa fi qabatama ta'e kan sammuun deeggartu fi kan miirris hubatuu danda'u isaan irratti dhiyeessa.

Tooftaan/adeemsi Muslimoonni bakkaa fi yeroo kamiyyuu keessatti hordofan isa kana ta'uu qaba. Qur'aanni kabajamaan wanta dhiyeessu hundaafuu ragaa quubsaa kenna malee tooftaa ajaja gubbaa irraa namatti gadi dabarsuu hin hordofu. Kana irratti Rabbiin akkana jedha:

لِئَلَّا يَكُونَ لِلنَّاسِ عَلَى ٱللَّهِ حُجَّةُۢ بَعۡدَ ٱلرُّسُلِۚ ﴿١٦٥﴾ سورة النساء: 165

*[Ergamtoota keenna erga ergineen booda ilmi namaa waan Rabbiin irratti akka ragaatti (rakkinaatti) dhiyeeffatu akka hin argamneefi] (Annisaa': 165).*

Bifa kanaan Qur'aanni sammuu Muslimaa kan ragaa dhiyeeffachuu irratti utubame, kan qaroomina kana fakkaatu kan ilmi namaa yoomiyyuu qarooma isa fakkaatu argatee hin beeyne kana kalaquu danda'e. Dhimmi guddaan, Muslimoonni dhugaa jirtu barbaaduu fi yeroo isiin nama geettetti isiif gurra ergisuudha. Warra kaafiraa biratti immoo dharaan yookiin dhugaan injifachuudha.

Adeemsi ilaalcha namaa hacuucuu, mirgi yaada ibsachuu namaa sarbuu fi namoota duula yaamicha amantii godhan jeequun, beektota Rabiin sammuu fi qayyabannaa itti kenne, warra Rabbiin qalamaan waa barreessuu mijeesseef maqaa xureessuun, amala/dalagaa kaafirtootaa, Mushirikootaa fi

jallattootaati. Namni ergamaa Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii irratti haa jiraatu) waliin marii dide jara. Inumayyuu barjee dalaga, marattuudha, walaleessaadha, kijibaadha, oduu warra durii oofa, nama biraa irraa barate jechuudhaan maqaa isaanii xureessaa bayan.

Warri Mushrikootaa kunniin akka ergamaa Rabbii (nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii irratti haa jiraatu) irraa waa hin dhaggeeffanne jedhanii waadaa walii gala turan. Akkasumas akka namoonni biraas yaamicha isaanii hin dhaggeeffanneef irraa fageessaa turan. Kana irratti Rabbiin guddaan Qur'aana isaa keessatti akkana jedha:

وَقَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ لَا تَسۡمَعُواْ لِهَٰذَا ٱلۡقُرۡءَانِ وَٱلۡغَوۡاْ فِيهِ لَعَلَّكُمۡ تَغۡلِبُونَ ﴿٢٦﴾ سورة فصلت: 26

*[Warri Rabbitti kafare/ rabbin dide akkana jedhan: Qur'aana kana hin dhaggeeffatinaa (yeroo inni qara'amu) sagalee keessan olfuudhaa taphadhaa (wacaa) akka isa (Muhammadiin) injifattaniif] (Fussilat: 26).*

Jarri kunii fi warri Yahuudaa fi Kiristaanotaas kitaabban isaa nama barsiisuuf jecha haala/bifa isaanii jijjiiratanii fakkaatanii namatti dhiyaachuun, waan ofii irra jiran san irratti cichuun dhaadannoo akkana jedhu dhageessisaa turan:

وَلَا تُؤۡمِنُوٓاْ إِلَّا لِمَن تَبِعَ دِينَكُمۡ ﴿٧٣﴾ سورة آل عمران: 73

*[Nama amantii keessan hordofe malee ka biraa hin amaninaa] (Aala Imraan: 73).*

Adeemsa Qur'aanaa kana irraa dabuun kun amantii Islaamaati fi Muslimootas miidhee jira, akka isaan duubatti harkifatanis godhee jira. Akkasumas yaanni nagayaa isaan biratti hanqataa dhufee jira, yaaddan baay'ee du'anii fi nama

ajjeesan tiiysuuf jecha waardiyyummaa bulaa jira. Yaaduma dur dhuunfaan odeesse qofa irratti cichuun kun immoo jarmii sammuu ummata kanaa nyaatee fixaa jiruudha.

Beektonni ummata kanaa baay'een jaarraalee hedduuf lubbuu isaanii wareeganii, dhugaadhaaf gaachana ta'anii jiran. Hedduun isaanii himata fatwaa yaada mootummaa fi beektota isaa faallessu godhe, yookiin immoo yaada mootummaan jedhe fudhachuu dide jechuudhaan hidhatti darbamanii doorsifamaa turan.

Namni kitaabota seenaa beektota ummata kanaa dubbatu hordofe, hedduun beektota sanii himannaa gara garaa kan akka amantii gadi dhiisi fa'a jechuutiin akka himataman ni arga. Hedduun isaanii ajjeefamanii, kuun hidhamee, isaan hafan qabeenyi isaanii jalaa saamamee, isaan gariin kitaabban isaan barreessan jalaa gubamee ture. Beektota haala kanaan doorsifamaa turan keessaa imaamman afran[40] adda durummaadhaan dubbatamu. Seenaa aalima tokkoo yeroo dubbisu wanti ani arge sababa carraaqqii (ijtihaada) godheef dhuma umrii isaa irratti hidhame kan jedhuudha[41].

Kanaafuu sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan sababa fatwaa kennaniitiin yookiin sababa yaada dhiyeessaniitiif jecha hidhatti darbamuun isaanii waan addaatii miti. akkasumas mana

[40] - Imaamu Maalik, Imaamu Ashaafi'ii, Imaamu Ahmadii fi Imaamu Al-Hanbalii.

[41] - Al-Badru Axxaali'u fi Taraajumi ulamaa'I Al-Qaran Attaasi'I, maxxansa Kaayiroo, fuula gara garaa ilaali.

hidhaa keessatti du'anii reeffi isaanii mana hidhaa irraa gaggeeffamuunis haarayaa miti[42].

## Beekkumsa Islaamessuu

Hariiroo sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan beekkumsa Islaamessuu waliin qaban ilaaluun duratti, beekkumsa Islaamessuu jechuu fi dhugummaan isaatuu maal akka ta'e baruu barbaanna. Akka ilaalcha kiyyaatti beekkumsa Islaamessuun amantii Islaamaa irraa gama tiyoorii yookiin gama beekkumsaa bakka bu'a.

Kanaafuu gamni kun kan hammatu gama Tiyooriiti. Tiyooriin kunis akka beektonni afaanii fi falaasmaa irratti walii galanitti dirqama jalqabaa kan namani beekuu qabuudha. Hayyoota falaasamaa biratti, beekkumsi jalqabaa kun akka namni mataa isaatii fi sababa argama isaa beekuuf dirqama; warra beekkumsa afaanii (Ilmu Al-kalaam) biratti immoo namni Rabbii isaa beekuuf dirqama kan ta'eedha.

Namni yoo waa'ee isaatii fi Rabbii isa uume beeke, beekkumsi kun beekkumsa biraa hedduu of biratti hammata. Beekkumsi kunis gaaffilee dirqama deebii argachuu qabaniif deebii laatuuf gargaara. Gaaffileen beekkumsi kuni of keessatti hammatus:

---

[42] - Rabbiin rahmata isaanii haa godhu, baatii shawwaal gaafa guyyaa 20, Hijraa irraa bara 728tti magaalaa Damaskasitti du'an. Mana hidhaatti dhibeen isaan mudate baay'ee osoo hin tursiisin du'an. Yeroo du'anitti namoota isaan hidhan hundaaf dhiifama godhanii turan. Gaafa du'a isaanii namni magaalaa Damaskas tokkichuu waan hin hafin fakkaata reeffa isaanii gaggeessuu irratti namni baay'een hirmaatee jira.

Maddeen beekkumsaa fi hariiroo isaa, gosootaa fi dirriiwwan isaa, tiyooriiwwanii fi sonoota isaa, adeemsa isaatii fi tooftaalee isaa, galmaa fi kaayyoowwan isaa, akkaataa isa hojii irra itti oolchanii fi irraa itti fayyadaman, akkaataa walitti kuufamaa fi walitti qabama isaa, akkaataa dubbisaa fi barreeffama isaa, akkaataa isa barachuu fi barsiisuu isaa, akkaataa isa qorachuu fi maxxansuu isaa, seenaa fi dhugaawwan jiraniin walitti isa hidhuu fa'a of keessatti qabata.

Kana qofaa miti, beekkumsi kun cufuma waan hariiroo dhiyoo fi fagoo isa waliin qabu hunda of keessatti hammata. Namoota Rabbitti amananiif dubbiin waan laafaadha. Akkuma mataa isaaniitii fi Rabbii isaanii beekaniin wanti gadaa keenna keessatti tiyooriilee beekkumsaa fi maddeen isaa biratti hin beekamin isaan biratti bocamuu eegala.

Yeroo kana wanti marti isaanii ifa galuun, wantoonni argama adeemsaatiin dura namoonni ofitti fudhatan isa biratti mul'achuu eegalu; eegasii ilaalchonni seera fakkeenya beekkumsaa ta'anis isa biratti mul'atu, keessattuu ilaalchi hawaa, kan namaa, kan jireenyaa fi kan Rabbii wantoota kana hunda uumee isa biratti mulachuu eegalu. Akkasumas hariiroon uumama sadeen kanaa fi Rabbii isaan uume jiddutti argamuun, wanti dhagaa bu'uura beekkumsaa jennee moggaasuu dandeennu, kan utubaa fi hundeen isaa hariiroo jidduu Rabbii fi jidduu namaa fi hawaa jiru qorachuu jedhu ni argama.

Mul'anni yookiin ilaalchi akkanaa kunis ilaalcha seerri isaa uumama namaa keessatti handhuura/walakkaa ta'e, kan namni gara sirrii fi gara dogongoraatiinis, gama dharaa fi dhugaatiinis itti gayu malee hin hafneedha. Kuni ilaalcha

haguma fedhe karaan isatti gayaniin cimaa ta’us kan hafiinsa hin qabneedha.

Kana booda amaloonni dhageettii, argaa fi onnee akka wantootaa fi tooftaalee beekkumsaa fi waa hubannaatti ifa galuu eegalu.

Dhimma Abbaa ilma namaa hundaa – Aadamiin – ilaalchisee, Rabbiin Aadamiin uumee, maqaa wantoota hundaa barsiiseenii, haadha manaas isaa uumee, akkamitti akka Rabbitti amanuu qabanii fi akkaataa itti toowbatan isaan barsiise. Kuni adeemsa dhalli namaa bu’uura kanaa fi seerota isaa ittiin barsiifameedha.

Rabbitti amanuu fi ilaachonni isaan walqabatan tariitii gama sammuun namaa kun dhugaa jirtu irraa ka’ee wantota dhokatan xiinxaluu eegaluutiinis ni dhufa. Kuni fakkeenya waan Nabiyyiin keenna Ibraahiim irra gayaniiti. Nabi Ibraahiim uumama Rabbiin uume kana xiinxaluun Rabbii waa uume beekutti gaye.

Imala beekkumsa isaanii kan eegalan beekkumsa jalqabaa yookiin bu’uuraa argachuuf, uumama yeroo baay’ee sammuun namaa waa’ee isaa xiinxaluu baay’isu, kan inumayyuu yeroo garii akka Rabbiitti isa ilaalu kana xiinxalluuu eegalan. Uumamni kunis uumama hawaati. Isa kana keessaa immoo Nabi Ibraahiim kan akka urjiilee fa’a xiinxaluu eegalan. Xiinxala yeroo dheeraatiin booda immoo akka urjiiwwan tun Rabbii waa uume hin ta’in irra gayan.

Kunis hir’ina isii hubatanii, yeroo takka mul’achuu, booda guutuu ta’uu, sana booda hir’achuun dhuma irratti dhaamuun kun gaaffii baay’ee mataa isaanii keessatti uumuun,

qaama biraattu kan urjiilee kana ajajutu jira, kan isii too'annaa ofii jala galchee asiifi achi oofutu jira jechaan sammuu isaanii keessatti bocamuu eegale.

Nabi Ibraahiim erga hawaa kana hunda dubbisaniin booda, dhimmi uumamtootaa fi qaamni uumama kana hunda uume dirqama duubaan jira jechuu isaaniif ifa ta'e. qaamni waa uume kunis Rabbii tokkicha hanqina hunda irraa qulqulluu ta'e, kan gama hundaanuu guutuu ta'eedha jechuu irra gayan.

Kana booda immoo kaayyoon Rabbiin uumama kana hunda uumeef maali jechuu beekuun gara Rabbii samii fi dachii uumeetti fuula deebi'uu eegalan. Nabi Ibraahiim mushrikaa miti, nama waa dubbisuu eegalee osoo dubbisa san bakkaan hin geenne irraa deebi'uu miti. seenaa nabi Ibraahiim kanaan ijaaramni fi hundeeffamni sammuu fi onnee nagayaa argamuun beekkumsis irratti ijaaramuu eegala.

## Nabiyyummaa

Gama ilaalcha Rabbitti amanuutiin erga seerri beekkumsaa kun ijaaramuu eegalee, sagantaaleen dubbisaa harka nabiyyootaa fi ergamtoota Rabbii irratti eegala. Nabiyyoonni fi ergamtoonni Rabbiin raajiidhaan isaan deeggare kunis isaaniin seerri beekkumsaa kun guutama. Isaaniin shari'aa fi adeemsonni ilmi namaa hundi bifa dubbisa wahyiitii fi hawaa wal bira qabanii dubbisuutiin beekkumsa isaa guuttatee, dandeettii isaa guddisa. Beekkumsa kanaan ilmi namaa ga'ee isaa kan lafa misoomsuu, kan bakka bu'ummaa fi kan amaanaa ijaarsa dachee san bayachuu danda'a.

Kana godhuudhaaf, namni qabsoo *Biroomisiyos* kan Girikoonni fi warroonni jara duubaan hambaalee jaraa dhaalan waaqa isaanii guddaa jalaa ibidda hate jedhan san godhuu isa hin barbaachisu. Rabbiin tokkicha, kan samii fi dachii uume beekkumsaan wahyii godha. Wahyii kana namatti geessuuf immoo ergamtoota Malaa'ikaa yookiin ilma namaa irraa ta'an filata.

Ergamtoonni Rabbiin walduraa duubaan gara ilma namaatti erge kunniin, Rabbii nama uume, kan hawaa fi jireenya kana hunda uume nama barsiisu. Akkasumas akkamitti wanta Rabbiin isaan irratti buuse kana akka itti dubbisanii fi wanta isaan itti hajaman hunda akka itti himan barsiisu.

Ergamtoonni Rabbii kunniin wanti isaan nama barsiisan kan biraa wanta isaan Rabbiin irraa bakka bu'anii hojjachuu danda'an (gosa hojii sirritti bareechanii hojjachuu danda'an) fi ilma namaa kana dukkana homa arge Rabbii kiyya jedhee gabbaruu keessaa baasuudha. Namoonni gariin uumama gabbaru, gariin urjiilee gabbara, isaan kuun immoo aduu fa'a gabbaru. Akkuma uumamni baay'atuun waaqni isaan gabbaranis baay'ataa deema. Kanaafuu ergamtoonni Rabbii dukkana akkanaa kana keessaa nama baasu.

Sammuun namaa kun osoo cal jedheetuma dhiifamee wahyiin kamiyyuu itti dhufuu dhabee, Rabbiin ergamtoota osoo itti erguu baatee, silaa dukkana wantoota uumaman gabbaruu san keessaa hin bayu. Yoma tasa qaroomee keessaa bayuu danda'es sadarkaa kana irraa baay'ee hin fagaatu. Sadarkaan sunis waaqa gara garaa san jiddutti hariiroo cimsuun, waaqa guddaa waaqa xiqqaa jechuun gar gar qoodee akkuma ilmi

namaa waliin hariiroo qabu waaqa isaa kana jidduttis hariiroo uuma. Yeroo kana waaqonni inni kaaye kun waldhabu, wal lolu yookii walitti araaramu. Sammuun namaa kun osoo sadarkaa kana irraa tarkaanfima takka gara duraatti deemee, silaa Rabbii tokkicha hubachutti dhiyaata.

Yoo nabiyyummaan kun isa qajeelchuu baatte, tariitii dhuma irratti gara ilaalcha waan qabatama qofaan mul'atuutti dabuun uumama kanaaf waaqni hin jiru jedhee mormuu danda'a. uumama kanaan ala qaamni alaa kan isa irratti jijjiirama fidu kamiyyuu hin jiru sadarkaa jedhuu gaya. Booda irratti immoo uumamuma kanatu isaaf waaqa ta'ee namni isii gabbara.

Akka ilaalcha hayyoota falaasama gariitti, yoo uumama kanaan alas waaqni biraa ni jira ta'e, waaqni sunis waaqa yeroo jalqabaa argama kana hundaaf humna ittiin sosocho'an kenneefi akka gadi dhaabbachuu danda'u godheedha. Waaqni sun immoo akkuma dirqama humna uumama/argama hundaa qoodee xumureen ga'een isaa dhumattee[43].

Kana irraa ka'uudhaan nabiyyummaan yookiin ergamtoonni gara ilma namaatti ergamuun dirqama ta'ee kan argameef. Osoo Rabbiin ergamtoota kanniin erguu baate, silaa cufti ilma namaatuu dukkana jallinaa keessatti hafuun sadarkaalee uumama gabbaruu armaan olitti dubbanne kana jiddutti dhama'ee hafa.

Sababa kanaaf jecha sheekni Islaamaa ibnu Teeymiyyaan dhimma nabiyyummaa kana sirritti itti dhimmamanii qorannoo waa'ee nabiyyummaatiin wal qabate

[43] - Hayyoota falaasama akka Aristootil fa'a.

irratti kitaaba isaanii beekkamaa (Annubuwwaat) jedhu qopheessan. Kanas kan godhaniif akka ilma namaatiif barbaachisummaan ergamtoonni ergamuu, amaloonni isaanii bebbeekkamoon, wahyiin isaan nama ittiin qajeelchuuf qabatanii dhufan akka ifa isaanii ta’uufi. Akka ilmi namaa wanta isa irraa eeggamu hunda bayatuuf isaaf haala mijeessuufi.

Akkasumas falaasamaa fi beekkumsi biraa kan sammuun ilma namaa qabu kun hunduu nabiyyoonni ergamuu fi ergaa isaan qabatanii dhufan san irraa isa hin duroomsu. Kanaafuu wahyiin kun bu’uuraa fi hundee beekkumsa ilma namaa hunda ta’a. ilmi namaa kun yoo wahyii kana hin fudhatin, yoo madda isaatii fi ragummaa isaas kan mormu ta’e karaa irraa daba, ni jallata.

Ilmi namaa yoo sadarkaa kana irra gaye, ifaan ifatti hariiroon jidduu isaatii fi jidduu Rabbii jirtu, akkasumas isaa fi jidduu hawaa jirtu ifa bayaaf. Kuni immoo dhagaa bu’uura beekkumsa hundaati. Hariiroo jidduu Rabbii fi hawaa jiru kana daangessuun sammuu namaa kana jallinaa fi kijiba lubbuun namatti qabattuu fi sammuun namatti fafakkeessitu hunda irraa qulqulleessuuf gargaara. Gama biraatiin immoo akka ilmi namaa kun tooftaalee fi meeshaalee beekkumsa Rabbiin isaaf kenne kanatti dhimma bayuuf karaa isaa saaqa.

Rabbiin guddaan akkana jedha:

وَٱللَّهُ أَخۡرَجَكُم مِّنۢ بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمۡ لَا تَعۡلَمُونَ شَيۡـٔٗا وَجَعَلَ لَكُمُ ٱلسَّمۡعَ وَٱلۡأَبۡصَٰرَ

وَٱلۡأَفۡـِٔدَةَ لَعَلَّكُمۡ تَشۡكُرُونَ ٧٨ سورة النحل: 78

*Isinii waan tokko hin beekne Rabbiin garaa haadha keessanii keessaa isin baase. Akka isin isa galatoomfattaniif*

*dhageettii (gurra), argaa (ija) fi onnee (qalbii) isiniif kenne. (Al-Nahil: 78)*

Si’a kana ilmi namaa dhiphinaa fi rakkinoota isa marsan hunda keessaa bayee gara sadarkaa nagaya beekkumsaa jedhamutti ce’a.

Rabbiin guddaan akkana jedha:

ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَتَطۡمَئِنُّ قُلُوبُهُم بِذِكۡرِ ٱللَّهِۗ أَلَا بِذِكۡرِ ٱللَّهِ تَطۡمَئِنُّ ٱلۡقُلُوبُ ﴿٢٨﴾ سورة الرعد :28

*[Warroonni Rabbitti amanan onneen isaanii Rabbiin yaadachuudhaan tasgabbii argatti, beekaa zikrii Rabbiitiin onneen namaa kun tasgabbaaya!] (Arra’ad: 28).*

ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَلَمۡ يَلۡبِسُوٓاْ إِيمَٰنَهُم بِظُلۡمٍ أُوْلَٰٓئِكَ لَهُمُ ٱلۡأَمۡنُ وَهُم مُّهۡتَدُونَ ﴿٨٢﴾ *سورة الأنعام :82*

*[Warroonni (Rabbitti) amananii, iimaana isaanii kana shirkiin walitti hin makin, isaaniif nagayaa fi tasgabbitu jira. Isaan qajeeloodha (Al-An’aam: 82).*

Hawaan akkanatti sosocho’uu fi kan ilma namaatiif kasooffame kun akka dirqama qaamni isa keessatti bakka bu’ee irratti hojjatu jiraachuu qabu namni ni hubata. Qaamni bakka bu’ee uumama kana keessatti waa dalagu jiraachuun kun immoo Rabbiin guddaan qaama kana uumee fi hawaa sanis uume jiraachuu raggaasisa.

Hawaan kun qaama isa keessatti bakka bu’e kanaaf manaa fi jireenya isaati, mana isaa kana kunuunsee eeguu qaba, wanta mana isaa keessa jiru kana hundaa tiksuu qaba, olla isaatiif dhugaa fi walqixxummaa laachuu qaba, Rabbiin gabbaruu fi gabra Rabbii ta’uu isaa mirkaneessuu qaba. Rabbiin uumama kana kaayyoo wayiitiif malee hin uumne ka jedhuun walitti hidhuu qaba.

Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿أَفَحَسِبْتُمْ أَنَّمَا خَلَقْنَٰكُمْ عَبَثًا وَأَنَّكُمْ إِلَيْنَا لَا تُرْجَعُونَ ﴿١١٥﴾﴾ سورة المؤمنون: 115

*[Sila homa cal-jennee bu'aa tokko malee isin uumne seetanii? Gara keenna waan hin deebine seetanii?] (Al-Mu'uminuun: 115).*

Yoo sochii fi duula wahyii ergamtoonni Rabbii taasisan ilaalle wanti arginu, hooggansa namaa fi karoora/tarkaanfii isaa galma gayaa godhuu irratti xiyyeeffachuu isaanii agarra. Sunis tooftaa waan isaanitti wahyii godhame namatti geessuutiin, ilma namaa kana sona gaarii horachuu fi wantoota badaa irraa qulqullaayuu isa barsiisuuni. Kuni hunduu akka namni ga'ee isaa beekee wanta isa irraa eeggamu raawwatee, yoo bilchaatee sammuun isaa geettee dhugaa jiruu fi seera Rabbii fudhachuuf qophaayaa ta'ee argame, Rabbiin dhuma ergamtootaa kan ta'an Muhammadiin itti erge, ergamaa ijaarsa kanaan dura eegalame hunda xumuru.

Hadiisa keessatti ergamaan Rabbii akkana jedhan: *[fakkeenyi kiyyaa fi fakkeenyi ergamtoota na duraa, akka fakkeenya nama mana ijaaree, sirreessee bareechee, roga manaa irratti bakkeen tokko qofti osoo hin surphamin (bilookeetiin) hafe; namni mana isaa kana irra naannayuun sirritti jaalatanii, garuu bakkee tana maa hin cufne jedhaniin? Ani bilookeetii qaawwi sun ittiin cufamu sani, ani dhuma ergamtootaati]*[44].

---

[44] - Hadiisichi kun Hadiisa sahiiha, Bukaaritu kitaaba Al-manaaqib, boqonnaa dhuma Nabiyyootaa jedhu keessatti baase, Muslim, Ahmad, fi Tirmiziinis Fathu Al-kabiiriin (3/134) keessattis baasanii jiru.

Rabbiin ergamaa dhumaa kana irratti Qur'aana kabajamaa kana itti buuse. Qur'aanni mallattoolee waa ibsu, hawaan immoo wantootaa fi sunnaa Rabbii kan waa murteessitudha. Qur'aanni hambaalee nabiyyootaa hunda deebisee, ol'aantummaa irratti argatee, haqamaa fi jijjiirama hambaalee durii kana keessatti argaman hunda mormee, osoo nabiyyummaa haaraya isa hin barbaachisne karaa beektota Islaamaatiin Qur'aana kana haaroomsaa adeemsa namaa godheefii jira.

**Adeemsa Dubbisa Lamaan Walbiratti Dubbisuu**

Keyyatni Qur'aana kabajamaa kan jalqaba buufame waa dubbisutti nama ajaja. Akkasumas akkataa/gosa dubbisa saniis yeroo nuuf ibsu dubbisa lamaan wal biratti qabaatii dubbisaa nuun jedha. Dubbisni lamaan kunnis Qur'aana kabajamaa fi hawaa Rabbiin uumeedha.kitaabonni lameen kunis: kitaaba Rabbiin biraa buufame, kan dubbifamu (qara'amu), kan raajii hedduu of keessaa qabu, kan keeyyatoota isaa dubbisuun ibaadaa ta'eedha.

Keeyyatoonni Qur'aana kanaa waan hunda addaan baaftee ibsiti. Keeyyatoonni isaa hanqinaa fi dogongora hunda irraa Rabbii waan dhufuu fi waan ummataa ta'u beekuun tiiyfamtuudha. Qur'aanni kun burqaa beekkumsaati, madda qajeellummaati, qajeelchaa fi kara-qabsiisaa misoomaa fi ijaarsa dacheeti fi qaroominaati. Qur'aanni kabajamaan kun kaayyoo argamneef nu barsiisa.

Kitaabni lammaffaan immoo hawa Rabbiin uume kana xiinxalanii waan isa keessa jiru hunda dubbisuudha. Rabbiin

hawa kana uumee, sirna sosochii isaa seera qabeessa godhee, ijaarsa bareeda qaawwa hanqinaa hin qabne godhee uume. Namni uumama kana xiinxalle mallaattoolee dandeettii Rabbii mul'isan arga, hariiroo uumamni kun nama waliin qabus ni hubata, dirree fi madda qaroomina namummaa irraa fudhatan waan ta'eef itti fayyadamuu qaba.

ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ﴿١﴾ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ﴿٢﴾ ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ﴿٣﴾ ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ ﴿٤﴾
عَلَّمَ ٱلۡإِنسَٰنَ مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ ﴿٥﴾ سورة العلق:1-5

*Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi. Kan ilma namaa dhiiga ititaa (wal-qabataa) irraa uume. Dubbisi Rabbiin kee arjaadha. Kan qalamaan (barreessuu) nama barsiise. Kan ilma namaa waan inni hin beekne barsiise san. (Al-Alaq: 1-5)*

Kanaafuu dubbisa lamaan[45] wal-bira qabanii dubbisuu fi hubatuun ummata Muslimaa kan ummatoota hundaaf fakkeenya ta'uu qabu kanaaf adeemsa beekkumsa horachuu keessatti dhagaa bu'uuraati. Namni tokko yoo dubbisa lamaan keessaa tokko qofa kan dubbisu ta'e, karaa sirrii hin ta'in kan booddeen isaa gaarii hin ta'in filatee jira, akka dubbisa lamaan wal-biratti hin hubanneef girdoo guddaa kaayee jira jechuudha.

Dubbisa lamaan addaan fooyuun yookiin tokko qofa keessaa filachuun, namoota wahyii qofa dubbisan addunyaa uumama hawaa fi wantoota isa keessa jiran hubachuu irraa addaan baasa, akka isaan ijaara dachee kanaatiif iddoo hin qabaanne godha, akka isaan dhimma dhokataa (geeybii) qofa irratti xiyyeeffatuu malee qaroomina qabatamaan lafa irratti

[45] - Miil-jalee lakkoofsa 7 ilaali.

mul’atu keessatti akka qooda hin qabaanne taasisa. Wahyima Rabbiin biraa buufame kanayyuu gara dhimma dhokataatti hiikuun isa qayyabachuun akka namatti ulfaatu taasisa.

Namoonni wahyii qofa dubbisan kun dhugaa wahyii keessa jiru qabatama jiruun walitti hidhuu dhiisanii dhimma nu jalaa dhokate qofaan wal-qabsiisu. Tariitii bifa kanaan yoo itti fufan kaayyoma Rabbiin hawaa kana uumeefuu ni irraanfatu, hariiroo hawaan kun ilma namaa waliin qabus ni dagatu, haalaa fi sirna sosocho’iinsa pilaaneetotaa fi seerota isaatiif bakkee dhabu. Yeroo kana ilaalchi namaa dhagaa ta’ee hafa, waan amantii irra jiru of se’a. Garuu inni amantii irra hin jiru.

Gareen lammataa kan argama/ uumama hawaa kana qofa irratti fuulleffatanii wahyii Rabbiin biraa bu’e irraanfatan immoo, Rabbii waan hunda uume irraa goggogu, qaama hawaa kana uumee, sirnaa fi seera sochii kana hunda godheef irraanfatu, guutumattuu wanta dhokatatti (geeybaa) amanuun hin jiru jedhu. Ilaalchi kun immoo ilaalcha dimshaashummaa hin qabne, kan hawaa, namaa fi haala jireenyaas hin hubanneedha. Kun immoo barnoota amantii fi amala namummaa jiddutti, jidduu namaa fi namaatti, akkasumas jidduu namaa fi argama/hawaatti wal’aansoon akka argamu taasisa.

Ilmi namaa Rabbii isa uume irraa geeffadhee jira jedhee of ilaala. Gara jallinaa fi humnatti amanuu, of onnachuu yookiin gosa ofiitiin boonutti daba. Jallinni isaa kunis qaroomina inni fiduuf tattaafatu irratti hubaatii geessa. Fakkeenyi kanaa qaroomina biyyoota dhihaa kan quufaan guutame, kan namatti

boonuu fi ilma namaa gabroonfatanii of jala oolchuun isaaniif karaa ta’e kana irraa hubachuu dandeenna.

## Sammuu

Yaada kanaan dura dabrsine keessatti sammuun kophaa isaatti yoo wahyitti hin gargaarsifannee fi yoo hariiroon jidduu jara lamaanii jiru sirritti hin qindoofne akka namaaf gayaa hin ta’in dubbannee jirra. Sammuun meeshaa fi tooftaa dubbisa lamaan walitti qabuudha. Sammuun ala dubbisa dimshaashawaa fi sirrii ta’e dubbisanii hubachuun hin yaadamu.

Yeroon sammuun namaa kun baay’ee cimeessaa fi jajjaba ta’u yoo dubbisa lamaan wal bira qabee dubbise, yoo dubbisa lamaan kana irraa ka’ee beekkumsa bareeda qalamni barreessee ol kaayu, kan dhaloonni waliif daddabarsu, kan namoonni ibsa irratti kennan yoo horateedha. Yeroo kana godhee argame galma ofii gaya, balaa irraa baraarama, hojii qulqullina qabu raawwata, akkasumas amantummaa horata.

Ilmi namaa maddi beekkumsaa sammuu qofa, sammuu kun ofumaa waa hubata yookiin immoo dubbisa tokko qofa hubachuu irraa waa barata jedhee yoo ka yaadu ta’e; kuni sammuma san irrattuu rakkoo guddaa qaqqabsiisa. Tariitii sammuun sun addunyaa waa xiinxaluu fi waa ilaaluu qofa keessa gangalachuun dhamaatee xiinxala qofa akka taatu godhuun ni mala.

Xiinxala duwwaa malee bu’aa xiinxala sanii irra akka hin geenne, akka gaaffii sammuu isaa keessa yaa’e hundaafuu gaaffii biraa isa dabalataa dhiyeessuu malee deebii kennuufii hin dandeenne taasisa. Xiinxalli dubbisa tokko qofa hubachuu kun

gaaffilee dhuma hin qabne kan deebii argachuu hin dandeenneef nama saaxila.

Sammuun kun yeroo of qofa dubbisee hubatee, dubbisa lamaan wal-bira qabuu dhiisu, bu'aa gama tokkoo kan dhugummaa jiru irraa addaan baye qofa irra gaya. Namni haala qaamman sochiilee gara garaa kan durii fi isa ammayyaas gadi bu'ee qorate; beekkumsaa fi qaroomina durii fi isa ammayyaa keessattis rakkinoota gareen sun saaxilameef arguu danda'a.

Yaada dabre kana yoo cuunfuuf yaallu, beekkumsa Islaamessuu jechuun irkannaa amantiin saayinsiiwwanii fi beekkumsa namni irra gaye waliin qabu irraa addaan baasuu yookiin wanta argame hundaaf bifa gadi bu'iinsa qabuun wanta isa bakka bu'u argamsiisuu jechuu miti.

Beekkumsa Islaamessuu jechuun keenna dubbisa lamaan walitti qabuu irratti tattaafii fi yaalii barbachisu hunda godhuu jechuu keenna. Akkasumas adeemsa beekkumsaa kan isa jiru bakka bu'uu danda'u, kan nama ammayyaa kana burjaaja'iinsa qaroomina dimshaashaa kana keessaa baasu danda'u, kan ilma namaa dhiitamiinsa fi sarbama mirga isaatii fi dhama'iinsa qaroomina sobaa keessaa baasu uumuu jechuudha.

Handhuurummaan ummata dhihaa ammaa kan dubbisni isaa dadhabaa ta'e kun biyyoota dhihaatii fi addunyaa guutuu rakkinna keessaa bayuu hin dandeenne keessa galchitee jirti. Sirni Maarkiizimii kan ummata dhihaa haala falaasama yeroo san inni keessa jiru irraa lubbuu isaa baraarsuuf dhufe, kufiinsa badaa ta'e san wanti inni kufeef sababa dubbisa tokkicha qofa hubatuu irratti xiyyeeffateefi.

Kufiinsi sirna maarkizimii kun immoo qaroomina biyyoota dhihaa irratti rakkinna biraa dabaluun gaaga'ama rakkinoota gara garaa kan naamusa, diinagdee fi haala jireenya hawaasummaatiif akka isaan saaxilaman godhee jira. Rakkinoonni kunniinis tooftaa kutaa muraasa/ gar-tokkee wantootaa qofa irratti xiyyeeffachuu kan jiddu-galli qu'annoo fi qorannoo biyyoota dhihaa ammayyaa dhiyeessu qofaan kan furamuu danda'uu miti.

Yeroo qaroominni wal-keessa seenee, qaroominni biyyoota dhihaa ol'aantummaa isaa qaroomina addunyaa hafanii irratti agarsiisee, namoonni hunduu akka qaroomina isaa hordofuu qaban dirqe kanatti, ummata Islaamaatiif gaaga'amni jiru walxaxaa ta'ee argama. Keessattuu ummata Islaamaa kan guututti qaroomina ummata dhihaa kana hin fudhatinii fi kanneen guututti fudhatanii garuu fudhachuun isaanii sunis dhara ummanni dhihaa Muslimoota irratti xaxu jalaa isaan hin baasiniifis rakkinna guddatu isaanitti fuulleffamaa jira.

Qaroominni biyyoota dhihaa kun amantii Islaamaa akka diinaatti fudhachuun burjaaja'iinsa siyaasaa fi gaaga'ama diinagdee isa qunname hundaaf itti gaafatamummaa isatti baachisa. Kuni immoo akka fakkeenya nama waa dhugee machaayee, ganama yeroo hirriba irraa dammaqu machaayuu isaa san irratti akka uf hin argine hawwuuti. Akkasumas yeroo machaaye sanitti waa balleessuu fi dubbachuun isaa waan hin oolleef itti gaafatamummaa isaa akka na hin baachifne jedhee nama diduuti.

Burjaaja'iinsi addunyaawaa ta'e kun furmaata addunyaa hundaa barbaada. Gumaachi amantiin Islaamaa as keessatti

qabaachuu qabus akka sadarkaa haasaya/ilaacha addunyaan qabduutti ta’uu qaba. Furmaanni amantiin Islaamaa rakkinoota aadunyaa kana mudataniif kennu immoo adeemsa beekkumsaa kan Qur’aana kabajamaa irratti bu’uureffame jiddu-gala kan godhateedha. Sammuu ilma namaa kana irra deebisanii bocuu fi hundee seer-qabeessa ta’e tokko isaaf godhuuf kana qofatu furmaata.

Adeemsa jechuun ilaacha/yaada namaa kan itti deebi’iinsa[46] gaarii wayii kan akkaataa xiinxala itti burqisiisan fi ittiin qoratan irraa kan sassaabameedha. Adeemsi sammuu namaa haala yaadaa fi xiinxala ofii qofa yaadanii burqisiisuu irraa nama baasuun gara madda itti deebi’iinsaa kan adeemsa seerotaa fi heera isaa calalee, sana booda yaada irratti kennee, sana boodas gara tiyooriilee fi seeraatti geeddaramuun sosochii tiyooriilee sanniinii seer-qabeessa godhuutti jijjiira.

Tiyooriileen kunis bifa wal hin faallessinee fi wal hin mormineen walitti qindaayuun yaaddan isii irraa burqanii gargar bayan hunduu akka waan funyoo haadaa wayiitiin isitti hidhaniitti fagaattus isumatti deebiti.

Kanaafuu adeemsi barbaachisummaa isaa kan armaan oliitti dabaluun, qayyabannoolee fi tiyooriilee jiran seer-qabeessa godhuu keessatti ga’ee guddaa qaba. Adeemsi kun gaaffilee fi yaada ni ta’a jedhanii jalqaba lafa kaayatan (tilmaama) bocuu keessatti qooda qaba. Haaluma kanaan adeemsi deemee deemee beekkumsaan walitti hidhata uumuun

[46] - Qaama madda yookiin burqaa yeroo beekkumsa, gorsa, ilaalchaa fi yaada wayii irratti ibsaa fi furmaata barbaadan itti deebi’an, yaada nama kitaaba kana hiikee.

dhimma hunda qorachuu fi falmii raga-qabeessa ta'e irratti dhiyeessuun sana booda boca isaa irra deebi'ee bocuu keessatti ga'ee mataa isaa qaba.

Kanaafuu adeemsa jechuun gosa barnootaa kan karaa fi tarkaanfiilee barbaachisaa ta'an addaan namaa baasu bira kutee gara beekkumsa murtaa'e tokko irratti fuulleffachuutti nama geessa. Qayyabannooleen immoo akka dhagaa bu'uuraa kan adeemsi irratti ijaaramuutti fudhatama. Maddi qaama itti deebi'an qabaachuu kun kan qayyabannoolee jiran bakka isaan malu kaayuu, boca isaan malu bocuu fi bifa kaayyoo beekkumsaa isaan malu eeggate irratti hundaa'uun gara hojiitti deeggaruudha.

Adeemsi fi tooftaaleen namoonni hordofan akkuma tiyooriileen isaan hordofan gosa gosa ta'een yoo baay'ate, beekkumsa Islaamessuun dubbisa lamaan wal-bira qabanii dubbisanii hubachuu irratti waan bu'uureffameef, wahyii Rabbiin biraa buufamee fi hawaa kana adeemsa tokko ta'een dubbisanii hubachuudha. Ka'umsi adeemsa tokkoome kanaas geengoo itti deebi'iinsaa kan tokkochummaa Rabbii fi uumamni kun hundi hariiroo Rabbii isaan uume waliin qaban irratti tokko jedhu irraa ka'eeti.

Garaa garummaan jidduu adeemsaa kan seera xiinxalaa fi naamusa qorannoo dhimma wayii irratti gaggeessuu fi adeemsa beekkumsa Islaamessuu jidduu jiru as irratti addaan bayee ifa namaa ta'a.

Gama beekkumsa Islaamessuutiin jidduu beekkumsaa fi adeemsaa wanta walitti hidhuu fi addaan baasu, wanta walitti qabuu fi adda godhuttu jira. Baakkumsi adeemsatti hajama,

adeemsis bifa hojii isaa kan godhatu beekkumsa irratti. Kanaafuu jidduu jaraa hidhannoo cimatu jira. Beekkumsi kan hundaa'u si'aa'ina bal'aa sammuun taasisu kan waa mormuu, hiikuu fi xiinxaluu of keessatti qabata.

Adeemsi Qur'aanaa kun beekkumsa irratti waan irkatuuf, ga'ee isaa kan beekkumsa Islaamessuu san raawwachuu fi dubbisa lamaan akka ulaagaa burjaaja'iinsa ilaalchaa fi beekkumsaa keessaa bayuutti fudhatamu kana walitti qabuuf, dirqama hariiroo Rabbii fi nama akkasumas uumama jidduu jiru ifa baasuun dirqama ta'a. Akkasumas beekkumsaa fi adeemsa isaa kanas dhokata (geeybaa) wallaaluu yookiin Rabbi hin jiru jedhanii waakkachuu irraa qulqulleessuudha. Ammas barnoota amantii fi haala uumama namaa addaan baasuu fi cufuma falaasamoota dubbisa tokko qofa irratti hundaa'in irraa qulqulleessuudha.

Kuni itti gaafatamummaa cimaa ta'e kan namni hundi irratti hirmaachuu fi rakkinoota isaa muraasa baadhachuu hin dandeennedha. Namoonni kana godhuu danda'an isaan beekkumsa Qur'aanaa fi gosa barnoota biraa gahaa ta'e, kan adeemsa wal-keessa seeniinsa Qur'aana kabajamaa, hawaa fi nama jiduu jiru ittiin qoratan qabaniidha.

Dhugaan jiru kamiyyuu qajeelcha beekkumsa isaa keessatti barbaachisummaa hariiroo dhokata waliin qabu akka argama/hawaa kanaa fi sosochii isaa keessatti jijjiirraa inni fidu yoo hin daangessin, akka dhugaa si'aa'inaa fi dandeettii sammuun akka dogongora keessatti hin kufne ittisu qabuutti hin fudhatamu. Adeemsi taatee kana mataa keessatti qabatuu kunis

Qur’aana kabajamaa irraa yoo hin taane naga-qabeessaa fi qulqulluu ta’ee hin argamu.

Kanaafuu beekkumsa Islaamessuun adeemsa beekkumsaa ta’ee kan mallattooleen isaa murtaa’an, kan qoqqoodamni isaas ifa gala ta’e, kan haala jireenya namoota Rabbii fi dhokata jiru waakkatan irraa bakka bu’u, akkasumas barnoota amantii fi abbootii amantii yahuudaa fi kiristaanotaa kan namaa fi uumama sarban irraayis kan bakkee bu’uudha.

Akka qayyabannaa keenna kan beekkumsa Islaamessuu ammaatti, seeronni oomisha beekkumsaa kun hundeelee armaan gadii kana irratti gadi dhaabbachuu qabdi:

1) Ilaalcha beekkumsa amantii Islaamaa kan mul’ataa fi hundeewwan Islaamummaa irratti gadi dhaabbate san deebisanii ijaaruu. Kunis kan ooluuf seera beekkumsa Islaamummaa kan gaaffilee waa’ee dimshaasha namummaa irratti ka’an deebisuuf ga’umsa qabu fi fakkeenyummaa beekkumsaa barbaachisaa ta’e ifa galchuufi. Akkasumas dandeettii beekkumsa hambaalee durii fi ammaa bifa sirnaawaa ta’een qayyabachuu ijaaruuf gargaara.
2) Seera adeemsa Islaamaa akka adeemsa beekkumsa Qur’aanawaatti deebisanii qorachuu fi bocuu. Sababa dubbisa tokko qofa dubbisuu, Qur’aana bakka heddutti qoqqoodaanii dubbisuu, argama/hawaa fi nama gargar baasanii hubachuutiin adeemsa kana miidhaan guddaan irra gayee jira.
3) Ilaalcha adeemsa dubbatame kana irratti hundoofnee adeemsa Qur’aana kabajamaa kana irraa ittiin fayyadamnu ijaaruu. Qur’aani kun hundee adeemsaa, seeraa, beekkumsaa

fi hundee ragaa qaroominaa fi ijaarsaa waan ta'eef, saayinsiiwwan waa'ee Qur'aanaa ibsan irra deebinee ijaaruu fi qindeessuun dirqama ta'a.

Dhaloonni Arabootaa Qur'aana kana kan hubatan akkaataa Araboota durii kanneen rincicoo ta'an kan qindoomina qaroomina addunyaa ammaa waliin yoo wal bira qaban hawaasummaa fi xiinxalli isaas murtaa'aa ta'e saniitti qayyabatan.

Gadaa beekkumsaa fi barnoonni gara garaa kan keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa bifa seer-qabeessa ta'een galmaayuu eegalan sanitti, sammuun waa'ee ciminaa fi beekkumsa afaanii sirritti hubatu baay'atee mul'ata. Akkasumas sammuun keeyyatoota addaan qoqqoodanii bifa jechaa fi himaatiin qayyabachuus ni mul'ata. Sababa kanaaf qayyabannaan yeroo sanitti jarri qaban gayaa fi fudhatama qabeessa jedhamee fudhatame.

Garuu yeroo ammaa kanatti sammuun adeemsa wantootaa hubachuu, bifa waa xiinxaluu fi mormii raga qabeessa ta'e dhiyeessuutiin hariiroo wantoota jidduu jiran qorachuu kun baay'atee mul'ata. Kanaafuu tooftaalee keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa kana ittiin hubatan deebisanii ijaaruun dirqama ta'a. Akkasumas keeyyatoota kana dubbisa hawaatiin wal-bira qabnee hubachuunis dirqama ta'a.

4) Sunnaan ergamaa Rabbii hundee ibsa seeraa fi beekkumsaa waan ta'eef, adeemsa sunnaa kana ittiin qayyabachuu qabnus irra deebinee ijaaruu qabana. Gadaan nabiyyummaa fi waahillan isaanii yeroo kallattiidhaan ergamaa Rabbii irraa

beekkumsa fudhatanii, waan isaan jedhanii fi dalagan itti hordofaaniidha.

Akka fakkeenyaatti jechoota ergamaa Rabbii kanniin fudhachuu dandeenna: (wantoota amantii keessaniif isinii barbaachisan narraa fudhaa)[47], (akka yeroo an salaatu na argitanitti salaataa)[48]. Hordoffii fi itti hidhannaan ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akka sochii dalagaalee qabatama yeroo sanii irratti hundaa'a.

Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* naamusa isaaniitiin Qur'aana kana dalagaan mul'isu. Kanaafuu ergaa Qur'aanaa hojiin lafa irratti mul'isuuf rakkinni nama qunnamu tokkoyyuu hin jiru ture. Akkaataan ergamaan Rabbii hojiin mul'isanii fi ibsi isaan godhan adeemsa Qur'aanaa fi qabatama Araboota Islaamaatiif akka sammuu yeroo saniitti, akka dandeettii waa xiinxaluu fi beekkumsa yeroo saniitti dabalata guddaa ta'ee jira.

Sababa kanaaf waahillan ergamaa Rabbii kanneen Hadiisa odeessan waa'een haala jireenya ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tola ooliinsi Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* kamiyyuu akka isaan jala hin tarre futuna guddaan eegu. Kanaafuu sunnaan ergamaa Rabbii hojii isaanii, dalagaalee fi raggaasisa isaanii baay'ee of keessatti hammatee jira.

Sunnaa ergamaa Rabbii keessaa akkaataa imala isaanii, qubannaa isaanii, haala yeroo nagayaa fi waraana isaanii, haala barsiisaa fi murtii kennuu isaanii, haala hooggansaa fi fatwaa

[47] - Hadiisa sahiiha, Muslimtu Jaabir irraa odeesse.
[48] - Hadiisa sahiiha, Bukaarii fi Muslim irratti walii galanii jiru.

godhuu isaanii fi akka nama dhuunfaa tokkootti haala shaakallii jireenya isaanii hunda of keessatti hammatee jira.
Sunnaa ergamaa Rabbii kun tooftaa isaan dhugaa battala yeroo sanii waliin itti jiraatan hunda ifa nuu godha. Qabatamni yeroo sanii immoo akkaataa qindoominaa fi dandeettii sammuu barbaaduu keessatti isa ammaa irraa baay'ee addaan jira. Maddi murtiilee tokkichi jiru Qur'aana kabajamaa qofa. Maddi Qur'aana kana ifatti namaa hiikee ibsu immoo sunnaa ergamaa Rabbiiti.

## Sunnaa Bifa Adeemsa Beekkumsaa Eeggateen Itti Fayyadamuu

Ergamaan Rabbii adeemsa Qur'aanaa fi qabatama yeroo walitti hidhuu irratti riqicha ta'anii jiru. Sababa kanaaf jecha dhimmoota garii qabatama yeroo sanii irraa addaan baasnee hubachuun nutti ulfaata.

Fakkeenyaaf ergamaan Rabbii yeroo fakkii kaasuu fi bocuu irraa nama dhoorganii namni suuraa kaasu guyyaa qiyaamaa ibidda keessatti namni akka isaatti doorsifamu hin jiru jedhan; akka waan ergamaan Rabbii boca bareedumaa irraa seeraniitti fudhachuu hin qabnu.

Ergamaan Suleeymaan jinni walitti qabee akka boca adda addaa isaaf bocaniif jara leenjisaa ture. Ergamaan Rabbii guutumatti suuraa kaasuu fi bocuu irraa nama dhoorganii jiran jechuun immoo, faallaa gocha nabi Suleeymaan kana ta'a jechuudha. Kanaafuu qorattootaa fi beektonni ammayyaa nuti boca kana hin gabbarru maaliif suuraa isaa kaasuu fi bocuu irraa nu dhoorgitan jedhanii gaaffii yeroo baay'ee kaasu. Dhimmoota

akkanaa irratti wanti xiinxaluu qabnu adeemsa ergamaan Rabbii bakkee fi taateewwan adda addaa irratti kaasan irratti hundoofneeti.

Fakkeenyaaf, ergamaan Rabbii haadha manaa isaanii Aa'ishaan akkana jedhan: "Osoo gosti tee amantii Islaamaa kanaaf haaraya ta'uu baatanii; silaa ka'abaa tana diigee ijaaree, balbala lama itti baasa ture"[49].

Adeemsa keenna kana keessatti wanti hubachuu qabnu, ergamaan Rabbii wanti boca irraa nama dhoorganiif, gadaa sanitti namoonni boca adda addaa bocanii waan gabbaraniif, akka isa hin bocnee fi akka hin dhaadhessine dhoorganii turan. Yeroo sanitti amantiin Islaamaa haaraya waan ta'eef, tarkaanfii cimaa akkasii san fudhachuu fi tokkochummaa Rabbii mirkaneessuuf dirqama jiru ture.

Dhimmoota kana fakkaatan irratti adeemsa seer-qabeessa irra gayuu fi dhimmoota kana qayyabannaa sirrii ta'e qayyabachuun, hadiisaa fi sunnaa ergamaa Rabbii akka waan inni dhimmoota muraasa qofa kutaa muraasatti qoodee ilaaluutti osoo hin taane, akka seeraa fi adeemsa bareeda waa heddu of keessatti hammatuutti ilaaluu qabna.

Ummanni Arabaa yeroo jalqaba amantiin Islaamaa dhufetti, jechaa fi gocha ergamaa Rabbii hordoffii fi akkeeffannaa wantoota kutatti addaan qoqqooduu irratti xiyyeeffataa turan. Ergamaa Rabbii akka hoogganaa dirree irraatti akkeeffachuun akka gita haala yeroo saniitti bifa gadi bu'iinsa qabuun waan hundayyuu isaan irraa baratanii turan.

---

[49] - Hadiisni kun kitaaba Fathu Al-kabiir jedhamu keessatti ibsamee jira.

Kanaafuu qayyabannaa fi hubannaan yeroo sanitti isaan qaban hubannaa hordoffii fi masakamuuti.

Gadaa saniin booda namoonni gariin gara hiikkaa dhokataatti[50] gariin immoo gama hiikkaa kallattiitti dabuun, akkuma jirutti guutumaan guututti akkeessuu hin qabnu jechuun qoqqoodamuu eegalan. Qoqqoodamiinsi kun immoo dhiphinaa fi rakkina malee jijjiirama homaa hin finne. Silaa ijjannoon akka furmaataatti fudhatamuu qabu adeemsa Qur'aanaa fi sunnaa kan cufti waan hundaatuu ittiin sirrooftu, kan isa irra dhaabatanii galmaa fi kaayyoon hundi ifa ittiin taatu, kan qayyabannaan kaayyoo walii gala amantii ittiin babal'attu ijaaruu ture.

Sammuun nama ammaa sammuu wantoota dhimmoota seer-qabeessa godhan irra deddeebitee qorattuudha, sammuu adeemsa waliigala wantoota hundaa irra gayuuf tattaafattuudha. Gaafa adeemsa akkanaa kana horatte, waa'ee hawaa fi argamaa irratti bifa nama baratee tokkoon waa mormuu fi qayyabatanii namas qayyabachiisuuf yaaluun ni argama.

Adeemsa akkanaa kanaan ergaalee Qur'aana kabajamaa fi sunnaa nabiyyiitti gayuun ni danda'ama. Adeemsi kunis yaada durii isa argamni sirna sochiilee mataa isaa hin qabu jedhu san, yaada warroota hiikkaan keeyyatootaa isa mul'atu kana osoo hin taane isa dhokataadha jedhanii san, yaada haaromsitootaa kanneen dhimmoota muraasa qofa gadi bu'iinsaan ilaalanii homa dur dabre san uffata qofa itti jijjiiranii fidan san irraa nama tiiysa.

[50] - Garee namoota Qur'aanni/sunnaan hiika gubbaa kan nuti arginu kanaan ala hiika dhokataa biraa of keessaa qaba jedhanii amananiidha (yaada nama hiikee).

5) Qu’annaa fi qayyabannaa hambaalee keenna kan Islaamaa irra deebinee qayyabannee hubannee, dubbisa sirrii ta’e dubbisnee geengolee sadan: geengoo cal-jedhanii waan hunda fudhachuu diduu, geengoo waan hunda akkuma jirutti fudhachuu fi geengoo cal-jennee waa maqaa balleessuu yookiin waa faarsuu keessaa bayu qabna. Geengoleen sadan kunniin hambaalee keenna kan dabran kana irraa wanta silaa barbaadamu argachuuf nu hin gargaaru. Akkasumas hambaalee kanneen irraa waan hafuu qabanis hambisuuf nu hin gargaaru.
6) Adeemsa hambaalee namummaa isa ammayyaa irraa itti fayyadamuu qabnu ijaaruu. Ijaaramni adeemsa kanaa sammuu Muslimaa haala duubatti hafiinsa amma keessa jiru irraa gara haala bareedaa fi filatamaa ta’e, kan yaaddan adda addaa wal bira qabee ilaalee qoratee hubatee; sana booda naa ta’a jedhee fudhachuu yookiin naan ta’u jedhee sababa gahaa dhiyeeffachuuun diduutti geeddara.

Tarkaanfiileen yookiin qabxiileen barbaachisoon jahan kunniin qabxiilee beekkumsa Islaamessuu yookiin qabxiilee tokkummaa adeemsa beekkumsaa yookiin qabxiilee saayinsiiwwan namummaa fi hawaasummaa Islaamessuu yookiin qabxiilee saayinsiiwwan uumamaa gara fuulleffannaa amantii Islaamaatti fuulleffachiisuu jennee yaamuu dandeenna.

Nuti ummanni Muslimaa yeroo jalqabaatiif addunyaa ammaa kan beekkumsa, saayinsiilee fi argannaalee gara garaa bifa hariiroo jidduu Rabbii waa hunda uumeetii fi hawaa kana addaan baasuun, bifa dhokata (geeybaa) mormuun itti fayyadamaa jiraachuu isaanii ni argina. Akkasumas saayinsiilee

fi argannaalee kana bifa saayinsii fi safuu addaan fageessuun dhimma itti bayuun isaanii ni mul'ata.

Ijjannoon nuti saayinsiilee waa'ee hawaa qoratan irratti qabnu jalqabuma irraa ijjannoo gama amantii qofaan ilaaluutii miti. Akkasumas sababa muxannoon isaanii muxannoo keennaan addaan ta'eef jecha ijjannoo dirqama muxannoolee namoota biraa akkeeffachuu qabna jedhuu miti. Osoo Qur'aanni kitaaba amantii qofa barsiisu taatee silaa dubbisa gama tokkoo malee isa kaanitti hin dhimmamu ture. Amantiin keenna immoo faallaa saniitti nu ajaje.

Nuti akka ummata Muslimaatti beekkumsa saayinsaawaa waliin wal'aansoo hin goonu. Sababni isaas wahyiin hawaa kitaabaa keessa jiru wahyima hawaa uumamaa keessa jiruun tokko waan ta'eefi. Yoo tasa tahee karaa sirrii irraa dabiinsi kan argamu tahe gama saayinsiitti irkafamee ilaalamuu qaba. Wanti tahamuu qabu wanta karaa irraa dabe san saayinsii keessaa baasuu. Yoo hiikkaan wayii mul'ate yookiin argame immoo gama keeyyatoota wahyiitti irkifama.

Kanaafuu dhugaa irraa dabiinsa mul'atu kanniin dhabamsiisuu qabna. Kuni bu'uura seera dubbisa lamaan wal biratti dubbisuuti. Akkasumas seera adeemsa Qur'aanawaa beekkumsaan guuttameeti. Yoo kanaan dura amantiin yaadotaa fi xiinxala sammuu kan namni ofii baasee lafa Kaaye kan beekkumsaa fi shkakallii ammayyaatiin hin deeggaraminin tahe yaanni sunis fudhatama hin argatu.

## **Ibnu Teeymiyyaa fi Beekkumsa Islaamessuu**

Erga maalummaa beekkumsa Islaamessuu, seerotaa fi hundeewwan bu'uura isii ibsineen booda, mee amma gama hariiroo Ibnu Teeymiyyaan beekkumsa Islaamessuu waliin qaban haa ilaallu. Tariitii adeemsa beekkumsa Islaamessuu kun ilaalchaa fi xiinxala beekkumsaa haaraya hin bilchaatin, yaalii amantii Islaamaa isa haaraya kan jiddu-galli jala deemtummaa biyyoota dhihaa addunyaa irratti lafaan dhaye irratti deebii laatuuf qopheeffame waan ta'eef, namni tokko sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa fi beekkumsa Islaamessuu maaltu walitti fide?jechuun isaa hin oolu.

Ibnu teeymiyyaan nama karaa Salafootaa hordofan, nama jaarraa saddeettaffaa keessa dhalatan, akkasumas barattootaa fi raabsitoonni beekkumsa isaaniis hundinuu jaarraa kana keessa argaman waan ta'eef maaltu beekkumsa Islaamessuun walitti fide jechuun hin oolu. Sila kuni yaalii seera durii isa haaraya ammaa irratti dabaluuf taassifame moo. Uffata salafootaa dhimma ammayyaa kana irra dhayuufi moo. Wanta haaraya amala bifa biyyoota dhihaa qabu kana isa duriitiin walitti hidhuun mukuu isa baasuufi laata? Gaaffileen jedhan ka'uun isaanii waan hin oolle.

Deebiin keennas: gaaffilee kaafamaniin adda. Sababni isaas dhimmi kun ilaalchaan, seeraa fi xiinxala sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa waliin walitti hidhannaa cimaa waan qabuuf, hidhama kanas akka armaan gadiitti tarreessuuf yaalla:

Yaanni/ilaalchi akka wanta lubbu-qabeeyyiiti. Osoo hin marginiin duratti yeroo dheeraa fudhachuu dandeessi, yeroo garii margitee osoo hin bilchaanneen duratti gadaamessa

keessatti waggootaaf turuu dandeessi. Yeroo bilchaattee guddinni isii wal-qixxaayee guutametti warroota argaa gabaabduu fi gar-tokkee wantichaa qofa arganiif biqiltuu salphaa yeroo jalqabaa sanii fi lubbu-qabeessa ammaa kan uumaan isaa guuttame kana walitti hidhanii hubachuun baay'ee itti ulfaata.

Yoo yaanni armaan olii kun ifa ta'e, namni qorannoo gaggeessu tokko haala ummata Muslimaa kan gadaa Ibnu Teeymiyyaa fi haala ummata Muslima ammaa, akkasumas haala ummata addunyaa guutuu gadaa sanii fi isa ammaa wal bira qabee ilaaluu ni danda'a. gaggeessaan qorannoo kanaas dhuma irratti waa heddu arguu danda'a. sana keessaa:

- Garaa garummaa fi wal-fakkeenya gadaalee lamaan san keessa jiran;
- Gama aadaa, siyaasaa, diinagdee, ilaalchaa, murtii, bulchiinsaa fi gama baruu fi barsiisuutiin wal-fakkeenya jidduu gadaalee lamaan (gadaa keennaa fi gadaa sheeka Islaamaa) jidduu jiran arguu danda'a.
- Akkasumas wal'aansoo fi wal-mormii jidduu mootummoota durii jiddutti argaman kan qabeenyaa fi human ummata Muslimootaa hunda saamaa turanis beekuun ni danda'ama.
- Ammas ummata Muslimaa kan diinni irratti wal-taree nyaatee fixe keessattuu kiristaanonni fi Tataaronni gar-malee miidhanii akka itti taphataa turanis ni hubata.
- Qoqqoodama, gar-gar bayiinsaa fi addaan ciccitiinsa ummatoota hedduu qunnaman kan ummata amantii tokko qaban gara ilaalchaa fi xiinxala amantiitiin gar-gar qoqqoodamanis ni arga.

- Shakkii tokko malee qorataan kun garaa garummaa mootummoota durii fi ammaa jidduus jiran ni hubata. Mootummoonni durii isaan ammaa caalaa qaroo fi gootota. Titaaronni ammaa isaan durii caalaa cunqursitoota. Kiristaanonni ammaa qabeenya addunyaa hunda kan harkatti galfatan waan ta'aniif yeroo fi bakkee barbaadanitti qabeenya kanatti dhimma bayuun abbaa fedhan irratti lola banuuf qophaayoodha.

Mee sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan fi manni barnoota isaanii rakkinoota tarreessine kana hunda akkamitti dura dhaabbachuu akka danda'anii fi ga'een isaanii maal akka ta'e akka armaan gadiitti haa ilaallu:

1) Rabbiin isaan irraa haa jaalatuu Ibnu Teeymiyyaan yeroo jalqabaa irratti qorannoolee fi hubannoolee ummata bira jiran, kan ummata irraa burqanii fi qaama alaa irraa isaanitti dhufan addaan baasuun, seensa haaroomsaa fi jechaan waa ibsachuu tooftaa rakkinoota ittiin furanis lafa kaayanii turan.
2) Ibnu Teeymiyyaan balaan guddaan ummata kana tuqe guyyaa adeemsa nagayaatiif bakkee kennuu dhaban, guyyaa adeemsa Qur'aana Rabbiitii fi Sunnaa ergamaa isaatiif bakka gayaa kennuu dhaban irraa eegalee akka ta'e hubate. Bakkee kennuu dhabuun kunis dubbisa qofa tokko irratti fuulleffachuun barruulee gar-tokkee wantootaa qofa irratti qophaayan dubbisuun namoonni hedduun qajeelluma wahyiin ilma namaatiif qabatee dhufe akka dhaban godhe.

   Sababa kanaan namoonni gariin gara beekkumsa warra jalqabaa, isaan gariin immoo gara sammuudhaa bakkee guddaa kennuun waan isiin baachuu dandeettuu fi baachuu

hin dandeennes itti fe’u, isaan hafan immoo gara suufiyyummaa bid’aan guutameetti fuula deebi’uun, namoonni gariin immoo gara garee baaxiniyyaa fi gareelee dhugaa irraa dabaniitti qoqqoodamuu eegalan.

Ummatichi yaaddanii fi xiinxala siyaasaa fi amantiitiin gar-gar qoqqoodamuun addummaan mul’anni Islaamaa qabu jalaa badee, seerri bulmaata isaanii faallayee, seerri adeemsa Islaamaa burjaaja’ee, madaalliin Qur’aanaa fi sunnatti dhimma bayuu dabee, akkasumas madaalliin hambaalee sahaabotaa, taabi’ootaa fi beektota isaan duubaan dhufan irraa fayyadamuus seerummaa fixataa dhufaa ture.

Akkasumas mul’anni beekkumsaa kan saayinsii, sadarkaalee fi qoqqoodama isaas qaawwanii fi hanqinoota hedduuf saaxilamanii jiru. Kunis kan ta’eef sababoota hedduu asitti tarreessuuf bakkeen nuuf hin geenneefi. San keessaa: sababa tooftaa qayyabannaa aadaalee ummatoota amantii Islaamaa seenan qayyabatuun wal-qabateedha. Inni biraa immoo adeemsi waa qayyabannaa gaaga’amaa dhufuun hambaalee namoota birootiif bakkee gahaa laatuu dhabuudha.

Sababoonni kunniin immoo tooftaalee itti fayyadama hambaalee namoota biroo irratti taatee fide, ummaticha akka burjaaja’u taasise, dhimma ilaalcha Islaamaa irratti rakkooleen beekkumsaan wal-qabatan mul’achuu eegalan. Yeroo kana tokkummaan ummataa gar gar qoqqoodamtee ilmaan isaa addaan faffacatee, ergaalee fi yaaddan siyaasaatiin addaan ciccitanii hafan.

3) Ibnu Teeymiyyaan Rabbiin isaan irraa haa jaalatuu erga rakkinoota jiranii fi haala ummanni keessa ture addaan

baasaniin hubataniin booda beekkumsa bifa baay'ee bareeda ta'een kutaa kutaan addaan qoqqoodanii kaayan. Haalli qoqqooddaa isaanii kun immoo baay'ee gaarii fi kan namoota isaan dura turees kan akka Abu Ya'aquub Al-Kanadii fi Al-Faaraabii hayyoota hambaalee Girikootaa gara afaan Arabaatti hiikanii wanta itti dabalamu itti dabalanii qopheessan kan caaluudha. Hayyoonni kunniinii hayyoota falaasama Islaamaa jedhamuun moggaafaman.

Ibnu Teeymiyyaan beekkumsa/saayinsiiwwanii fi jechoota bakka saditti qoodan, isaanis:

- kan sammuu,
- kan shari'aa fi
- kan amantii biraa hordofu.

Kan sammuu akka fakkeenya waan hayyoonni falaasamaa gama dhugaa/logic fi gama uumamaatiin ilaalaniiti. Kanaafuu nama Mu'uminaa fi mushrikaas qooda kana keessatti isaanii ga'ee qaban argina. kan amantii biraa hordofu immoo akka fakkeenya qaama waan tokko dalage raggaasisuu, nabiyyummaa fi seerota raggaasisuuti. Warroonni afaanii Rabbii tokkicha malee dhugaan gabbaramaan jiraachuu dhabuu fi Muhammad ergamaa Rabbii ta'uu irratti walii galu.

Garuu rakkinni isaanii xalayootaa fi dhimmoota isaanii keessatti murtii Qur'aanaa fi sunnaa guututti hin fudhatan. Isaan keessa nama sunnaa fi bid'aattu jira. Isaan kun warroota falaasamaatiin waa'ee beekkumsaa, raga, argamaa fi dhabamaa irratti wal-gitu. Garuu waa'ee ilaalcha Rabbummaaf qabanii irratti warroota falaasamaa irraa adda, isaan irra salphaadhas.

Osoo warroonni afaanii dhimmoota uumamaa garii kana irrattis isaaniin kan wal-gitanis ta'ee, warroonnin falaasamaas dhimmoota uumamaa keessatti adda.

Warroonni shari'aa immoo waan warri Qur'aanaa fi sunnaa jedhaniin wal-simata. Haa ta'u garuu isaanis yookii gama qaama dubbii irra shari'aa kana qofatti xiyyeeffannaa kennuutti dabu, akkuma cufuma warra Hadiisa odeessuu fi Mu'umintoota gabbara Rabbii keessatti hiika gubbaa keeyyatootaatiin qofa Rabbiin gabbaraniiti yookii immoo namoota hiika keeyyatootaa sirritti qayyabateedha. Namoonni kunniin hunduu ummata ergamaa nabi Muhammadi.

Kan baay'ee nama dinqisiisu, Ibnu Teeymiyyaan Rabbiin isaanii haa araaramuu qoqqoodama armaan olii kana barnoota qofaaf hin keenne. Rabbiin gabbaruu, wantoota gaggaarii fi dhageettiillee qoqqoodama sadeen armaan olitti dubbanne san jala galchanii jiru.

Ibnu Teeymiyyaan Rabbiin rahmata haa godhuufi kan sammuu hordofuu fi kan amantii biraas hordofu walitti qabuun kan shari'aa hordofu jala galchuun ijjannoo ilaalcha isaanii, ilaalcha barattoota isaanii fi hordoftoota mana barumsa isaanii hordofan irratti jijjiirama guddaa fidan.

Kan shari'aa hordofu isaan hafan hundaa of keessatti qabata, isaan hafan irraa amala adda isa godhus qaba jechuudhaan sadarkaa guddaa isaa kennuudhaan seer-qabeessummaa qaamman lamaan hafan irraa osoo hin fuune akkuma jirutti dhiisan.

Yaada walitti qabiinsa isaanii kana yoo sirritti xiinxalu, ibnu Teeymiyyaan beektota isaan dura dabran dhaqqabanii, kan

isaan boodaan dhufan dursanii sanyii dubbisa beekkumsaa jedhu facaasanii jiru. Kana gochuu isaaniitiin jidduu Rabbiin gabbaruu, wantoota gaggaarii, beekkumsaa, jechootaa fi jidduu dhageettii walitti qabanii jiru.

Haalli walitti qabiinsa isaanii kunis mul’ata Islaamummaa isa sirrii ta’e kan dubbisa lamaan wal bira qabee hubatu, kan amantii Islaamaatiif amala dimshaashummaa fi waa heddu of keessatti qabachuu kennuuf bakka bu’a[51]. Haalli qoqqooddaa jiru walitti qabuu isaanii kunis wanta sammuun fudhattuu fi ergaa karaalee biroo irraayis seera qabeessummaa irraa hin fudhatu.

Sheekni Islaamaa gama beekkumsa/barnoota qoqqooduutiin beekkumsa keessatti bakkeewwan waliigalaa fi gadi dhiifamaa ta’es ibsanii jiru. Akkasumas bir-qabiinsaa fi addummaa barnoonni sun qabus ibsuun seera beekkumsaa fi xiinxalaa kan hanga wayii addummaa fi damummaa (damee) gareelee jidduu jiran eegdu ilaalchisees ibsa gahaa godhan.

Garaagarummaan jidduu dhala namaa jiruu fi tokkummaan jidduu isaanii jirus seera/sunnaa Rabbii waan ta’eef, seera barnootaa daangessuu fi qoqqoodama kutaalee fi qabiyyee isaa daangessuuf, gama bir-qabiinsaa fi walii galaatiin, gama gadi dhiifamaa fi addummaatiin bakkeen qoqqoodamiinsi kun irratti wal-gitu kan sammuu qofa hin ta’in, akkasumas kan warra karaalee biroo hordofuus qofa hin ta’in ni jira.

Akka ilaalcha keennaatti, qoqqooddaan kun jecha beekkumsa Islaamessuu jedhu sagantaa xiinxalaa fi

---

[51] - Kitaaba Ma’aarij Al-Wusuul 1/184 fi Majmu’u Arrasaa’il Al-Kubraa jedhamu dubbisi.

beekkumsaatti moggaasuuf biqiltuu ilaalchaa isa jalqabaati. Yaada beekkumsa Islaamessuu jedhu kana gareelee xiinxala Islaamummaa isa ammayyaattu keessummeessa, kan yaada kana hojii irra oolchu immoo dhaabbata addunyaawaa xiinxala Islaamummaati.

Beekkumsi gosa heddu ta'uu fi maddeen, kaayyoleen, hambaalee fi burqaaleen isaas heddu ta'uu hubachuun ergaa beekkumsa Islaamessuutiif ka'umsa jalqabaati. Beekkumsa Islaamessuun kun saayinsiiwwan hawaasummaa fi namummaa kan warroonni dhihaa dhaadhessaa bayan kana addunyaawummaa isaatiif beekkamtummaa kennuu dide. Warroonni dhihaa kun saayinsiiwwan hawaasummaa kana isa uumamaa irratti tilmaamuun (qiyaasuun) sababa amantii isaaniitii fi maddeen beekkumsa isaanii beeksisachuutiif jecha addunyaa hunda irratti ol'aantummaa isaanii mirkaneeffachuuf yaalii guddaa godhan.

Yeroo ergaa beekkumsa Islaamessuu isa fagoo san gadi bu'iinsaan qayyabannu, rakkinoota saayinsiiwwan hawaasaa isa ammayyaa gama mul'ata Islaamummaatiin furuu dandeenna. Yeroo sanitti Islaamessi beekkumsaa kun dirqama shari'aa, dirqama sammuu fi dirqama amantiilee biroo ta'ee mul'ata. Dirqamni kunis ummata Muslimaa qofaaf osoo hin taane, hordoftoota hundayyuu warroota Rabbitti amanan hammata.

Wanti kana jenneef, saayinsiiwwan hawaasummaa inni ammayyaa kun saayinsii qayyabannaalee hin bilchaatinii fi bifa baay'ee gabaabsamoo ta'een kaayaman irraa burqeedha. Saayinsiin bifa baay'ee ga'umsa hin qabneen dhiyaate kun murtiiwwan isaa cufuma waa'ee namummaa fi hawaasummaa

keessatti hojii irra oolchuun muxannoowwan ummata Awurooppaa kan baay'ee daangeffamaa ta'e kana akka waan baay'ee guddaa ta'ee tokkotti ilaaluun ergaa dhimmoota kana irratti wahyiin Rabbiin irraa dhufe nuuf ibseef bakkee kennuu dhabuudhaan kan qophaayeedha.

Kanatti dabaluun fooyya'iinsi saayinsiiwwan ammayyaa sun fidanis kan dhufe haala qilleensa/gadaa hawaasaa kan qaroomni isaa ergaa keeyyatoota amantii xureessuun, dhugaa sammuun itti amantu gar-malee olfuudhuun ifa itti ta'e keessatti. Kuni hunduu kan raawwate geengoo beekkumsaa kan utubaan isaa wal-falmii, wal'aansoo fi waldhabiinsaan guutame keessatti.

Gadaa san keessatti kan baratame wanti sammuun itti amantuu fi ergaan keeyyatoota amantii kan baay'ee wal-faallessuu fi kan wal-mormu jedhamee fudhatamaa ture. Ilaalchi akkasii sun immoo isaan lamaan kana keessaa isa tokko guutumatti hojiin ala godhuun isa kaan immoo gar-malee olkaasuun dhaadhessaa turee jira.

Bal'inni yaadaa, wal-simsiisuun, wal-maddii qabanii hubachuun, walitti makuun akka wal-guututti dhimma itti bayuun amala adeemsa ammayyaa jedhamee yaamamu kanaatii miti. Kanaafuu beekkumsi gadaa sanii kan gogiinsa, dhiphinaa fi hanqinaan ibsamu ta'ee argamee jira.

Amallan barnoota/beekkumsa gadaa sanii keessaa mallattoo dhimmoota xixinneessuun kutaa kutaan addaan qoqqooduu, gar-malee dhimma tokko cuunfuun hamma isaa xiqqeessuu, yookiin gar-malee guddisanii irraa haasayuu, tarii

yeroo garii wantoota bira dabarsuun yeroo kaan immoo xinneessuu ibsuu fa’a.

Barnoota/beekkumsa ammayyaa kanaaf dogongorri inni jalqabaa saayinsiiwwan teeknikaa fi kan shaakalliin mul’ifamu walitti makuun saayinsiiwwan namummaa fi hawaasaa isa irratti madaaluudha. Kuni immoo madaala wanta tokkoo bakka isa hin fakkaanneen wal-madaalsisuun saayinsiiwwan walitti makuu ta’a. kana booda immoo akkaataan jidduu saayinsiiwwan kanniinii ittiin addaan baasanis wal-falmii guddaa fide.

Aadaa fi safuu hawaasa tokkoos yeroo dirqamaan jijjiiranii qaroominaa fi aadaa ummata Awurooppaanotaa kan haalli jireenyaa fi aadaan isaaniis adda ta’een wal-fakkeessuuf yaalanis rakkinuma armaan olitti tarreessineen kan wal-fakkaatutu uumama. Kanaafuu safuulee fi duudhaaleen ummatoota dhihaa ol’aantummaa gama hudaatuu argachuun akka fakkeenyummaatti addunyaa hunda irratti fe’amuun too’annaa ofii jala galfachuun isaa sirrii miti[52].

4) Sammuu fi keeyyatoota amantii irraa waan fudhatame: Ibnu Teeymiyyaan qoqqooddaa isaanii kan saayinsiiwwanii fi beekkumsaaf godhan kana keessatti ilaalcha waldhabiinsaa fi waliin deemuu danda’uu dhabuu keeyyatootaa fi waan sammuun itti amantuu jedhu dhabamsiisuu ture. Yaada kana irratti Ibnu Teeymiyyaan ilaalcha sirrii hin ta’in kan namoonni dhimmi waan sammuun itti amantuu fi ergaan

[52] - Rakkinoota duudhaa fi safuulee ummata dhihaa addunyaa hunda irratti fe’uun fide beekuuf qorannoo Geriiguwaar Mershuu namni jedhamu qopheesse ilaalaa, yeroo ammaatti qorannoon kun qopheessaa jala waan jiruuf yeroo muraasa keessatti maxxanfamee ni raabsama.

keeyyatoota amantii gonkumaa wal-hin siman waliin hin deeman jedhu irratti qaban san sirreessuu ture.

Sirreeffama ilaalcha ummataa kanaafis kitaabota akka *(Muwaafaqat sahiih al-manquul lisariih al-ma'aquul, Dar'u tanaaqud annaqli wa al-aqli, Annubuwwaat, fi kitaaba Ma'aarij Al-wusuul)* jedhamu fi kan biraas qopheessanii turan. Kana booda immoo hariiroo jidduu waan sammuu fi keeyyatootaa jidduu jiru daangessuu eegalan.

Daangeffama hariiroo kana irratt is gonkumaa addaan bayiinsi akka hin danda'amnes ibsanii jiran. Kana booda sammuu hubannoo shari'aa jala galchuun akka addaan bayanii ilaalamuu hin dandeenne ibsan. Kana godhuu isaaniitiin duuka bu'iinsa warra hambaalee fi bira dabriinsa warra sammuun waan jette fudhatuus dhabamsiisanii jiru.

Ibnu Teeymiyyaan qorannoo dhimma kana irratti gaggeessaniin barreeffamoota Al-Gazaalii fi Ibnu Rushdi dhiyeessan, akkasumas yaada warroonni afaanii qopheessan hunda caalanii argamanii jiru. Qorannoowwan isaanii keessatti aqiidaan Islaamaa fi mul'anni Islaamummaa adeemsa hir'uu amala guutamiinsaa hin qabne kan karaa dhugaa irraa maqe kan warroonni afaanii ajaja Qur'aanaa irraan tarkaanfachuun dhimma aqiidaa irratti akka ragaatti itti fayyadamaa turan san irraa qulqulluudha jechuun dubbatan.

Osoo gareen armaan olitti dubbanne kun dhugumaan adeemsa Qur'aana kabajamaa kana eeganii itti dalaganii kutaa aqiidaa irraa wanni takka irraa haqamtee hin argamtu, addummaa mul'anni Islaamaa qabu irraa amalli kamiyyuu hin ergaramu,

wanti mul’ataa fi aqiidaa faallessu kamiyyuu itti hin dabalamu ture.
Osoo adeemsa Qur’aanaa kanatti bulanii, silaa rakkinoota warroonni afaanii saaxilamaniif kan akka hiika keeyyataa dabsuu, itti dabaluu, irraa hir’isuu fi Rabbii guddaa wayitti isa fakkeessuun hin jiraatu ture.
Ibnu Teeymiyyaan rakkinoota warrroota ergaa keeyyatootaa irraa dhufan hubannaa gayaan alatti akkuma jirutti hordofan, kan dandeettii waa xiinxalee hubachuu sammuu fashaleessuun hambaalee qofa dhaadhessan ilaalchisee akkana jedhan:
“Hambaalee kana kan sirrii ta’ee fi isa sirrii hin ta’inis walitti dabalu, yeroo ragaa dhiyeeffatan bakka isaatiin alatti dhimma itti bayu, Qur’aana kabajamaa gama oduutiin malee gama waan inni itti qajeelchuutiin ragummaaf itti hin fayyadaman, ragaalee Qur’aana keessatti tarreeffaman kan sammuun fudhattu kan akka Tokkochummaa Rabbummaa Rabbii fi nabiyyummaa ergamtootaa mirkaneessan quba hin qaban, inumayyuu Qur’aanni ragaalee sammuun fudhattu kana dubbachuu isaatuu hin beekan, ergamaa Rabbiititti amanuu sammuun namaa fudhattee waan jirtuuf ragaalee ergamaa ta’uu isaanii mirkaneessan dhiyeessuu hin barbaachisu fa’a jedhu”.
Kana irraa wanti hubannu, Ibnu Teeymiyyaan warroota afaanii kanneen waan sammuun itti amantu qofa fudhatan fi warroota hambaalee qofatti dhimma bayuun ragaalee sammuun fudhattuuf bakkee kennuu dhaban mormuu isaanii argina. wanti isaan ifa godhan ragaalee hambaalee fi sammuu walitti fiduun walbira dhimma itti bayuun jidduu ragaalee lamaan kanaa walitti hidhuun addaan baasuu dhabuudha.

Kuni immoo sirritti ifa kan nuu ta’u yoo jecha isaanii kana ilaalleedha, innis: “ Ilmi namaa kun uumamaa ta’uu isaatiif dhugaalee jiran akka ragaatti itti fayyadamuun wanta baay’ee bareeda tokko, akkas godhuun tooftaa sammuun itti amantuu fi isa sirrii ta’eedha, akkasumas tooftaa shari’aa kan Qur’aanni itti akeekuu fi namas itti qajeelcheedha, ragaa Qur’aanni ifa godheedha, akkasumas ragaa sammuunis itti amantuudha, ilmi namaa kun dhabama irraa argamuun, kutaa dhiigaa irraa uumamuun kun waan ergamaa Rabbii qofa irraa dhageenneef kan beeknee miti, kuni wanta namni hundi ergamaan Rabbii nuu himanis himuu baatanis sammuu isaatiin beekuudha…”

Ibnu Teeymiyyaan yaada isaanii itti fufuun “Garuu ergamaan Rabbii akkaataa uumama namaa kana akka ragaatti itti fayyadamaa jechuuun nu ajajan, ofiifis ifa godhanii akka ragaatti itti fayyadaman, kanaafuu waan shari’aan akka ragaatti itti fayyadamee ilma namaatiinis akka ragaatti itti dhimma bayaa jedhee ajaje kun ragaa shari’aati. Akkasumas ragummaan uumama namaa kun sammuun beekama waan ta’eef ragaa sammuuti.

Ammas ragaaleen hedduun Qur’aana keessatti dubbataman kan akka duumessaa fi rooba akka ragaatti dhiyeeffachuus ragaa sammuun itti amantu. Kana irratti Rabbiin guddaan Qur’aana isaa keessatti akkana jedha:

سَنُرِيهِمْ ءَايَٰتِنَا فِى ٱلْءَافَاقِ وَفِىٓ أَنفُسِهِمْ حَتَّىٰ يَتَبَيَّنَ لَهُمْ أَنَّهُ ٱلْحَقُّ ۗ أَوَلَمْ يَكْفِ بِرَبِّكَ أَنَّهُۥ عَلَىٰ كُلِّ شَىْءٍ شَهِيدٌ ﴿٥٣﴾ سورة فصلت : 53

*(Isaanitti mul’ifna mallattoolee keenna [kan tokkochummaa Rabbii mul’isan] cufuma waan hawaa keessa jiruu fi lubbuu*

*isaanii keessa jiru irratti haga dhugaa ta'uun isaa isaaniif ifa galutti, sila ragummaadhaaf [wanni Rabbi jedhee fi Qur'aanni jedhe dhugaa ta'uu isaa irratti] Rabbiin isaaniif gahaa mitii, Rabbiin waan hunda irratti raga-bayaa ta'e) [Fussilat: 53].*

Mallattooleen Qur'aanni kun dhugumaan Rabbiin biraa bu'e jechuu mirkaneessuuf namootatti mul'ifaman, mallattoolee sammuun fudhattu kan sammuun tun Qur'aanni kun dhugaadha jettee itti amantuudha. Akkasumas ragaa seer-qabeessa shari'aanis akka ragaatti dhimma itti bayeedha. Kanaafuu Qur'aanni kabajamaan ragaalee akkanaa kan sammuu fi shari'aanis itti amantu kanaan kan guutameedha[53].

Sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan karaa ta'uu (ashar'iyyi) hiika bal'aa gar-tokkee silaa shari'aan itti ajaje san caalu akka qabaatuuf tattaaffii godhaa turan. Yaada kana sirritti bal'isuun hiika qayyabannaa gadi bu'iinsaan guutame malee hiika kallattii kan jechi sun qofti ibsu akka hin qabaanne godhuuf yaalanii turan.

Haaluma kanaan sammuunis uumaa Rabbii kan wanta tokko ittiin qayyabatan ta'uu isaa ibsanii jiran. Sheekni Islaamaa muummee sammuun shari'aan walsimuu ilaalchisee hiikkaa aayaa Qur'aana armaan gadii irratti akkana jechuun qayyabannaa isaanii ibsan:

لَقَدۡ أَرۡسَلۡنَا رُسُلَنَا بِٱلۡبَيِّنَٰتِ وَأَنزَلۡنَا مَعَهُمُ ٱلۡكِتَٰبَ وَٱلۡمِيزَانَ لِيَقُومَ ٱلنَّاسُ بِٱلۡقِسۡطِ ﴿٢٥﴾

سورةالحديد:25

*[Ergamtoota keenna dhugumaan raga qabatamaa waliin erginee jirra, yeroo isaan erginetti kitaabaa fi madaala*

53 - Ma'aariju Al-Wusuul, madda dabre.

*akka namni dhugaa irratti hundaa'u godhu waliin ergineenii jirra](Al-Hadiid: 25]*

Ibnu Teeymiyyaan keeyyata kana yeroo hiikan iddoo *madaala* jedhu madaala dhugummaa wantootaa mul'isu qofa osoo hin taane, sammuu ergamtoota, kitaabban isaan qabatanii dhufanii fi ragaalee ifa gala isaan qabatanii dhufan akka namni dhugaa fi haqa irratti gadi dhaabbatan kan gargaaru, sammuu akka isaan ijaarsa, bakka bu'ummaa lafa irratti Rabbiin isaanii kennee fi amaanaa bakkaan gayuu akka bayatan kan isaan gargaaru jechuun hiikan.

Adeemsa madaalawaa kanaan, rakkinoota jiran bira kutuu danda'anii jiru. Akkasumas seera waa dubbisuus gara (dubbisa lamaan wal bira qabanii dubbisuutti) haaroomsanii jiru.

5) Adeemsa Qur'aana kabajamatti dhimma bayuu ilaalchisee immoo, Ibnu Teeymiyyaan adeemsa adda ta'e kan baay'ee gaarii ta'e kan kitaabbanii, fatwaalee fi qorannoolee isaanii hunda keessaa akka ifa goobanaatti ifu lafa kaayanii jiru.

   Mallattoolee adeemsa kanaa muraasa ifa godhuuf jecha xalayaa isaanii bareeda *[Usuulu Al-Fiqhi]* jedhamtu bifa adda ta'een qopheessanii jiru.

Garuu nuti asitti kan baay'ee nu yaaddessu, hariiroo sheekni Islaamaa dhimma beekkumsa Islaamessuu irratti qabaniidha. Dhagaan bu'uura adeemsa kanaa Qur'aana kabajamaa ulfaataa kana akka kitaaba guutuu waan hunda of keessatti hammateetti, kan bifa dubbisa lamaan walbira qabuutiin yoo dubbifame adeemsa beekkumsaa mara of keessatti hammatee jiruutti, kan dhala namaa kana hunda maddeenii fi hundeewwan beekkumsa

isaan fayyadanii hunda isaanii laatuufii danda’uutti fudhachuudha.

Qur’aanni kabajamaan wantoota dhala namaatiif barbaachisan hunda of keessatti hammatuun waa’ee ijaarsaa, bakka bu’ummaa Rabbiin biraa namatti kennameen addunyaa tana misoomsuu fi amaanaa baadhachuu danda’uu hunda qi xxisa.

Kutaan murtiiwwan Qur’aana keessatti dubbatamanii kutaalee dadhabsiisa/raajii Qur’aanaa kan dhaloonni kamiyyuu qayyabannaa guutuu ta’e qayyabachuu dadhaban san keessaa isa muraasa qofa.

Ijjannoowwan kana irraa ka’uudhaan Ibnu Teeymiyyaan xiinxala biyyoota alaa irraa gara biyyoota Islaamaatti seenan kan akka falaasamaa fi loogikii Girikootaa fa’a mormuun, gocha ijaaruu fi diiguu kan qayyabannaa sirrii irratti hundaa’e raawwatanii jiru.

Kana hundaa gochuu kan danda’aniin adeemsa Qur’aana kabajamatti fayyadamuu jedhu irraa ka’uudhaan qorannoolee fi qu’annoo gara garaa adeemsisanii jiru. San keessaa:

- Naqdu Al-Manxiq Al-Yoonaanii- Loogikii Girikootaa falmuu;
- Arraddu Alaa Al-Manxiqiyyiin- warroota Loogikii irratti deebii gahaa kennuu;
- Al-Jawaabu Assahiih Alaa Man Baddala Diina Al-masiih – Warroota amantii Iisaa jijjiiraniif deebii sirrii ta’e;
- Minhaaju Assunnaa Annabawiyya- adeemsa sunnaa nabiyyii;

- Iqtidaa'u Assiraax Al-Mustaqiim- Karaa sirrii ta'e irra deemuu kan jedhuu fi qorannoolee biros hedduu gaggeessanii jiru.

6) Ibnu Teeymiyyaan, adeemsa wahyii Rabbiin biraa bu'e isa Qur'aanaa fi isa Sunnaa ergamaa Rabbiitis ilaalchisee, seera adeemsa hambaalee Islaamummaatti fayyadamuu jedhu fi hambaalee ala irraa gara ummata Islaamaattis seenan akkaataa itti fayyadaman irratti seera cimaa ta'e hundeessanii jiru.

   Seerri isaan baasan kun hambaalee ummatoota biraa irraa bifa seera beekkumsa Islaamummaa fi adeemsa beekkumsaa kan Qur'aana irratti bu'uureffame eeggateen akkaataa itti fayyadaman irraa barachuuf baay'ee mijataadha.

   Yaaddan fi ilaalchi kitaaba kana keessatti dubbanne kan hambaalee sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa irraa kan walitti qabne kunniin wanti inni nuuf ifa godhu yoo jiraate burjaaja'iinsa ilaalchaa fi beekkumsaatti dhimmamuun yaada xiinxaltoota/beektota ammayyaa qofa osoo hin taane, yaada yeroo dheeraaf beektota yaaddessaa ture kan hiddi isaa hambaa Ibnu Teeymiyyaa keessa gadi fagaatee tureedha.

   Yoo Rabbi jedhe fuulduratti hambaalee fi qorannoolee dhimma beekkumsa Islaamessuu hayyootaa fi beektota biraa kanaan wal-qabatu irratti dubbisa gaarii qopheessuuf yaalla.

*Rabbiin guddaan kan waan hunda nama qunnamuudha.*

# Kitaabni Kun

Hambaa sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa irratti yaalii dhugaa kan 'dubbisa beekkumsaa' bifa gabaabaan dhiyeessuuf yaale ta'uu isaa agarsiisa. Dubbisni kun hambaalee sheeka Islaamaa Ibnu Teeymiyyaa kan gara garaa bifa dimshaashaan ibsuuf yaala.

Dubbisni beekkumsaa gosa kanaa bu'aa hambaalee sheeka Islaamaa gadi fageenyaan hubachuu irratti nama gargaara, qorattoonni akka hambaalee kana qayyabatanii isa bu'uura godhatanii dhimmoota isaa fakkeenya gaarii taasifatan taasisa. Sheekni Islaamaa Ibnu Teeymiyyaan hayyuu (nama beekaa) hambaalee isaa irraa warraaqsonni jijjiirama isaan booda dhufan hundi irraa fayyadamaniidha. Bifuma wal-fakkaatuun, bu'aalee dubbisni kun fide osoo hin ilaalle, hambaan kun hambaalee warraaqsota jijjiiramaa sheeka Islaamaa dursanii dhufaniif dubbisa beekkumsaa ture.

Kitaabni gabaabaan kun dubbisa beekkumsaa irratti fakkeenya salphaa ta'e nama biraan gayuuf yaala. Akkasumas bu'aalee warraaqsota jijjiiramaa fi hooggantoota fooyya'inaa walitti fiduu irratti milkaa'ina inni argamsiises ibsa.